

**IDDOO JIRTUTTI
WALDAA KRISTOOS
AKKAATAA JALQABDU**

J.C. Choate

Published By:
World Evangelism Publications

© Copyright, World Evangelism Publications

This printing - 1,000 copies - 2024 – **Oromoo**

InDesign Layout: Shane Fisher

Translated by: Belay Kebede Areri

WhatsApp number: 0913611000.

Email: ddcoc321@yahoo.co.uk

Websites:

www.worldevangelismlibrary.org

www.gospelgazette.com

www.worldevangelism.org

www.worldevangelismmedia.com

Macaafa Kana Kaffaltii malee kan Argattan.

Waldaa Kristoos Dirree Dawa, Lakkoofsa saanduqa Poostaa 1376,
lakkoofsa bilbilaa 0913611000.

Note: Deebisaa isaa Waraqaa Adii irratti honjedhaa yeroo xumurtan
Macaafaicha Nuuf deebisaa. Ebbifamaa.

Bvumo kubva kuna:
World Evangelism Publications

QOBEENTOOTA

1. Akeeka Waaqayyo Namootaaf Qabu.....	4
2. Macaafni Qulqulluun Si Barbaachisa.....	8
3. Fayyiin Si Barbaachisa.....	13
4. Wangeelaaf Akkataa Abboomaman.....	18
5. Waldaan Kristoos Akka Itti Ibsamu.....	22
6. Ati Gooftaadhaaf Barbaachisaa Dha.....	27
7. Lafa Jirtutti Waldaan Kristoos Waan Barbaachiseef.....	31
8. Waldaa Kristoos Akkaataa Itti Jalqabdu.....	35
9. Akkaataa Cuuphaa	38
10. Akkaataa Waaqeffannaa	42
11. Irbaata Qulqulluu Tajaajiluu.....	45
12. Akkaataa Kadhannaa.....	50
13. Akkaataa Faarfannaa.....	54
14. Akkaataa Kennaa	57
15. Qu`annaa Macaafa Qulqulluu.....	60
16. Akkaataa Lallabaa.....	63
17. Akkaataa Gurmeessuu.....	67
18. Iddoo Waaqeffannaa.....	71
19. Ga`ee Dubartootaa.....	74
20. Wangeelaa Deggaruu.....	79
21. Warra Gargaarsi Barbbachisu Gargaaruu.....	82
22. Walii Wajjin Hojjechuu.....	86
23. Akkataa Dhiifama Gochuu.....	90
24. Barumsa Qulqulluu Barsiisuu.....	94
25. Jireenya Kristiyaanummaa Jiraachuu.....	98
26. Rakkina Danda`uu.....	102

Barumsa 1

Akeeka Waaqayyo Namootaaf Qabu

Barumsa kana irraa eegallee iddoo ati jirtutti akkamittiin Waldaa Kristoos akka jalqabuu dandeessu irratt haasofna, Waldaan gooftaa iddoo ati jirtutti barbaachisummaa ishee fi kanas akkamittiin akka gochuun dandaa`amu kan nu gargaaru barsiisa caaffata qulqullaa`aa keessa jiran irratti hundoofnee irratti haasofna.

Ammaaf barumsa tokkoffaa kana keessatti akeeka Waaqayyo ilmaan namaatiif qabuu wajjin wal qabsiifnee ilaaluu yaalla. Jiraachuu Waaqayyoo beekuu duwwaa utuu hin ta`in, inni nu uumuu beekuu duwwaa utuu hin ta`in, akeeka inni nuuf qabus beekuun nu barbaachisa.

Waaqayyo duraanis kan ture, Ammas kan jiru, bara baraanis kan jiraatuudha. Inni foon qabeessa, yookaan biyya lafaa keessatti kan ijaan argamu utuu hin ta`in inni Hafuura (Yohaannis 4:24), Inni Waaqayyo tokko, abbaa waan hundumaa tokkicha, waan hundumaa irra kan jiru, waan hundumaas kan hojjetu, iddoo hundumaas kan jiruu dha (Efeesoon 4:6) lafaa fi Waaqa duwwaa uumuu utuu hin ta`in, dhiiraa fi dubartiis uumee waan hundaa kan qindeessee dha (Seera Uumamaa 1:26-27, Seera Uumamaa 2:7).

Ilmi namaa biyya lafaa kana irra jiraachuun isaa dingata miti, karoora malees miti, jireenya isaa badhaadhumma biyya lafaa barbaaduttu qabamuu utuu hin ta`in, karoora bareedaa kana irra caalaadhaaf as lafa irra jiraate, kunis Uumaa isaa galateeffachuu, ulfina kennuu, jajachuu, waaqeffachuudhaafi, Faarfataa Daawwit jaarrota baayyeen dura akkas jedhee ture “Gooftichi Waaqayyo akka ta`e beekaa ! Isatu nu Uume, Nuyi immoo kan isaati, Galata galchuudhaan gara balbala kellaa isaatti jajuudhaanis gara oobdii isaatti ol galaa, isaaf galata galchaa, maqaa isaas Eebbisaa” jedheera (Faarfannaa 100:3-4)

Namni utuu hin uumamin duraan iyyuu Waaqayyo isaaniif Karoora qabaachuu ture, isas Waaqayyo utuu nu hin Uumin duraan murteesse, yaada isaa keessattis yaadamneerra, waan ta`u hundas beeka,

akka jall`oonni Adabaman akka qajeelonni eebbifaman gooftaan beeka, Phaawloos akkas jedha “Egaa ani Waa`ee hojii gooftaatiif hidhamee kanan jiru, waamicha isa itti waamamtan snaaf akka ta`utti akka jiraattan isin nan gorsa. Gad of deebisuu fi garraamummaa hundumaan, obsaanis walii wajjin jiraadhaa, jaalalaanis waliif danda`aa. Hidhaa nagaatiin tokkummaa hafuura qulqulluu of harkatti eeggachuudhaaf dhama`aa, akkuma abdiin waamichaa inni isin itti waamamtan tokkicha ta`e, dhagni tokko, hafuurris tokko, gooftaan tokko, amantiin tokko, cuphaan tokko, Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddoo hundumaa jiras” (Efeesoon 4:1-6) Waaqayyoo qajeelonni akka fayyan, jall`ioonni akka badan murteesse, isa dura hundumaaf iyyuu lamaan keessa akka filatanii carraa kenneera, filannoos kaa`eera, namni tokko qajeelummaa yoo filate, Waaqayyotti amanee, Wangeelaaf yoo abboomame, fayyina bara baraa argatee, Waldaa Kristoosittis dabalama (Maarqoos 16:15-16, Hojii Ergamootaa 2:47) kana gochuu dhiisuun Warra badanii wajjin walitti dabalammu filachuu jechuudha.

Ilmi namaa hundinuu yeroo dhalatu qulqulluu ta`ee dhalata, cubbuus hin qabu, kunis amma gaafa inni hamaa fi gaarii adda baafachuu eegaluutti. erga hamaa fii gaarii adda baafachuu jalqabee booda waan hojjetus waan beekuuf beekaas ta`e utuu hin beekin cubbuu hojjechuu jalqaba. Cubbuu jechuun seera Waaqayyoo cabsuudha, cubbuu jechuun jalli`na, kanaaf iyyuu cubbuu hojjete sana hundumaaf itti gaafatama fudhata jechuudha. Yohaannis akkas jedha “Cubbuu kan hojjetu hundinuu Seera malee jiraata” jedha (1 Yohaannis 3:4) Phaawloos waa`ee kanaa akkas jedha “Hundinuu Yakkaniiru, Ulfinni Waaqayyoos isaanittii Hir`ateera” jedha (Roomaa 3:23) Waaqayyoo cubbuu namootaa arge, cubbuun kunis gara du`aatti geessa, Phaawloos akkas jedha “Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du`a, kennaan Waaqayyoo inni Kristoos Yesuus gooftaa keenyaa Wajjin tola kennamu garuu, jireenya bara baraati” (Roomaa 6:23) sababaa cubbuu kanaatiif, Waaqayyoo

Amma tokkicha ilma isaa kennuufitti biyya lafaa jaallata, innis warri isatti amanu haa fayyaniif. (Yohaannis 3:16-17)

Namni qulqullummaa mataa isaatiitiin, gaarommina isaatiinis fayyuu hin danda`u, aarsaan dhiiga horiis isa fayyisuu hin danda`u, “Dhiigni korommii fi re`ootaa cubbuu namootaa irraa fuudhuu matumaa hin danda`u” (Ibroota 10:4), Kanaafitu Waaqayyo Cubbuu ilma namaatiif utuu cuubamaa taanee jirruu ilma isaa kan nuuf ergeef, “Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristoos nuuf du`uu isaatiin hammam akka nu jaallate in agarsiisa, Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala`een qajeelota erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkamsa Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra” (Roomaa 5:8-9) Pheexroosis Kristoos foon isaatiin cubbuu keenya baachuu isaa akkas jedha “Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba`e, madaa`uu isaatiin isin in fayyifamtan” 1 Pheexroos 2:24). Kristoosis akkas jedheera “Kun dhiiga kooti, dhiigni kakuu dhaabate sana cimsuudhaaf, dhiifamuu cubbuu namoota baay`etiif dhangala`a” jedhe (Maatewos 26:28).

Akkam godhee duuti nama tokkoo cubbuu ilmaan namaa kaasee fayyisuu danda`a.? as irratti wanti beekuu qabn, duuti dhiifama cubbuutiif ta`u, dhiigni cubbuu namootaatiif dhagala`ee cubbuu dhigu, dhiiga Kristoos duwwaa ta`uu isaa beekuu qabna, sababni isaas inni cubbuu hin hojjenne, inni qulqulluudha, inni mudaa tokko illee hin qabu, inni qoramee qormaatatti hin kufne, inni tokkicha ilma Waaqayyootis, dhiiga isaa fi du`uu isaa duwwaatu cubbuu keenyaaf dhiifama kennee nu fayyisuuf humna qaba.

Gaaffiin itti Aa`ansee ka`uu qabu, dhiiga ykn du`uu Kristoos kanaa fayyina kan argamu akkamitti? isa jedhuu dha. Kana beekuu dhaaf gara caaffata qulqulla`aa dhaquu qabna, fayyina karaa du`a isaatii argachuudhaaf, karaa dhiiga isaatii aragachuudhaaf, waan inni jedheef ayoo abboomamne duwwaadha, Kristoos fannifamee, du`ee, Aw-

waalamee, Awwaalaa erga ka`ee booda bartoota isaa akkas jedhee Abboome “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa ! Uumama hundumattis Wangeela lallabaa ! Namni amane kan cuuphames in fayya, namni hin amanin garuu itti faradama” jedhe (Maarqos 16:15-16). Namni tokko Amanee, yaada garaa jijjiirratee, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaas dhugaa, ba`ee, bishaan keessatti awwaalamuudhaan yoo cuuphame, dhiiga Kristoosii wajjin wal qunnameera jechuudha. Phaawuloos akkas jedha “Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristoos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna” jedha (Efeesoon 1:7) as irratti waa`ee dhiiga Kristoos ibsaa jira.

Hojii ergamootaa 11 irratti Pheexroos akka himutti namoonni wangeela itti himame dhagaa`nii abboomamanii cubbuu isaaniitiifis dhiifama aragatanii fayyaniiru, abboommii kana fudhachuu yoo didan, karaan ittiin fayyan tokko illee hin jiru.

Warri gooftaa fudhatanii abboommii sanaaf of kennan, yeryoo dhuma sanatti fayyaniiru, warri fayyan kun immoo yeroodhuma sanatti dhagna isaa kan ta`e Waldaa Kristiyaanaatti dabalamaniiru, Hojii Ergamootaa 2 irratti Yeroo bartoonni gooftaa wangeela lallaban namni 3000 ta`an cuuphamanii Waldaatti dabalamaniiru, gooftaanis warra guyyaa guyyaa irraa fayyan isaanitti in dabala ture (Hojii Ergamootaa 2:47) Waldaan Kristoos kunis dhagna isaa hafuuraati, kan namni uume miti, kan inni gatii kaffaleef, lan inni du`eef, kan inni dhiiga isaatiin bitate, kan maqaa isaa uffatte, kan inni guyyaa tokko fudhachuudhaaf deebi`ee dhufuufii dha. (Efeesoon 5:23-27)

Akka warra fayyeetti, akka Kristiyaanotaatti, akka miseensa Waldaa Kristoositti, kan Waaqayyo nu irraa barbaadu, akka amanamummaadhaan isa Waaqeffannu, akka jireenya Kristiyaanaas jiraannu, barbaada, yoo akkas taane manni keenyas Waaqa irra ta`a. kana egaa Akeekni Waaqayyo ilmaan namaatiif qabu.

Yoo Kristiyaana taatee, miseensa Waldaa Kristoos taate, nagaa keenya siif dhaamna, garuu Yoo Kristiyaana miseensa Waldaa Kris-

toos miti taate, waa`ee fayyinaa kanaa olitti dubbifte kana hundumaa irratti xiyyeeffannoo gootee gooftaaf abboomamtee, fayyitee Kristiyaana taatee waldaa isaatti akka inni si dabalu si jajjabeessina.

Qu`annaa keenya yeroo itti fufnu kanatti, Iddoo ati jirtututti akkamittiin akka wangeelaaf abboomaman, akkamittiin Kristiyaana ta`anii, waldaa Kristoositti akka dabalaman karaa salphaadhaan si agarsiisuu yaalla. Iddoo yookaan naannoo ati jirtu Waldaan Kristoos hin jiru yoo ta`e, naannoo sanatti akkamittiin akka Waldaan Kristoos dhaabbachuu ykn jalqabuu dandeessu odeeffannoo siif kennina. Quannaa kana utuu adda hin kutin itti fufitii, gaaffii ke hundumaafis, deebisaa akka siif kenninuf, Leeyyoo tokko malee akka nu gaafattu, akka nu qunnamtu jaalala Waaqayyootiin si afeerra.

Barumsa 2

Macaafni qulqulluun Si Barbaachisa

Waldaan Kristiyaanaa baayyee barbaachisaa dha, miseensa Waldaa Kristiyaanaa ta`uun immoo murtii isa sirrii shakkii tokko hin qabnee dha, egaa akkamitti akka miseensa Waldaa Kristiyaanaa akka taatu si agarsiifna.

Waldaa kristiyaanaa dubbachaa jirru kun waldaa dhaaba amantaa, waldaa namoonni ijaaran, waldaa kristiyaanaa hin beekkamne miti, Waldaa dhieenya kana dhufte miti, garuu Waldaa Kristiyaanaa Macaafa qulqulluu irraa waa`een ishee caafame, waldaa Kristoos ijaare, waldaa maqaa isaa uffatte, waldaa inni dhiiga isaatiin bitate dubbachaa jirra, waa`ee kanaa ilaalchisee, keessa buunee waan qu`annuuf waan ilaalluuf obsaan ordofi.

As irratti wanti si yaadachiisuu barbaannu, Waaqayyo ilmaan namaatiif akeeka akka qabu argineerra, waan inni hojjechuu qabus akka kenneefi, lafa kana irra ilmaan namaa kaa`e, jaalalaan si yaadachiifna. Kun hundinuu egaa Caaffata qulqullaa`oo irratti argamu, erga wanti kun macaafa qulqulluu irratti argamu ta`ee Macaafni qulqullu-

un keessumatti iyyuu macaani kakuu haaraa si barbaachisa jechuudha. Sababni isaas waan jedhaman kana macaafa keessatti argatta waan ta`eef. Yoo egaa dhugaa kana baruuf onnatte si barbaachisa argachuu qabdas.

Macaafa qulqulluu qabda jedheen abdi qaba. macaafni qulqulluun, mana faarfannaa, mana waldaa macaafa qulqulluuttis in gurgurama, hiriya irraas argachuu dandeessa, Mobaayila kee irratti buufachuu dandeessa, kanaaf iyyuu gatii illee kaffaltee argachuu qabda. Barumsa kana booda itti adeemnu luqqisoota kennaman dubbifachuudhaaf macaafa qulqulluu qabachuu qabda.

Duraan dursa Macaafni qulqulluun sagalee dubbii Waaqayyoo ta`uu isaa beekuu qabda. Inni mullata dhumaa ilma namaatiif kennamee dha, inni qajeelfama sirreessaa, qajeelchaa fayyisaa namaati. Macaafa qulqulluu keessatti kan caafaman hunda fudhachuu qabna. Phaawloos akkas jedha “Caffanni qulqullaa`aan hundinuu geggeesaa hafuura Waaqayyootiin caafame, barsiisuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf, dhimma in baasa,. Namni Waaqayyoo waa gochuuf kan danda`e hojii gaarii hundumaafis, kan qophaa`e akka ta`u in godha” (2 Xiimootewos 3:16-17). Isa Caafame kana irratti itti dabaluu, irraas hirr`isuu, iddoo buusuunis abaarsa qaba. (Mullata Yohaannis 22:18-19, Galaatiyaa 1:6-9,) warra dubbii isaa godhus ta`uu qabna (Yaaqob 1:22), sababni isaa gaafa dhuma biyya lafaa dubbii isaatiin faradama (Yohaannis 12:48)

Macaafa qulqulluu yoo qabaatte,dubbichaa dhugaadhaan hubatta,(2 Ximotewos 2:15). Macaafni qulqulluun iddoo lamatti qoodama, innis kakuu moofaa fi kakuu haaraa dha. Kakuu moofaan erga eegalamee kaasee amma raajii Milkiyaas fayyisuu Kristoos labsuutti. Kakuu Moofaan bara Abbootaa fi bara Musee iddoo bu`anii hojjetaniiru. Yeroo sana Saba bara sana jiruu seerri karaa Musee kennameef. Achii booda seera haaraa, kakuu haaraa, seera Kristoostu dhufe, seerri Kristoos haaraan kun dhufuun Seera isa duraa sana seera moofaa ykn kakuu moofaa god-

heera. Seera irra caalaa akka argannuuf seera moofaa sanaa karaa irraa maqseera. Barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas jedha “Kunoo ani Jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera” jedheera, kanaanis aarsaa isa lammaffaa iddoo buusuudhaaf isa duraa iddoo dhaa fuudhe, Akka jaalala Waaqayyoo sanatti dhagni Yesuus Kristoos yeroo hundumaaf akka ta`uutti al tokkicha aarsaa ta`ee dhieeffamuudhaan nuyi Waaqayyoof qulqulloofneerra” jedha (Ibroota 10:9-10). Amma kan jiraannu Seera Kristoos jala waan taaneef, seera isa duraa sanaaf hin dirqisiifamnu, isa jalattis hin bullu, warri bara kakuu moofaa jiraachaa turan Seera Kristoos isa ganaa dhufuuf hin bitamne ykn hin eegan turan, nutis amma Seera Kristoos sana malee seera sana jala hin jirru.

Haa ta`u malee kakuu moofaan ammas in gorsa, saba bara sanaa wajjin Waaqayyo akkamittiin akka hojjechaa ture seenaa nuttu hima, bara sanas warri isaaf abboomaman akkam akka eebbifaman, warri jallina hojjetan immoo akkam akka adabaman nu agarsiisa. kana malees inni guddaan , dhalachuu Yesuus, fannifamuu du`uu fi du`aas ka`uu isaa rajii baayyetu kakuu moofaa keessatti caafamee dubbifanneerra. Gara Kakuu moofaatti yeroo dhufnu wantoonni kakuu moofaa keessatti raajaman akkamiin akka isaan raawwatan ragaa jiru nuuf mirkaneessa. Kanaaf Kakuu moofaan kaayyoo mataa isaatii qaba, haa ta`u malee Kakuu lama jala jiraachuun waan hin taaneef, kakuu moofaan hojjetee waan darbeef, amma bara kana kakuu haaraatiin geggeeffamna, seera kana jalas jiraanna jechuudha.

Kakuu haaraan Akeekni Waaqayyo ilmaan namaatiif qabu kan inni mullatee dha, kunis kan jalqabe, dhalachuu Yesuus, du`uu fi du`aa ka`uu isaa irratti kan hundaa`e ta`ee, kunis hundeeffamuu Waldaa Kristiyaanaa mulliseera, kunis Wangeelli gaafa hundeeffamuu Waldaa Kristiyaanaa eegale, fayyina ilmaan namootaatiif biyya lafaa hunduma irratti akka lallabamu ta`uu isaa argina.

Kana Sammu keessatti qabannee barreessaan macaafa Ibrootaa waan jedhe ilaalla “Bara duriitti Waaqayyo si`a baayy`ee karaa ga-

raa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin in dubbate. Waaqayyo ilma isaa kanaan Waaqaa fi lafa uume, waan hundumaas harka isaatti kennuuf isa dhaabe” (Ibroota 1:1-2) mulla`ata gaara irratti Kristoos irratti ta`een yeroo Waaqayyo waaqairraa dubbate akkas jedhe “Utuu inni kana dubbachaa jiruu, kunoo, duumessi ifa of keessaa qabu tokko isaanitti uffise, sagaleenis duumessicha keessaa dubbatee, “Kun ilma koo isa ani jaalladhu, gammachuun koos isatti in raawwatama” jedhe (Maatewos 17:5). Kun egaa Kristoos duwwaa akka dhaga`uun nurra, jiru, kakuu isaa jalas abboommii isaa jala deemuu akka qabnu nutti himuu isaati.

Yeroo dubbii Waaqayyoo dubbifannu wanti beekuu qabnu baayyeetu jiru. Dubbii isaa kana dubbii humna Waaqummaa irraa dhufe ta`uu beeknee kabajaan hubannaadhaan fudhachuu qabna.

Lammaffaa Dubbiin sagalee Waaqayyoo gargar nu hin baasu, dubbii Waaqayyoo ordofna warri jedhan baayyeetu jiru, garuu barsiifni isaanii, gargar ba`insa, kuni ta`uu qabaa? Matumaa ta`uu hin qabu. Gooftaan hunduma keenyatti dubbateera, dubbii isaa kanaaf yoo abboomamne, gargar ba`insi hin jiraatu. Wanti abboomanu dubbii isaati, wanti abboomamnu barsiisa isaati, barsiifni isaa immoo tokko nama godha, barsiisa isaa tokkotti yoo amanan, warri amane, wajjin waaqef-fata, waan tokko kan wal fakkaatu lallaba, waan wal fakkaatu barsiisa, abdi tokko qabaanna jechuu dha. Kristoosis akka tokko taanu, akka gargar hin baane kadhateera (Yohaannis 17:20~23). Macaafa Kakuu haaraa sirriitti dubbisi, Kristiyaanonni tokko ta`uu isaanii argita. Amma akka barsiisa sanaatti akn hin taane gooftaa biratti fudhatama qabaa ree?

Sadaffaan :- dubbiin gooftaa Caafamae jiru kun isa maayyiiti, kana booda ergaan biraa, ergaa haaraan kan eeggannu hin jiru. Guuyyoota, torbanoota, ji`oota, waggoota dhufanitti mullata addaa kan inni kennu hin jiru. Fedhii isaa hunda ilma namaatiif mulliseera. Ganaa wanta

haaraa mullata kenna utuu ta`ee, in hima ture, isa inni himus in dubbifna ture, Inni isa biraa kennames caafamee jira waan ta`eef, kan biraa haaraan eegnu hin jiru jennee goolabna. Amma bara kana Waaqayyo natti dubbateera kan jedhan baayy`eetu jiru, kaayyoo maaliitiif itti dubbata? Erga ergaa walfakkaatu kenne, erga ergaan isaa qajeelfamni isaa harka nama hundumaa harka jiraatee namoota murtaa`aniif qophaatti maaliif mulla`ata kenna, maal akka godhaniifi, erga isaaniif kenne warra kaaniif hoo? Warri Waaqayyo nutti dubbateera jedhan kun garuu inni isaan nutti dubbateera jedhanii himan dubbii macaafa qulqulluu irratti caafamee wajjin faallaa dha. Kana jechuun immoo Waaqayyo sagalee dubbii isaatii wajjin faallaa dubbachaa jira jechuudha. Akkasitti amannee fudhachuu hoo in dandeenyaa ree? Matumaa waan amanamaa miti. Erga akkas ta`ee Waaqayyo dubbii dubbatee kaa`e sana malee eenyutuu amma sagaleedhaan waamee hin dubbatu jennee goolabna. Fedhii fi jaalala Waaqayyoo beekuudhaaf gara Macaafa qulqulluu dhaqnee dubbifachuu qabna. Namichi Waaqayyo mulla`ata addaa naaf kenneera jedhu sun dhugumaan gowwoonfameera jechuudha.”Haa ta`u iyyuu malee, Ani yookiis, ergamaan waaqa irraa tokko, wangeela nuyi kanaan dura isinitti himnettii kan gargar ba`e yoo isinitti hime abaaramaa haa ta`u” (Galaatiyaa 1:8).

Afraffaa :- Guyyaa tokko fuula gooftaa duraatti dubbii isaatiin nutti faradanuuf jira. Dubbiin kun isa kami ? dubbiiin kun isa Macaafa qulqulluu irra jiruu dha. isa dubbisaa jirruu dha. Isa caafame kana yoo fudhanne, yoo fudhachuu dhaa baannes dubbii isaatiin faradama. Kristoss akkas jedheera “Nama ana tuffatee, dubbii koo fudhachuu didetti kan faradau jira, dubbii ani dubbadhetu guyyaa isa dhumaatti isatti farada” jedha (Yohaannis 12:48) Waaqayyo haala keenya ilaalee waan jedhe hin jijjiiru, kanaaf dubbii caafame kanaaf of eeggannoo gochuu qabna kan jennuuf. Dubbii isaa kana haaluun tuffachuun fudhachuu dhiisuun guyyaa isa dhumaa sana firidiidhaaf of qopheessuu jechuu dha. Innis gaafas nuu tuffata, nutti farada. Yoo sagalee dubbii

isaatiif akka inni jedhetti abboomanne immoo eebba caafametu nuuf ta`a jechuudha.

Yaa jaalleewwan koo ! Macaafa qulqulluu akka isin qabdan abdii kooti. Hin qabdan yoo ta`e garuu argachuudhaa yaalii fi tattaaffii guddaa akka gootanin isin gorsuu, isin jajjabeessuu fedha. Fedhii fi jaalala akkasumas akeeka Waaqayyoo beekuudhaaf, Macaafa qulqulluu dubbisuu qu`achuun isin barbaachisa. Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa amantii ke cimsachuuf Maatewos, Maarqoos, Luuqaasii fi Yohaannis dubbisi, fayyuudhaaf maal gochuu akka qabdu beekuudhaaf Hojii Ergamootaa dubbisi, Amanuu . yaada garaa geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu dhugaa ba`uu boodas Cuuphamuudhaan, Kristiyaana ta`uu fayyuu fi Waldaa Kristoositti dabalamatanii jireenya kristiyaanummaa akka itti jiraattan beekuudhaaf Macaafa Kakuu haaraa hunda dubbifadhaa, qu`adhaa, Macaafa jireenya bara baraa kana utuu addaan hin kutin dubbisuu amala godhadhaa.

Barumsa 3

Fayyinni si barbaachisa

Iddoo jirtutti waldaa Kristoosiin akkamitti jalqabna barumsa jedhu qu`achuu ittuma fufna. Yoo Kristiyaana taatee akkasumas miseensa Waldaa Kristoos taatee Waldaam Kristoos naannoo ke jirti ta`e, isaanii wajjin akka Waaqeffattu si jajjabeessina. Yoo baayyee si irraa fagoo ta`e garuu iddoo jirtutti Waldaa Kristoos akka jalqabdu si jajjabeessina.

Yaaduma kana irra dhaabbannee barumsa sadaffaa kana irratti fayyinni si barbaachisa isa jedhu irratti xiyyeeffanna.

Ani fayyeera jettee yaadda yoo ta`e homaa waanan siin jedhu hin qabu garuu, namoonni baayyeen utuu hin fayyin fayyineerra jedhanii kan gowwoomsaa keessa jiran jiraachuu isaanii si hubachiisuun barbaada. Jarri kun nuyi Kristiyaana jedhanii yaadu, dubbatus, yoo akka isaaniitti atis akkas ta`e dhugaan sitti hima ati hin fayyine. Jarri kun eenyu ? isaan kun Amananii yaada garaa geeddarachuun Kristoos

ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa in baana,, kun immoo fayyinaaf ga`aa dha warra jedhanii dha. Amantiin duwwaan nama fayyisa jedhu. gooftaa birattis fudhatama arganneerra jedhu. barumsa qu`achaa jirru kana keessatti namni tokko fayyuudhaaf maal gochuu akka qabu, waan caaffanni qulqullaa`aan jedhan ilaalla. Erga kana wajjin qu`annee booda karaan ati itti fayyite barumsa kanaa wajjin tokko moo tokko miti jettee waliin madaaluu dandeessa. Fayyeera jettee isa yaadde fayyuun kee akka macaafni qulqulluu jedhuun ala yoo ta`e Amanamummaadhaan dubbii caaffataa qu`attee karaa sirriitiin akka abboommii dubbii gooftaatti akka fayyituuf, warra kaaniifis daandii fayyinaa akka taatuu-fan si jajjabeessuu jaalladha.

Ilma namaa hundinuu yeroo dhalatu qulqulluu cubbuu hin qabnetu dhalate, garuu hamaa fi gaarii gaafa adda baafachuu jalqabe irraa eegalee, beekaas ta`e utuu hin beekin cubbuu hojjechuu shaakalee cubbamaa ta`e. biyyi kam iyyuu yoo ta`e ijoollee daa`imni yoo yakka hojjetan seera mana murtii keessatti luqqisni ittiin daa`ima adabsiisu waan hin jirreef itti hin murtaa`u. garuu yeroo guddatanii hamaa fi gaarii adda baasanii beekan yoo badii hojjetan badii hojjetan sanaaf itti gaafatama fudhatanii seeraaf dhihaatu. Kunis cubbuu ykn seera Waaqayyoo cabsuu jedhamee ilaalama. Cubbuun seera cabsuudha. Yohaannis akkas jedha. “Cubbuu kan hojjetu hundinuu seera malee in jiraata, cubbuun seera malee jiraachuudha” (1 Yohaannis 3:4) namni tokko yeroo cubbuu hojjetu, yakka hojjetu, araaramni isa barbaachisa, cubbamaa ta`uu isaa gara qajeelaatti jijjiiramuun isa barbaachisa, haa ta`uutii garuu, cubbuu isaa kana wanti isa irraa fuudhu tokko illee hin jiru, gaaromminni isaa harra`aa isa kaleessaa hin balleessu, gaaromminni isaas isa cubbuu irraa hin fayyisu (Efeesoon 2:8-9). Akkuma olitti ibsame gaarii godhuun hin fayyisu kanaaf badaniiru jechuudha. Kristoos yeroo dubbatu Yaa gooftaa yaa gooftaa naan jechuu duwwaadhaan mootumma waaqayyootti hin galan fedhii abbaa kootii yoo raawwatan malee jedha (Maatewos 7:21-23) namni tokko erga fayyee

booddees gooftaadhaaf amanamaa ta`ee jiraachuu qaba. (Mullata Yohaannis 2:10). Kana jechuun namni erga fayyee baduu danda`a garuu yaada garaa geeddarachuudhaan deebi`uu qaba.

Eenyu akka taate si hin beeku, fayyuu fi fayyuu dhiisuu kes hin beeku, ilmoo Waaqayyoo ta`uu kee fi ta`uu dhiisuu kes hin beeku, Kristiyaana miseensa Waldaa Kristoos ta`uu fi ta`uu dhiisuu kes hin beeku, garuu haala keessa jirtu keessatti akkamitti akka si gargaarru yaadaa jirra.

Krstoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa hin amanti yoo taate ati hin fayyine. Kristoos mataan isaa akkas jedheera “Ilma isaa kanatti kan amanu itti hin faradamu, isatti kan hin amanne garuu, maqaa tokkicha ilma Waaqayyoootti waan hin amanneef ammuma iyyuu itti faradameera” jedha (Yohaannis 3:18). Itti dabalees “Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera, Ani eenyu akkan ta`e beektanii yoo amanuu dhaabaattan, cubbuu keessaniin in duutu” jedhe (Yohaannis 8:24). Amantiin duwwaan nama fayyisuu baatus namni tokko Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa yoo amanuudhaabaate kan gooftaa ta`uu hin danda`u. qabxiin jiru, namni tokko erga Kristoositti amanee booda Abboommii fayyinaaf kennameef abboomamuu qaba jechuudha.

Itti aa`ansuudhaan Namni tokko Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa amanee garuu cubbuu isaa irraa yaada garaa yoo geeddarachuu baate, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa afaan isaatiin dhugaa ba`uu yoo baate, dhiifama cubbuu isaatiif yoo bishaan keessatti awwaalamuudhaan hin cuuphamne ta`e amma illee hin fayyine. Kristoos akkas jedhe “Waawuu ani isinittan hima, hundumti keessan yoo yaada garaa keessanii geeddarachuu dhaabaattan akkuma kanatti in dhumtu” jedheen. (Luuqaas 13:3) Maatewos keessatti immoo akkas jedheera “Eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta`e dhugaa ba`ee yoo mul`ise, anis abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti dhugaa nan ba`aaf” jedhe (Maatewos 10:32). Phaawloosis akkas jedheera “Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta`a, afaan isaatiinis beeksiftee Waaqayyoo du`aa

akka isa kaase immoo garaa keetti yoo amante fayyina bara baraa in argatta” jedhe (Roomaa 10:10). Krsistoos akkas jedheera “Kan amane kan Cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama” jedhe (Maarqoos 16:16). Kun hundumtii maal jechuudha? Kana jechuun namni tokko fayyuudhaaf, Amanuu, yaada garaa geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa afaan isaatiin dhugaa ba`uu dhii-famuu cubbuu isaatiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu qaba. kan kana hunda hin godhin badeera, yookiin hin fayyine jechuudha.

Kun egaa dhugummaan isaa namni tokko miseensa Waldaa Kristoos hundesse sanaa ta`uu yoo baate hin fayyine isa jedhu mirkaneessa. Namni tokko miseensa Waldaa kamii iyyuu ta`uu danda`a, mirga isaatis garuu fayyuudhaaf yoo ta`e, miseensa Waldaa Kristiyaanaa ishee kan Kristoos, ishee inni dhiiga isaatiin bite ishee maqaa isaatiinis waamantu, maqaa isaa uffatte ta`uu qaba. mootummaa Waaqayyooti galuudhaaf miseensa Waldaa kanaa waldaa kanaa jechuun hin barbaachisu warri jedhanii morman jiru, Waldaan Kristoos waldaadhuma Pheenxee mitii ? jettee gaafatta ta`a. deebisaan jirus Waldaan Kristoos waldaa Pheenxee miti, waldaa namni hundeeses miti, sababni isaa Waldaa Pheenxee, amantoota Pheenxee kan jedhu Caaffata irraa hin argannu waan ta`eef. Dhugumatti Waldaan Kristoos fayyiftuu ta`uu baattus, Kristoos warra akka dubbii isaatiitti abboomamanii fayyan Waldaa kanatti isaan dabala. Gaafa ayyaana guyyaa Shantamaffaa sana Wangeelli lalabamee namni 3000 cuuphamaniiru, akka galmeen jedhutti “Warri dubbii isaa fudhatan in Cuuphaman, kanaaf guyyaa sanatti akki lubbuu kuma sadii isaanitti in dabalaman” jedha (Hojii Ergamootaa 2:41). Itti fufees “Gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale” jedha (Hojii Ergamootaa 2:47)

As irratti wanti adda baafachuu qabnu namni tokko miseensa waldaa Kristoos miti yoo ta`e hin fayyine jechuudha. Sababni isaa warra fayyan kan Waldaatti dabalu Kristoos waan ta`eef. Gooftaan immoo

akkuma beekkamu Waldaa mataa isaatiitti dabala. Karaa biraa namni Kristoosiin hin dabalamne hin fayyine jechuudha. Fayyisaan Waldaa Kristiyaanaa Kristoosi. (Efeesoon 5:23), Kristoos Waldaa meeqa qaba? Kristoos Waldaa tokkittii qabaachuu isaa (Efeesoon 4:4) nutti hima.

Itti fufee dhugaan ati beekuu qabdu, waa`ee akka Waaqeffannaa, waa`ee akka jireenya Kristiyaanummaa, maqaa Kristoos uffachuu fi kan kana fakkaatan kan jedhamantu jiru. Dhugaa dubbachuudhaaf, namni tokko fayyuudhaaf Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa amane, abboommii kennaman hunda yoo raawwate fayya. Akka caafataatti wangeelaaf abboomamiiti miseensa Waldaa Kristoos ta`i. mee egaa gaaffilee tokko tokkon si gaafadha. Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa in amantaa? Wangeelaaf Abboomamteettaa? Miseensa Waldaa Kristoos taateettaa? Gaaffilee kana keessaa tokko yookaan baayyee isaa deebisaan kee “Lakkii” kan jedhu yoo ta`e dhugaan sitti himaati ati hin fayyine. Dhugumatti garaa guutuudhaan fayyeera jechuudhaaf gaaffilee kanneeniif deebisaan ke “eeyyee” yoo ta`eedha. Ati ilmoo Waaqayyoo miti yoo ta`e akka ati wangeela sirrii abboomamtee Fayyitun si jajjabeessa. Yaadadhu ati of fayyisuu hin dandeessu. Barumsi namootaas si fayyisuu hin danda`u, aarsaa dhiiga horiis si fayyisu, dhaaba amantaa keessa jiraachuunis si hin fayyisu. Kan ati fayyuu dandeessu karaan tokkittiin jiru, waan gooftaan akka gootu sirraa barbaadu yoo goote duwwaadha. Amanuufis ta`ee Abboomamuuf karaan biraa hin jiru. Yoo barumsa namaa fi Waldaa namoonni hundeesanitti amanta taate, Waldaa Kristoositti makamuu ykn dabalamuu hin dandeessu. Garuu barumsa Macaafa qulqulluu kana barattee, akka caafame kanatti yoo abboomamte in fayyita, gooftaanis Waldaa isaatti si dabala (Hojii Ergamootaa 2:47)

Akka ajaja gooftaatti yoo fayyite gooftaan nan ijaara isa jedhe Waldaa isaa irratti si dabala (Maatewos 16:18) waldooliin Kristoos hundinuu qaama Waldaa Kristoosi, miseensi Waldaa Kristoos hundinuu qaama Kristoosi, ati erga fayyite, yoo miseensi Waldaa Kristoos nam-

ni lama ykn sadii naannoo ke jiraatan, fayyuu kee fi miseensa isaanii ta`uu kee itti himi, achii booda isaanii wajjin Waqeffachuu jalqabi. Yoo si beekan si simachuu danda`u, yoo odeeffannoo hin qaban ta`e garuu ati itti himuu qabda.

Yoo Waldaan Kristoos naannoo kee hin jiru ta`e, ati hiriyoota kee, maatii kee, barsiiftee, yoo isaan abboomaman cuupxee waldaa Kristoos achitti jalqabuu fdandeessa. Adaraa abdi kutachuudhaan, wal-doota amantaa naannoo kee jiranii wajjin tokkuma jettee liqinfamtee haftee fayyina kee hin balleessin, garuu tattaaffii gootee, qu`attee, yoo jabaatte Waldaa Kristiyaanaa ishee kakuu haaraa, ishee caaffata irraa dubbifte sana jalqabuu dandeessa. Achii booda, baballachuu baayyachuu dandeessu.

Barumsa 4

Wangeelaaf akkaataa Itti abboomaman

Barumsa kana keessatti akkamitti akka Wangeelaaf abboomaman qu`anna. Wangeelli maal akka ta`e in beektaa ? namoonni baayyeen hin beekan, wangeella maal akka ta`e yoo hin beekin immoo akkamitti abboomamu ree? Abboomamuu hin dandaa`an, kanaafi egaa yeroo fudhannee wangeelaaf akkamitti abboomamu isa jedhu kan Qu`annuuf.

Duraan dursa Wangeelli maal akka ta`e haa yaadnu. Wangeela jennee yeroo baayyee haasofna, garuu Wangeelli maal akka ta`e yoo beekuu dhaa baanne maal bu`aa buusa ree? Wangeela jechi jedhu Oduu haaraa ykn Misiraachoo jedhamee ibsama. Phaawloos akkas jedha “Namoonni yoo ergaman malee,attamitti lallabu ree? “Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammachiisu” kan jedhu illee caafameera” (Roomaa 10:15). Wangeelli maaliif oduu gaarii jedhame? Sababni isaa inni du`a, awwaalamuu, fi awwaala keessaa ykn du`aa ka`uu Kristoosi waan ta`eefi.

Phaawloos akkas jedhee labseera “Ammas yaa obboloota ko ! Wngeela isa ani isinitti lallabe, isa isin fudhattan, isa isin itti cimtanii dhaabbattanii jirtan isin nan barsiisa, Sababii amantaniif utuu hin

beekin fudhattan yoo ta`e malee, akkuma ani isinitti lallabetti yoo eegattan wangeelichumaan in fayyitu. Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera, innis caaffanni qulqullaa`oon akka jedhanitti, Kristoos cubbuu keenyaaf du`eera, inni Awwaalameera, caaffanni qulqullaa` jedhanitti guyyaa sadaffaattis du`aa kaafameera” jedha (1 Qorontoos 15:1-4).

Du`uu awwaalamuu fi du`aa ka`uun Kristoos akkamitti oduu gaarii ykn Misiraachoo ta`uu danda`a? sababni isaa Kristoos kan du`e, cubbuu keenyaa fi warra isatti amanee abboomame, waanjoo cubbuu jalaa baasee jireenya bara baraatti akka galan godhuuf, abdi jireenyaa akka argannuuf du`e. kristoos du`a du`anii hafan hin duune, garuu nutis akka isaa wajjin du`aa kaanuuf, awwaalamee gaafa guyyaa sadaffaa Awwaala keessaa ka`eera. Kunis ilma Waaqayyo ta`uu isaa akkasumas Humna namoota ittiin fayyisu qabaachuu isaa mirkaneessa ykn ragaa ba`a. Pheexroos akkas jedha “Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba`e, madaa`uu isaatiin isin in fayyifamtan” jedha (1 Pheexroos 2:24). Phaawloosis akkas jedha “Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristoos nuuf du`uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa” jedhe (Roomaa 5:8)

Kanaaf iyyuu du`uun awwaalamuu fi du`aa ka`uu isaa ilaalchisee luqqistoota baayyee irratti mar`iannu qabna. Haa ta`u malee du`uun awwaalamuu fi awwaala keessaa ka`uun isaa anaa fi siin akkamitti nu fayyisuu danda`a? inni jalaqabaa, Kristoos du`uu awwaalamuu fi awwaala keessaas guyyaa sadaffaa ka`uu isaa yoo amanuu dhaa baanne fayyuu hin dandeenyu. Kristoos akkas jedheera “Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera, ani eenyu akkan ta`e beektanii yoo amanuu dhaa baattan cubbuu keessaniin in duutu” isaaniin jedhe” (Yohaannis 8:24).

Kana amannee garuu amma iyyuu badnee jirra, sababni isaa amanuu duwwaan nama hin fayyisu garuu abboomamuunis fayyuud-

haaf dirqama waan ta'eef. Akkamitti wangeelaaf abboomamna? Caaffatoota qulqullaa`oo yeroo qu`achuu itti fufnu abboommiin wangeelaaf akka jiru nutti himu. Inni duraa dhaga`uu qabna, kanaafitu Kristoos bartoota isaa akka biyya lafaa hundumaa dhaqanii uumama hundumatti wangeela himan ykn lallaban kan abboome (Maarqoos 16:15). Phaawloosis Amantiin dhaga`uu irraa dhufa kan dhaga`uun ta`us dubbii Kristoosi kan jedhuuf (Roomaa 10:17). Dhugumattis nutis kan goone kanuma, wangeela dhageenye, in amanne, dhugaa baane in cuuphamne. Kristoosis akkas jedheera “Kan amane kan cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama” jedhe (Maarqos 16:16). Barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jedha. “Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin dandaa`amu. Eenyu illee Waaqayyotti dhihaachuu yoo barbaade , inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira” jedhe (Ibroota 11:6).

Itti aa`aanees Abboommi yaada garaa geeddarannaatu jira. Yaada garaa geeddarannaa jechuun namni tokko karaa isa dogoggoraa irraa deeb`iiu jechuudha, namni yaada garaa utuu hin geeddaratin fayyuu hin danda`u, Kristoos yaada garaa geeddarachuu yoo baatan akka badan himeera, “Waawuu, ani isinittan hima,hundumti keessan yoo yaada garaa keessanii geeddarachuu dhaabaattan akkuma kanatti in dhumtu” jedhe (Luuqaas 13:3). Phaawloosis yaada garaa geeddarachuun akka abboomame labseera (Hojii Ergamootaa 17:30). Pheexroosis, yaada garaa geeddaratanii dhiifamuu cubbuu isaaniitiif akka cuuphaman labseera (Hojii Ergamootaa 2:38).

Itti aa`ansee immoo Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu qabna. Kristoosiin Afaan ofitiin dubbatanii yoo dhugaa hin baane, hin fayyine jechuu dha. Kristoos nama duratti Kristoosiin yoo dhugaa ba`an inni immoo Abbaa isaa isa Waaqa irraa duratti akka dhugaa ba`uuf dubbateera. (Maatewos 10:32). Phaawloosis akkas jedha “Namni Garaa isaatti amanee qajeelaa ta`a, afaan isaatiinis beeksisee in fayya” jedhe (Roomaa 10:10). filiPhoos Namicha Itiyooophiyaa

sana akka dhugaa ba`u itti himnaan innis Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa nan amana jedhe (Hojii ergamootaa 8:37).

Dhuma irratti namni tokko dhiifama cubbuu argachuudhaaf bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu akka qabu caaffanni nu barsiisu. Gooftaa Yesuus “Kan amane kan cuuphames in fayya kan hin amanne garuu itti faradama” jedhe. (Maarqoos 16:16). Pheexroos dhiifama cubbuu akka qabaataniif cuuphamuu akka qaban lallabeera (Hojii Erg. 2:38) waa`ee cuuphaa ilaalchisee Luqqistoota baayyee qabna. Cuuphaan Kristoositti akka nama dabaluu (Roomaa 6:3-5). Cuuphaan waldaa Kristiyaanaatti akka nama dabaluu (1 Qorontoos 12:13). Cuuphaadhaan lammata dhalatanii mootummaa Waaqayyooti akka galan gooftaan dubbateera. (Yohaannis 3:3-5).

Warri kanaa olitti ibsaman hundi fayyinni akkamitti akka du`uu awwaalamuu fi awaalaa ka`uu Kristoosii wajjin walitti dhufeenya qaban nu hubachiisu. Kristoos fannoo irratti du`e, namnis cubbuu isaattii du`a, Kristoos garaa lafaa keessatti awwaalame Namnis cuuphaadhaan garaa bishaanii keessatti awaalama, Kristoos Awwaala keessaa ka`e, namnis bishaan sana keessaa cuuphamee ka`a ykn ba`a, achii booda jireenya haaraatiin deddeebi`a. (Roomaa 6:1-12) kuni waan namatti tolu mitii ree? Phaawloos akkas jedha “Waaqayyoon galanni haa ga`u isin dur garboota cubbuu turtan, amma garuu qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomamtaniittu. Cubbuu jalaa luba baatanii , hojjetaa qajeelinaa taataniittu” jedha (Roomaa 6:17-18). Bishaan keessaa cuuphamanii ba`uu du`aa ka`uu Kristoosii wajjin kan tokko ta`eef, amma cubbuu isa silaa nama ajjeesu sana jalaa cuuphaa bishaanii keessaa ba`uudhaan du`a irratti humna godhachuu jechuudha, kanaaf humna cubbuu jalaa ba`anii qajeelummaatti jiraachuudha. Wangeelaaf abboomamuun haala kanaatiin raawwata jechuudha.

Namoonni Wangeelaaf abboomamuu qabu, sababni isaa, Phaawloos akkas jedheera, Gooftaa Yesuus gaafa dhufu, warra wangeela

fudhachuu fi itti amanuu didan hijaa ba`uuf akka jiru dubbateera. (1 Tasaloonqee 1:7-9). Pheexroosis firidiin mana Waaqayyoo irraa akka ka`uu fi warra hin amannetti immoo ammam akka jabaatu dubbata. (1 Pheexros 4:17). Kanaaf iyyuu namoonni wangeelaaf abboomamuu akka irraa eeggamu beekkamaa dha. Sababni isaa warri amanin iyyuu cingiidhaan fayyina argatu erga ta`ee warri hin amanin immoo maal eeggatu ree?

Namni tokko akkamiin wangeelaaf abboomamuu danda`a? namni kun Macaafa qulqulluu qu`atee dhugaa beekuu qaba. waaqayyoon dhaga`ee Kristoosiin beekuutti dhufuu qaba. inni ilma Waaqayyoo ta`uu isaa, asi ittis jireenya isa boodaa irrattis fayyisuu danda`uu isaa beekuu fi amanuu qaba. achi booda cubbuu isaa irraa yaada garaa geeddaratee ykn cubbuu isaa isa darbe irraa deebi`uu qaba. kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu qaba. dhuga ba`insa kanas afaan isaatiin dubbachuu qaba, kana godhuu baannaan hin fayyu, inni dhumaa dhiifama cubbuu isaatiitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu qaba. kana booda gooftaan isa fayyisa, Waldaa isaa irrattis isa dabala. Egaa kun salphaa mitii ree?

Barumsa 5

Waldaan Kristoos akkamitti Ibsama

Kaayyoon barumsa keenyaa iddoo jirtutti akkamittiin Waldaa Kristoos Jalqabuun dandeessa isa jedhuu dha. Naannoo ati jirtu Waldaan Kristoos jira taanaan, dinqisiisaa fi waan namatti toluudha. Iddoo ykn naannoo ati jirtu hin jiru yoo ta`e garuu jiraachuu ykn jalqabamuu qaba. yookaanis ati iddoo Waldaan Kristoos hin jirre dhaqxa ykn jijjiiramta taanaan, waldaan Kristoos iddoo sana jiraachuu qaba. achitti Waldaa Kristoos kan jalqabuu qabu suma. Sumatu jalqaba. Anaa wajjin amma gara waan kanaatti kan nu geessan waan tokko tokko wajjin ilaalla.

Waan kana hubachuuf akka nu gargaaruuf, duraan dursinee,

Waldaan Kristoos akkamitti ibsamti isa jedhu beekuu qabna.

Kana ifa gochuudhaaf, Maalummaa Waldaa Kristoos Macaafa Qulqulluu irraa dubbifatta. Macaafni Qulqulluun Waldaan Kristoos Jiraachuu isaa duwwaa utuu hin ta`in Waldaan Kun waldoolii biyya lafaa irra guutan irraa kan adda ishee godhu mallattoo akkamii qabdi maaliin adda baafnee beekuu dandeenya isa jedhus nu barsiisa. Fakkeenyaaf ati miseensa waldaa dhaaba amantaa yoo taate ykn waldaa dhaaba amantaa naannoo ke jiru, waaqeffannaa, tajaajila, barsiisa isaanii, Waldaa Kristoos Macaafa qulqulluu irratti barreeffamee wajjin wal bira qabdee, sirrii moo sirrii miti isa jedhu addaa baafachuu dandeessa.

Ati waldaa kristiyaana kam iyyuu maal addaa addumma qaba jettee yaaduu dandeessa. Waldaan Kristiyaanaa barbaachisaa miti jechuu dandeessa, ykn miseensi waldaa kamii iyyuu mootummaatti in gala, waldaa Kristiyaanaa nama hin fayyiftu jettee yaaduu dandeessa. Kun egaa yaada sirrii yaada fayyaa qabu fakkaata. Garuu yaada sirrii ykn yaada fayyaa qabu miti. Utuu Waldaan Kristiyaanaa hin barbaachiftu ta`ee, Kristoos maaliif Waldaa koo nan ijaara jedha? Waldaan Kristiyaanaa hin barbaachiftu utuu ta`ee Kristoos maaliif lubbuu isaa dabarsee kennaaf? Dhugaa dha Waldaan Kristiyaanaa nama hin fayyiftu, garuu Waldaan Kristiyaanaa walitti qabamuu warra fayyaniiti. Haa ta`uutii Kristoos fayyisaa Waldaa Kristiyaanaa waan ta`eef, namni tokko fayyuudhaaf akkasumas Mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf miseensa Waldaa Kristoos ta`uu qaba.

Amma gara Macaafa qulqulluu dhaqnee, mallattoo waldaa Kristoos tokko tokkoon ilaalla, atis achi keessatti waan jiru in ilaalta.

Baroota dheera dura Raajiin beekkamaan Waaqayyoo Isaayyaas akkas jedhee ture “Bara booddeetti tulluun manni qulqullummaa Inni kan Waaqayyoo irra jiru, tulloota hundumaa keessaa akka isa caaluutti jabaatee in dhaabbata, gaarota hundumaa gararraattis ol in ka`a, sabni lafa irraas baayya`atanii in dhufu, Xiyoon keessaa seerri, Yeruusaaleem keessaas dubbiin Waaqayyoo waan ba`uuf, “Karaa isaa Akka inn

nu barsiisuuf, nus daandii isaa irra akka adeemnuuf kottaa gara tulluu mana Waaqayyootti, gara mana Waaqayyoo isa kan Yaaqoobitti ol in baanaa” in jedhu. jedhe (Isaayyaas 2:2-3)

Raajii Yo`elis baroota dheeraa dura akkas jedhee dubbate “Waaqayyo ammas, Bara booddeetti ani hafuura koo nama hundumaa irratti nan dhangalaasa, ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu, maanguddoonni keessan abjuu in abjootu, dargagoonni keessanis mul`ata in argu, bara sanatti, ani hojjetoota koo warra dhiirotaa fi warra dubartootaa irratti iyyuu hafuura koo nan dhangalaasa” jedhe (Yo`el 2:28-29).

Raajiin Daani`eelis “Bara mootota sanaatti Waaqayyo inni waaqa irraa mootummaa deebi`ee matumaa hin badne, isa mo`ichi isaas saba biraatti hin darbine dhaabuuf jira, inni mootummaa sana hundumaa caccabsee in hurreessa, badduus isaan in baasa, ofii isaatii immoo bara baraan jabaatee in dhaabata” (Daani`el 2:44).

Raajonni Waaqayyoo kun maal jechuutti jiru? Isaan kan jedhan fuulduratti mootummaan Waaqayyoo ykn Waldaan Kristiyaanaa hundeeffamuuf dhaabbachuuf jira jedhan. n kunis Yerusaaalemii jalqabee biyya lafaa hundumaa akka ga`u dubbatan. Akka inni humnaan dhufuu fi bara baraa akka jiraatu, kan hin diigamne, kan nama biraattis dabarfamee hin kennamne ta`uu isaa dubbataniiru. Kunis Hojii Ergamootaa 2 irratti gaafa hafuurri qulqulluun Ergamoota Gooftaa irratti bu`e sana humnaan Waldaan Kristiyaanaa hundooftee, biyya lafaa hundumaa wal ga`eera. Inni raajames raawwateera.

Kristoos Waldaa koo nan ijaara jedhee dubbate (Maatewos 16:18) akkuma jedhe karaa Ergamoota isaatii godheera. Hafuura isaan geggeessus isaanii wajjin ta`u Hafuura qulqulluu akka ergu abdi kenne (Yohaannis 16:13), kunis raawwateera. Erga du`aa ka`ee utuu gara abbaa isaatti ol hin ba`in akkas jedheen. “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu`u , humna in godhattu, Yerusaaalemitti Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma handaara lafaattis dhuga-baatuu koo

in taatu” isaaniin jedhe. (Hojii Ergamootaa 1:8). Kunis raawwateera.

Hojii ergamootaa 2 irratti Waldaan Kristiyaanaa hundeeffamteetti. Akkuma raajonni Waaqayyo jedhanitti Yeruusaalem keessatti hundoofte. Dubbiin Waaqayyoos asii ba`e. kristoos akkas jedhe, “Kristoosichi dhiphachuuf, guyyaa sadaffaattis du`aa ka`uuf akka jiru, yaada garaa geeddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yeruusaaleemii jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuuf jiru, caafameera. Isinis dubbii kanaaf dhuga-baatuu dha” jedhe (Luuqaas 24:46-48). Pheexroosii fi ergamoonni kaan guyyaa ayyaana Shantammaffaa saba baayyeetti lallabanii, sabni sunis “maal goonu ree?” yeroo jedhanitti “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoositti cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus in fudhattu” jedhe (Hojii Ergamootaa 2:38) guyyaa sanatti akki nama 3000 in cuuphaman waldaa Kristoosittis in dabalaman, ergasiis warra fayyan guyyaa guyyaa irra gooftaan isaanitti dabale (Hojii Ergamootaa 2:47)

Akka caaffata irraa dubbifnutti Hojii ergamootaa 2 irratti guyyaa ayyaana waggaa shantammaffaa torban irraa guyyaa isa jalqabaa bara 33, Waldaan Kristiyaanaa Yeruusaalemitti hundoofte.

Ergamoonni gooftaa humna haafuura qulqulluutiin guutamaniin dinqii godhuu, afaan haaraatiinis dubbachuudhaan, akkasumas lallabuudhaan dhuga baatuu ta`uu isaanii mullisaniiru (Hojii Ergamootaa 1:8, 2:1-4, 9)

Waldaan Kristiyaanaa Warra fayyaniin kan ijaaramtee dha. Kanaafitu Kristoos warra fayyan guyyaa guyyaa irraa isaanitti dabala (Hojii Ergamootaa 2:47). Waldaan Kristiyaanaa Dhagna haafuura kan Kristoos, akkasumas Kristoos mataa ishee ta`uu isaa Phaauloos yeroo ibsu akkas Jedha “Inni mataa waldaa kristiyaanaa isa dhagna isaa jedhamee waamameeti, inni jalqaba waan hundumaati, waan hundumaatti isa duraa akka ta`uuf, inni warra du`an keessaa dura ka`e” (Qolosaayis 1:18) akkasuma Efeesoon 1:22-23 fi Efeesoon 5:23

dubbifadhu.

Waldaan Kristiyaanaa dhiiga Kristoosiin bitamte, Phaawulos warra Efeesooniin akkas jedha “Of eeggadhaa, karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis, eeggadhaa ! Waldaa kristiyaanaa isa Waaqayyo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa” jedha (Hojii Ergamootaa 20:28). Yeroo biraa immoo Jaruma kanaaf akkas jedhee caafe “Kristoos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta`e, abbaan manaas mataa haadha manaati, Kristoos fayyisaa waldaa kristiyaanaa ti, waldaan kristiyaanaa immoo dhagna isaati” jedhe (Efeesoon 5:23). Kristoos waldaadhaaf erga du`ee, erga ishee jaallate, Waldaa Kristiyaanaatiif iddoo guddaa kenneera jechuudha.

Kristoos hundee Waldaa Kristiyaanaati, Pheexroos faa yeroo inni “Kristoos ilma Waaqayyooti” jedhanii dhugaa ba`an innis Dhagaa kana irratti waldaa ko nan ijaara jedhee dubbateera (Maatewos 16:18). Phaauloosis akkas jedheera “Isuma dur kaa`ame sana malee homtinuu hundee biraa kaa`uu hin danda`u, hundeen dur kaa`ame sunis Yesus Kristus” (Qorontos 3:11). Pheexroosis inni dhagaa jiraataa, dhagaa mataa golee qajeelchu, isa fo`amaa, isa gati qabessa, Xiyoon keessa kaa`amu ta`uu isaa himeera. (1 Pheexroos 2:1-8)

Waldaanis miseensonni waldaa kristiyaanaas kan uffatan maqaa Kristoosi (Hojii Ergamootaa 11:26), fayyinni Kristoosiin malee karaa biraa hin jiru (Hojii Ergamootaa 4:12), waldaan kristiyaanaa Warra fayyaniin ijaaramte, gurmoofta (Roomaa 16:16). Waldaa Waaqayyoo jedhamteetti (Hojii Ergamootaa 20:28). Warri kun hundinuu maqoota gooftaadhaaf ulfina kennanii dha. Miseensonni ishees, Kristiiyan jedhamaniiru. Hojii Ergamootaa 11:26, Hojii Ergamootaa 26:28, 1 Pheexroos 4:16).

Waldaa Kristiyaanaatti dabalamuudhaaf Caaffata Hojii Ergamootaa keessa jiran yoo dubbifne akkamitti akka ta`u hubachuu dandeenya, wangeela dhaga`anii, Amananii, yaada garaa geeddaratanii, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`anii, dhiifamuu cubbuu

isaaniitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamanii miseensa Waldaa kanaa ta`uun dandaa`ama. (Hojii Ergamootaa 2:38, 2:47)

Miseensonni Waaqayyoon waaqeffachaa, amanamummaadhaan jiraachaa isa gooftaan abdiin kenne sana guyyaa tokko dhufee akka fudhatu dubbate eeggachaa mana isaa keessa jiraatu. (Yohaannis 14:1-3, Efeesoon 5:27, 1 Tasaonqee 4:15-18)

Egaa Waldaan Kristoos akkasitti eenyummaa ishee Beeksifteetti, kunis Caaffata qulqullaa`oo irraa kan argineedha, akkamitti beekuun dandaa`ama ? gaaffii jedhuuf, kunoo mallattoo ishee argisiisuudhaan “ani akkasi” jetti. Isheen kan dukkanaa miti. Egaa iddoo ati jirtu Waldaan Kristoos hin jirtu yoo ta`e, sagalee dubbii Waaqayyoo barsiisi, namoota akka jijjiiramaniif kadhaddu, hundeesi. Waaqayyos si gargaara.

Barumsa 6

Ati Gooftaadhaaf In Barbaachifta

Kaayyoon Qu`annaa keenyaa iddoo ati jirtutti Waldaa Kristoosiin akkamitti jalqabama isa jedhuu dha. Kanas iddoo ati jirtu Waldaan Kristoos hin jirtu yoo ta`e, ati Kristiyaana yoo taate, miseensa Waldaa Kristoos yoo taate, akka sagalee dubbii Waaqayyootti iddoo jirtutti Meeshaa gooftaa taatee akka jalqabdu si jajjabeessina.

Barumsa lakkoofsa 6 kana irratti ati Waaqayyoof gooftaadhaaf nama barbaachisaa ta`uu kee jala sararree sitti himuu barbaanna.

Waaqayyo nama akka bifa isaatiitti Uume (Seera Uumamaa 1:26-27, Seera Uumamaa 2:7), kanaanis Hafuuras lubbuus kenneef, kan hin duune (Maatewos 16), lubbuu ilmaan namaa hundumaa cubbuu irraa fayyisuudhaaf gara jabinaan tokkicha ilma isaaa dabarsee nuuf kenne. (Yohaannis 15:13). Kunis kan ta`eef ilmi namaa barbaachisaa waan ta`eefi, atis isaaf in barbaachifta.

Macaafa qulqulluu keessatti warra Waaqayyoof barbaachisan ilaali mee. Waaqayyo akka isaanitti fayyadamuuf waan Hayyamaniif, waan of kennaniif Barbaachisoo bu`a-qabeessa kan ta`an baayyeedha.

Waa`ee Noh, Abrahaam, Daaniel, Isaayyaas, Eeliyaas, Eelsa`I, Yo-
haannis Cuuphaa, fi tokkoo tokkoo Ergamoota gooftaa baayyee isaanii
seenaa isaanii Ilaali mee.

Akkasumas Hojjetaa Cima Phauloosiin yaadadhu, yeroo goofta-
an isatti fayyadamuuf qunnametti waan inni murteesse yaadadhu. Du-
raan inni Diina Kristoosii fi Kristiyaanotaa ture. Erga takka jijjiiramee
garuu ciminaan hojjetee shakkii tokko malee hojjete, badii balleesse
sana kan Hin yaadachiifne, Seenaa gaarii gurguddoota hojjete Phaulo-
os. Imala misiyoonii isaa fi Namoota inni gara Gooftaatti geeddare
hunda yaadadhu. Obboleewwan kaanii wajjin waggaa 30 utuu hin
guutiin waan dinqii godhuudhaan Wangeela biyya hundumaa akka
wal ga`u godheera Phauloos. Fedhiin, murachuun, murteessuun yoo
jiraate, namni muraasnis, namni tokko illee Waan dinqisiisaa amana-
muu hin danda`amne gochuu danda`a.

Hojii Ergamootaa 10 irratti namicha Maatii isaa wajjin barbaad-
amaa, jaallatamaa tokko argina, namichi kun nama gaarii dha. Nama
Amantaas qabuudha. Nama Waaqayyoon sodaatuu dha. Nama kad-
hatu, nama soomuu nama Waaqayyoonis Waaqeffatu, nama rakka-
tootas gargaaruudha. Waaqayyo Namni kun Akka Pheexroosii wajjin
wal qunnamu godhee isaaniin fayyiseera. Galmeen akkas jedha. “Utuu
Pheexroos dubbii kana itti himaa jiruu, hafuurri qulqulluun warra
dubbicha dhagaa`an hundumaa irratti bu`e. warra Yihudootaa keessaa
amantoonni pheexroosii wajjin Yoopheedhaa dhufan, kennaan hafuu-
ra qulqulluu saba Waaqayyoo warra hin ta`iniif kennamuu isaa argani,
akka abjuu ta`an. Warri hafuura qulqulluu fudhatan sun utuu isaan
afaan dur hin beekneen dubbatanii, guddina Waaqayyoos mul`isanii,
isaan dhaga`an. Pheexroos kan a irratti, “Jarreen amma hafuura qul-
qulluu, akkuma nuyi argannetti argatan kun, akka hin cuuphamneef
eenyutu bishaan dhowwachuu danda`aa ree? Jedhe. Isaan maqaa Ye-
sus Kristoositti akka cuuphamaniif abboome, jarri ergasii Peexroos
isaan bira akka turuuf in kadhatan” (Hojii Ergamootaa 10:44-48).

Qorneelyoosii fi maatiin isaa sababni isaan ittii jijjiiraman isaan kun Ormoota keessaa amanuudhaan warra duraa waan ta`aniifi. Egaa Seenaan Jijjiiramuu warra saba Waaqayyoo hin taanee garuu guyyaa sanatti amanuu isaaniitiin Saba Waaqayyoo akka ta`an godhamuun Mee Waa`ee Kristoos yeroo yaaddu kana wajjin wal qabatee maaltu Dhaga`ama ? maaltu sittis yaadatama. Yeroo duraatiif warri Saba Waaqayyoo hin turre guyyaa sana saba Waaqayyoo Kristiyaanota jedhamanii Akka Waamaman shakkiin hin jiru. Maatii sana duwwaa utuu hin ta`in, warra saba Waaqayyoo hin taane garuu gooftaaf abboomamuudhaan saba Waaqayyoo jedhaman mee yaadi. Amma bara kanas baayyeen Aman-tootaa baayyeen Kristiyaanotaa kan dhufan kanis dhufaa jiran warra ormoota saba Waaqayyoo hin taane keessaati.

Amma immoo waa`ee Namicha Saba Ityoophiyaa ilaalla, Filiiphoos Samaariyaatti waan baayyee hojjeteera, amma garuu hafuurri qulqulluun isa ajajee gara namicha kanaatti isa erge. Galmeen akkas Jedha “Ergasii ergamaan Waaqayyoo Filiphooisiin , “Ka`I, waareetti gara mirgaa gara karaa onaa, isa Yersaaleemii Gaazaatti geessuu dhaqi !!! “ jedhe. Filiiphos Yommus ka`ee dhaqe. Kunoo , namichi xu`aashiin tokko itti dhufe, namichi kun qabeenya “Kandaakee” mootittii warra Itoophiyaa hundumaa irratti abboomaa ture, inni Waaqayyoof sagaduudhaaf Yersaalem dhaqee ture. Utuu achii galuus konkolaataa kottee duudaadhaan harkifamu irra taa`ee macaafa raajicha Isaayyaas dubbisaa in adeema. Hafuurri qulqulluun yommus Filiphooisiin “Konkolaataa kanatti dhi`aadhutii, isa duukkaa adeemi” jedhe. Filiiphoos konkolaataa sanatti fiigee, namichi macaafa raajicha Isaayyas utuu dubbisuu dhaga`e, “Waan dubbisuutti jirtu kana in hubattaa?” jedhee isa gaafate. Namichi immoo , “Utuu namni anaaf hin ibsin, attamittan hubachuu danda`a? jedhee deebise, akka Filiphos konkolaataa yaa-bee isa bukkee taa`uufis in kadhate.. dubbiin macaaficha inni dubbisaa ture, “Inni akka hoolaa, namni rifeensa ishee yommuu muru sagalee ishee hin dhageessifne, akkasuma innis afaan isaa hin saaqqatu,. Nama

gad deebi`aa waan ta`eef, dhugaan isaa hin ilaalamne, hidda dhala isaas eenyutu hima ree? Jireenyi isaa lafa irra in fuudhama” kan jedhure. Namichi Itiyoophiyaa sun yommuus Filiphosin “ Raajichi waa`ee eenyuutiif kana dubbata? Hadaraa anatti himi ! Waa`ee ofii isaatii moo yookiis waa`ee nama biraa ti?” jedhee gaafate,. Filiphos kutaa macaafa kanaatii jalqabee, waa`ee Yesuus misrachoo itti himuutti ka`e. utuma karaa sana adeemanii, bishaan tokko bira ga`an, namichi immoo Filiphosin “Bishaan kunooti, akka ani hin cuuphamneef maaltu na dhowwa? “ jedhe. Filiphos yommuus “Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif in dandaa`ama” jedheen, kana irratti inni, “Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo akka ta`e nan amana” jedhee deebise. Namichi immoo konkolaatichi akka dhaabbatuuf abboome, Filiphosii fi namichi bishaan keessa lixanii, Filiphos isa in cuuphe. Bishaanicha keessaa yommuu ba`an, hafuurri gooftaa Filiphosin butee, fuudhee adeeme.. namichi deebi`ee isa hin argine, haa ta`u iyyuu malee, karaa isaa itti fufee gammadaa adeeme.” (Hojii Ergamootaa 8:26-39).

Amma seenaa fayyina nama kanaa irraa waan baayyee baranna. Namichi kun Gooftaadhaaf baayyee barbaachisaa waan ta`eef gooftaan Hafuura isaa ergee kara Filiphosin akka abboomamu godheera barsiisa inni Filiphos keessaan barsiise kun akka inni karaa sirrii abboomamee, Gooftaas Waaqeffatuufi. Amma namichi kun Eenyu? Inni nama Amantaa qabu, jaalala Waaqayyoof qabu irraa kan ka`e Itiyoophiyaa irraa ka`ee Yersaalemiin kan dhaqee galaa jiruudha. Namichi kun nama gaarii, sodaa Waaqaa qabuufi, Waaqayyoof immoo Gara-kutteessa ta`uu isaa argina. Namichi kun nama Horii irratti muudame taayitaa guddaa qabuu dhas. Amma egaa Namichi kun Dhugaa dhaaf abboomamee biyya isaatti yeroo galu, Waajira isaatti, hiriyoota isaatti, naannoo isaa irratti dhiibbaa akkamii Uuma jettee yaadda. Waaqayyo karoora isaaf qabu isa guddaa sana agarsiiseera jennee goolabuu in dandeenya. Kanaaf iyyuu Namichi Itiyoophiyaa kun Waaqayyoon gammachiisuu isaatiif shakkiin hin jiru.

Amma ati Eenyu? Tarii Ani homaa iyyuu miti jettee yaaduu dandeessa. Garuu akka nama tokkootti nama homaatti iyyuu hin galle fakkaachuu dandeessa. Garuu gooftaaf yoo abboomamte, akka inni siin jedhu yoo goote, gooftaan nama guutuu tokko si gochuu in danda`a tarii ati dargageessa, Jaarsa dulloome, dubra, ykn dhiira, hiyyeessa, Sooressa, nama barate, kan hin baratin kan kana fakkaatan ta`uu dandeessa, garuu gooftaan eenyuun iyyu ta`I eenyuun, akkuma Macaafa Qulqulluu keessatti argine namoota waa`ee hin baasan jedhamanii ilaalaman baayyee isaanii Seenaa jijjiree argineerra. Egaa erga jara kana irratti waan akkasii godhee si irratti gochuuf maaltu dhowwa, seenaa kee jijjiiruudhaaf Waaqayyo amma iyyuu humna qaba.

Wanti ani siin jechaa jiru, yoo gooftaa amantee abboomamtee Kristiyaanaa fi miseensa Waldaa Kristoos taate, isaaf yoo of kennite, kan isaaf hojjetu, Lallabaa, barsiisaa, tajaajilaa kkf gooftaa tajaajiluu in dandeessa. Innis kaayyoo isaa baballisuuf humna ati ittiin hojjetu siif kennuu in danda`a. akkuma qu`annaa keenyaatti yoo iddoo Waldaan Kristoos hin jiru jirta yoo ta`e hojii sana hojjechuudhaaf qophaa`I, gooftaan yoo ati kaate si wajjin hojjechuudhaaf Abdii kenneera. Adarraa waan kana yaadadhu. Akeekni Waaqayyo sirratti akka raawwatuuf Kadhadhu, nutis siif kadhanna.

Barumsa 7

Iddoo jirtutti Waldaan Kristoos Maaliif Barbaachise

Barumsi keenya walitti fufee kennamaa jiru, Iddoo jirtutti akkamitti Waldaa Kristoos akka jalqabuun dandaa`amuu dha. tarii ati yoo miseens Waldaa Kristoos taatee, kophaas yoo jiraatte, kanatti baayyee gammadna. garuu yoo ati kristiyaana miti taate, waldaan Kristoosis iddoo ati jirtu hin jiru yoo ta`e, qu`annaa kana amanamummaadhaan ordofttee, wangeela Kristoosiif abboomamtee, akka fayyitun si jajjabeessa. yoo kana goote gooftaanis waldaa isaatti si dabala. Tarii iddoo ati jirtu Waldaan Kristoos hin jiru yoo ta`e, ati fayyitee naannoo sanatti waldaa Kristoos

karaa ittiin jalqabdu odeeffannoo siif kennuuf qophiidha.

Duraan dursa Iddoo ati jirtutti waldaan Kristoos maaliif akka barbaachisu sitti himuu barbaanna. Wanti haasa`aa jirru, waa`ee dhaaba amantaa miti, waa`ee warra utuu barsiisaan wal hin fakkaatin tokko of godhanii miti. tarii iddoo ati jirtuu fi naannoo keetti waldoolii dhaaba amantaa baayyeen jiraachuu danda`u. garuu kan irratti dubbachaa jirru, waldaa namoonni uuman miti garuu Waldaa Kristoos isa Macaafa qulqulluu keessatti dubbifannu, isa Kristoos du`eef, isa Kristoos fayyisaa ishee ta`e, ishee inni mataa ta`eef, ishee Maqaa Kristoos uffatte haasofna malee.

Miseensa dhaaba Amantaa ta`anii garuu akka badan in beektaa? Miseensa dhaaba amantaa ta`anii garuu kan badaniif fayyinni isaan labsan akka fedhii Waaqayyootti waan hin taaneefi, egaa Kanaafitu iddoo ati jirtutti barbaachisaa kan ta`eef.

Waldaa Kristoos barbaachisaa dha. Dhugumatti waldaa nama hin fayyiftu garuu, namni tokko fayyuudhaaf dhagna Waldaa Kristoos ta`uu qaba. dhugumatti nama wangeelaaf Abboomame, waldaa isaa isa “waldaa koo nan ijaara” jedhe irratti kan dabaluu Kristoosi (Hojii Ergamootaa 2:47). Waan Phaawuloos jedhe dhaggeeffadhu “ Kristoos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta`e, abbaan manaas mataa haadha manaati. Kristoos fayyisaa fayyisaa Waldaa Kristiyaanaa ti, Waldaan immoo dhagna isaati” jedhe (Efeesoon 5:23). Yaadadhu Kristoos fayyisaa dhagna ti jedha. Garuu dhagna jechuun maali? Akka Efeesoon 1:22-23 fi Qolasaayis 1:18, itti Dhagna jechuun Waldaa kristiyaanaa jechuudha. Haa ta`uutii dhagna meeqatu jira? Yookiis Waldaa Kristiyaanaa meeqatu jira? As irrattis Phaawuloos Waldaan Kristiyaanaa ykn dhagni tokkumatu jira nuun jedha (Efeesoon 4:4). Erga akkas ta`ee iddoo ati jirtutti Waldaan Kristoos barbaachisaa dha. Kanaaf iddoo ati jirtutti atii fi hawaasni ke akka fayyina dhugaa kanattii qooda argataniif, ati tattaaffii akka gootun si jajjabeessa gooftaanis si gargaara. kun immoo akeeka isaa waan ta`eef gooftaa in gammachiisa.

Wanti Waldaan Kristoos barbaachiseef sababni kaan, ati naannoo sanatti yoo kophaa taate, warra dhaaba amantaa wajjin sagaduuf dirqamta, kun immoo rakkina keetiif furmaata hin ta`u, waaqeffannaan sunis fedhii Waaqayyoo miti, kanaaf ati jabaachuu, barsiisuu jalqabuu qabda.

Waan dhaaba amantaa kaanii wajjin waaqeffachuun hin barbaachifneef siifan ibsa. Ati yoo miseensa Waldaa Kristoos taate, miseensa dhaaba amantaa miti jechuudha. Waldaan Kristoos isaan irraa adda, maqaa Kristoos uffatteetti, barsiisni ishee, waaqeffannaan ishee, isaan irraa adda, kanaaf miseensi Waldaa Kristoos kan adda ta`anii wajjin akkamittiin waaqeffatti ree? Faarfannaa garaa keenyaan akka faarfannu nutti hima (Efeesoon 5:19), warra meeshaa muuziqaa mekaanikaaliitiin waaqeffatanii wajjin akkamitti ta`a? isaan akka dubbii waaqayyootti hin fayyine, namni hin fayyine immoo cubbamaa dha, waaqayyo immoo kadhata saba isaatii malee kan cubbamootaa hin dhaga`u (Yohaannis 9:31), akkamitti wajjin kadhata ree? Dubbii waaqayyo isaanii irraa dhaga`uu lallaba isaanii fudhachuu hin dandeessu, sababni isaa isaan barsiisa namaa yaada namaa keessa maku. Isaanii wajjin irbaata qulqulluu fudhachuu hin dandeessu, sababni isaa isaan ji`atti ji`a sadiitti, ji`a jahafaatti fudhatu, Waldaan Kristoos immoo torban irraa guyyaa isa jalqabaa sanbata guddaa yeroo hundumaa fudhatu. Kennaa isaaniif kennuu hin dandeessu, sababni isaa isaan barsiisa dogoggoraa ittiin baballisu. Waldaa Kristiyaanaa dhaabaa amantaa wajjin kan waaqeffachuun hin taaneef kanneeniifi.

Ati fageenyaan Barumsa macaafa qulqulluu baratteetta ta`a, ykn Raadiyoodhaan dhageesseetta ta`a, karaa kanaanis ta`e karaa biraa gooftaa amantee abboomamtee miseensa Waldaa Kristoos taateetta ta`a. erga akkas ta`ee immoo ati Kristiyaana kophaa jiruudha. Yookaanis hojiidhaafis lafa jirtuu jijjiiramtee lafa ykn iddoo waldaan Kristoos hin jirre dhaqxeetta yoo ta`e, dhugaan sitti hima achi kohaa kee jiraachuu keetiif galanni gooftaaf haa ta`u. atis Waaqayyoon galateeffadhu, sa-

babni isaa, ati achitti Waldaa Kristoosiin akka jalqabduuf carraatu siif uumame jechuudha. Kunis akeeka Waaqayyooti, Waldaa Kristoosiin jalqabuudhaaf ani Eenyu? jechuu dandeessa. Kana malees sababoota biroo tarreessuu dandeessa, garuu dhugaan jiru, ati itti yaaddee jennaan, wanti ati gochuu hin dandeenye tokko illee hin jiru. Gooftaanis si wajjin jira.

Waldaan Kristoos iddoo ati jirtu jiraachuu qabdi. Sababni isaa hawwasni naannoo kee jiran fayyuu qabu. Atii fi Waldaan Kristoos Kristoosiin iddoo buutaniittu. Namoonni dhugaa fi soba sirrii fi dogaggora adda baasanii akka baraniif isin sababa taatu. Akka dhugaa filataniifis qooda guddaa qabdu. Kristiyaanaa fi Waldaa kristiyaanaa malle biyyi lafaa dukkana keessa jirti kanaaf iyyuu ibsaa kana kan ibsu, dhugaa kana kan mullisu sii fi Waldaa Kristiyaanaati.

Waldaan Kristoos Waaqeffachuu duwwaa utuu hin ta`in, wangeela Kristoosis barsiisuu fi lallabuudhaan qooda dammaqiinsaa godhuu qabdi. Karaa hundumaan, barreessitee raabsuudhaan, afaaniin lallabuudhaan, iddoo hojiitti, walga`iitti kanaa fi kan kana fakkaataniin wangeela ibsuu fi labsuu qabdi. Waldaan Kristiyaanaa waan kana godhuudhaaf amma guddoo ta`uu qabdi? Sagaleen dubbii Waaqayyoo akkasitti dubbifanna Yesuus akkas jedha “Iddoo namoonni lama yookiis sadii maqaa kootiin walitti qabamanitti , ani achitti isaan gidduutti nan argama” jedhe (Maatewos 18:20). Kana jechuun baayyina miseensootaa ilaalchisee atii fi namni biraa tokko Waldaa Kristoos jalqabuu in dandeessu. Achi irraa baayyinaan guudachaa deemuu dandeessu.

Waldaan Kristiyaanaa warra fayyaniin ijaaramuu ishee yaadadhu. Kanaaf iyyuu namoonni gooftaaf yeroo abboomaman, inni isaan fayyisa, Waldaa isaatti isaan dabala. Maabarri ykn Waldaan nama lamaa fi lamaa oliin jalqabuu dandeessi, ammuma kanaan waaqeffachuu walii wajjin hojjechuu danda`u. yoo walii galanis guddachuu fi waan guddaas gooftaaf ulfinni akka ta`u godhuu danda`u.

Waldaan Kristiyaanaa Waldaa Kristoos jedhamtee Beekamti.

Karaa biraa immoo akka Caaffanni qulqullaa`aan ragaa ba`utti Waldaan Kristoos maqaa Kristoos uffatti, barumsa isheetiin, waaqeffannaa isheetiin, tajaajila isheetiin, waan gootu hunduma iyyuu sagalee dubbii Waaqayyoo irratti hundoofteeti, ergamni ishees dhimma Kristoosiin baballisuu dha. Ulfina Kristoos mullisuudha.

Kristiyaanaa fi miseensa Waldaa Kristoos ta`uun attam nama gammachiisa. Atis iddoo jirtutti Waldaa Kristoosiin jalqabuudhaaf qooda guddaa qabda. Jabaadhu siif kadhanna, gooftaanis si gargaara.

Barumsa 8

Waldaa Kristoosiin akkaataa itti Jalqaban

Bu`uurri Qu`annaa keenya kanaa iddoo jirtutti Waldaa Kristoos akkaataa itti jalqabdu yeroo ta`u, kanas magaalaa keessa jirtutti, ganda keessa jirtutti, naannoo keessa jirtutti Barbaachisummaa Waldaa Kristoos jalqabuu irratti Xiyyeeffata. Kanas akkamitti akka irratti hirmaatu barsiisa.

Barumsa keenya kana irratti Waldaa Kristoosiin akkamitti akka jalqaban ilaalla. Barumsa keenya kanaan duraa irratti, barbaachisummaa fayyinaa, akkaataa itti gooftaaf abboomaman, akkamittiin akka Waldaa Kristoos adda baafannu, iddoo jirtutti Waldaan Kristoos in barbaachisa kan jedhanii dha kkf irratti haasofneerra.

Utuu fuul dulduratti hin deemin irra deebi`een jedha, Kan irratti xiyyeeffachaa jirru, akkamitti Waldaa Kristoosiin jalqabna isa jedhu dha. Kunis iddoo isheen kanaan dura hin jirretti jechuudha. Waldaan Kristoos jiraannaan itti dabalammu malee, Waldaa sana gara baasuu si hin barbaachisu. Naannoo sanatti tarii waldaa Kristoos jedhee gareen of waamu yoo jiraate, barsiisa isaanii, waaqeffannaa isaanii, tajaajila isaanii, maqaa isaan uffatan ilaaltee adda baafachuu dandeessa. Dhugaadhaan kan Gooftaati moo kan Gooftaa miti isa jedhu addaa baafachuun dirqama. Maali addaa addummaan? Jechuu dandeessa. Wanti adda baafatan sirrii moo sirrii miti isa jedhu baru dha. Goofta-

an fedhii isaa kaa`eera, wanti akka fedhii gooftaa hin taane hundi dogoggora jechuudha.

Magaalota baayyee keessatti amantoonni toko tokko mana isaanii keessatti ykn mana biraa kiraayii fudhatanii achi keessatti waan waaqef-fataniif waldaa kristiyaanaa baayyee qabna, jechuudha. Yeroo tokko tokko immoo waldooliin tokko waldoota biroo wajjin walitti makamanii waaqeffatu. Kun gaarii miti. Iddii warri kaan jiranitti walgar-gaaruu malee walitti dhufanii waldaa bikka tokkoo ykn bikka lamaa walitti qabamanii waaqeffachuun booda irra gargar ba`insa fida.

Kanaaf amma wanti irratti haasa`aa jirru, waa`ee waldoota jiranii utuu hin ta`in iddoo waldaan Kristoos hin jirretti akkamitti akka jalqabuun danda`amuu dha. As irratti Waldaa Kristiyaanaa jalqabuu jechuun Waldaa Kristiyaanaa haaraa ykn waldaa mataa keenyaa jalqabuu jechuu utuu hin ta`in Ishee dhuma kan Kristoos isheedhuma inni “Waldaa ko nan ijaara” jedhee abdi kenne isheedhuma Hojii Ergamootaa 2 irratti jalqabdee biyya lafaa wal geesse sana iddoo hin jirretti akkamitti jalqabna isa jedhuudha. Kunis kan abdi kenname (Maatewos 16:18,), ishee Yerusaalemitti, jalqabde, ishee namni 3000 cuuphamuun jalqabde sana, warra fayye sanas gooftaan Waldaa isaatti dabale (Hojii Ergam. 2:47). Erga gaafa sanaati haaluma akkasiitiin yeroo namoonni fayyan waldaan jalqabaa turte, ammas bifuma akkasiitiin hojjetamaa jira. Kanaaf iyyuu iddoo ati jirtutti waldaa Kristoos jalqabuu yeroo jennu ishee dhuma kan Kristoos ishee iddoo biraa jirtu lafa ati jirtutti jalqabuu jechuu dha. Egaa atii fi warri kaanis yeroo abboomamtan achitti jalqabuun salphaa dha.

Haalli ke tarii ati Kristiyaan, miseensa Waldaa Kristoos, kan Wangeela gooftaatiif abboomamte dha, yoo taatee garuu Waldaan Kristoos iddoo ati jirtu hin jirtu yoo ta`e, akkam goota? Kophaa kee taatus yeroo hundaa torbaan irraa guyyaa isa duraa sanbata guddaa, macaafa qulqulluu qu`adhu, kadhaddhu, faarfannaa faarfaddhu, irbaata qulqulluu fudhachuudhhaaf maxinoo xinnoo maxiniiti, eyinaba ykn zabii-

ba barbaadii affeeli bishaan isaa maxinoo sana akka foon gooftaatti, bishaan wayinii sana immoo akka dhiiga gooftaatti fudhadhu kanas akka Phaawuloos 1 Qorontoos 11:23-29, irratti qajeelfama kenne saanaan fudhadhu, achii boodas miindaa ykn waan hojjetee argatte irraa kennaa waan garaan kee yaadee jaallatee jedhe kenni, kennaa kanaan is tarii Macaaf qulqulluu bituu, waan irbaata qulqulluu ittiin fayyadaman bituu, fi kan kana fakkaatan irra oolchi. Kophaa kee kana gochuun cimina kee agarsiisuu isaati, kana immoo amma namoonni biroon fayyanii sii wajjin Waaqeffachuuf argamanitti addaan hin kutin.

Ani utuun si ta`ee maatii koo, hiriyoota ko, firoota ko, ollaa ko waaqeffannaa ko irratti akka argamanin afeera. Amma isaan amanantitti isanii wajjinan haasa`a. namni tokko fayyuudhaaf waan inni godhuu qabun itti hima, waan macaafni qulqulluun waa`ee Waldaa barsiisun itti himan ture, kana gochuudhaan guyyaa tokko gooftaaf abboomamuu danda`u, isaanitti abboomamuudhaaf waan gochuu qabanin itti hima. Waaqayyoon amanuu yaada garaa ofii geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa afaaniin dubbatanii dhugaa ba`uu, kana booda bishaan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphamuu akka qabanin itti hima. (Hojii Ergamootaa 2:38, Maarqos 16:16, Maatewos 28:18-20, Roomaa 6:3-4, Qolasaayis 2:12) yoo kun ta`ee amananii cuuphaman bishaan keessatti cuuphaman kun isaan dhossuu isaa adda baafadhau, sababni isaa awwaalamuudhaan cuuphaan raawwata waan ta`eef.

Namni gooftaadhaaf ykn wangeela gooftaatiif akka kanaa oliitti barreeffametti kan abboomamu yoo jiraate, waldaan Kristoos jalqabamuu bira dabree guddachaa jirti jechuudha. Egaa walitti qabamuu fi waaqeffachuuf mana kee keessatti, galma kreeffatee, namoota afeertee, firoota afeertee waaqeffachuu dandeessu. Achii booda miseensota dhiiraa keessaa, eennyu akka sagantaa, faarfannaa, kadhannaa, irbaata qulqulluu hiruu, qodaa kennaa naanneessuu akka qabu sagantaa mijeessita. Maxinoo fi cuunfaa wayinii irbaata gooftaaf ta`u, garuu dubartoota akka qopheessan goota. Dubartoonni waltajjii irratti

ba`anii lallabuu, barsiisuun, dhiira irratti haboo godhachuun isaaniif hin hayyamamne. Dubartoonni ijoollee daa`ima barsiisuu, dubartoota barsiisuu, wangeela eenyuuf iyyuu dhugaa ba`uu, in danda`u.

Egaa waa`ee akkamitti lalabna isa jedhuuf, yoo akka qajeelfama, traaktii tokko tokko siif erginu yoo gaafatte siif in ergina, waan guddina hafuuraatiif sii fi waldaa keetiif barbaachisu siif ergina.

Yoo ati Durba ykn dubartii taate kun waan si rakkisu fakkaachuu danda`a, garuu Waldaa Kristoos biyya kee keessa jirtuu wajjin akka walqunnamtuuf haala mijjessuun in dandaa`ama, kanaaf obboleessi tokko dhufee akka si gargaaru in godhama, isaan dura garuu dhugaa arkaa qabdu kana maatii keef, hiriyoota keetiifis olloota keetiifis qooduu hin dhiisin. Kana goonaan dhugumaan milk`aaina argatta.

Kuni waan ulfaataa miti, namni of kenne, muratee jaalala gooftaa, qabu jiraachuu duwwaa barbaachisa, namni akkasii argamna, shakkii tokko malee jalqabni waldaa fi adeemsi guddinaa itti fufa jechuudha. Gooftaanis hojii isaatiif calluma hin jedhu. jabaadhu.

Barumsa 9

Akkaataa Cuuphaa

Iddoo ati jiraattutti Waldaa Kristoosiin akkamitti akka jalqaban kan Jedhu Barumsi keenya, qu`annaan keenya itti fufa. Iddoo waldaan Kristoos hin jirre jirta yoo ta`e, akka atumti jalqabdu si Jajjabeessuu barbaanna. Wanti guddaan garuu atumtuu miseensa Waldaa Kristoos miti yoo ta`e, akka Wangeela gooftaaf abboomamtun si gorsa, sis jajjabeessa. Achi booda ati naannoo sanatti Waldaa Kristoosiin Jalqabuudhaaf dandeettiis, beekumsas in godhatta.

Egaa barumsa kana keessatti, waa`ee Cuuphaa, jechuunis akkamittiin akka cuuphanii fi eenyu faan akka cuuphamuu qaban waliin ilaalu irratti Xiyyeeffanna.

Duraan dursa cuuphaan akka Macaafa qulqullaa`aatti maali akkamitti isa jedhu ballifnee ilaaluutu nu barbaachisa. Macaafni qulqul-

luun Cuuphaa, bishaan keessatti Awwaalamuudhaan raawwachuu, isaan cubbuu irraa dhiqamuu nu barsiisa. Phaawuloos Akkas jedha “Yookiis nuyi warri Kristos Yesuusitti dabalamuudhaaf cuuphamne, du`a isaattis isatti dabalamuudhaaf akka cuuphamne in wallaaltanii ree? Nuyi cuuphamuudhaan du`a isaatti isatti dabalannee isaa wajjin awwaalamneerra, Kristos humna abbaa isa ulfina qabeessaan warra du`an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti in jiraanna” jedha (Roomaa 6:3-4). Akkasuma Qolosaayis irratti “Cuuphaadhaan Kristosii wajjin awwaalamtanii hojii aangoo Waaqayyoo isa warra du`an keessaa isa kaasetti amanuu keessaniin, isinis immoo isaa wajjin du`aa kaafamtaniittu” jedha (Qolosaayis 2:12).

Hojii ergamootaa 8 irratti Filiiphos yeroo inni namicha Itiyoophiyaa barsiisuu isaa argina, namichis erga wanti hundinuu galeefi Cuuphamuu dhaaf gaafate. Filiphosis yoo amante hayyamameera jedheen. Yommusuma Isaan lachuu bishaan keessa lixan, cuuphaa boodas bishaan keessaa ba`an, jedha barreeffamni.

Isaan lameen Maaliif bishaan keessa lixan? Gadi bu`an? Filiiphos akka bishaan keessa gadi licisee cuuphuufi.kanaaf Filiphosii wajjin bishaan keessa gadi lixan, innis in cuuphame, isaan lamaan iyyuu bishaan keessaa ba`an. Egaa Caaffanni qulqullaa`oon cuuphaan bishaan keessa gadi lixanii bishaaniin dhokfamarii cuuphamuu ta`uu isaa nutti hima.

Itti aa`ansinees cuuphaan Dhiifamuu cubbuuf ta`uu isaa ibsuu barbaanna. Nuyi Cuuphaan kophaa isaa in fayyisa jechaa hin jirru, garuu cuuphaan dhiifamuu cubbuuf erga ta`e, cuuphaan dura dhiifamuun cubbuu waan hin jirreef cuuphaan karaa kana fayyisa jenna. Waaqayyotti amanee yaada garaa geeddaratee Kristoosiin dhugaa ba`ee cuuphama. Kristoos ergamoota isaatiin gara biyya lafaa hundumaa dhaqa uumama hundatti wangeela lallabaa kan amane kan cuuphames in fayya kan hin amanin garuu itti faradama, jedhee erge (Maarqoos 16:15-16). Lallaba Pheexroosii fi ergamootaa dhagaa`anii

namoonni baayyeen “maal goonu ree?” yeroo jedhanitti deebisaan kennameef “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, Cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf maqaa Yesuus Kristoosiin Cuuphamaa kennaa hafuura qulqulluus in fudhattuu” jedheen (Hojii Ergamootaa 2:38). Cuuphaan nama cuuphamu sana Krisoosii fi Waldaa Kristoositti dabala. Phaawuloos akkas jedhe “Amantiidhaan isin hundumti keessan karaa Kristoos Yesuus ilmaan Waaqayyooti, Warri Kristoositti dabalamuudhaaf cuuphamtan Kristoosiin akka uffataatti uffattaniittu” Jedhe (Galaatiyaa 3:26-27).

Kan biraa namni tokko cuuphamuudhaan, du`uu awwaalamuu fi awwaala keessaa ka`uu Kristoosiin agarsiisa. kristos fannoo irratti du`e, namni tokkos cubbuu isaa irra du`a, Kristoos dachii keessatti Awwaalame, Namni sunis bishaan keessatti awwaalama, Kristoos Awwaala keessaa ykn du`aa ka`e, inni bishaan keessatti cuuphame sunis bishaan sana keessaa in ka`a. achii booda jireenya haaraatti deddeebi`a, inni Roomaa 6 nutti himu isa kana. Namni tokko egaa waan namatti tolu ykn waan nama gammachiisu, cuuphamuudhaan du`uu awwaalamuu fi Awwaala keessaa ka`uu Kristoos agarsiisa.

Yoo cuuphamtee miseensa Waldaa Kristoos taate, ati warra naannoo kee jiraniif dhugaa kana himuudhaaf qophooftetta jechuudha. Egaa iddoo sana si malee namni biraan hin jiruuti, namni tokko yoo amanee cuuphamuu barbaade akkam goota? Wanti kun baayyee salphaa dha. Inni duraa bishaan baayyee nama dhossuu danda`u barbaadi. Bishaanni kun laga, haroo, galaana, bishaan hootela guddaa kan namoonni daakan ta`uu danda`a, garuu bishaan yeroo cuuphaa awwaaluu danda`u ta`uu qaba. cuuphaa kanaaf kan isaaf ta`u, wayyaa ykn uccuu biraa kan jijjiirratu qopheessuu qabda, inni kana uffatee cuuphamee booda irra uccuu mataa isaatii akka geeddaratuuf. Yoo danda`ame nama cuuphamu sanaa wajjin firri utuu dhufee gaarii dha, akka arganiifis.

Macaafa qulqulluu keessaa waa`ee cuuphaa ilaalchisee luqqisa

tokko dubbisiif, fakkeenyaaf Hojii Ergamootaa 8:26-39, ta`uu danda`a. achii booda faarfannaa tokko ykn lama faarfadhaa. Waa`ee fi-liiphoos namicha Itiyoophiyaa cuuphe sana ibsiif, Amanuu namichaa, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu dhugaa ba`uu isaa, ibsiif achii booda ati, nama cuuphamu sanaan “Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa in amantaa?” jedhii gaafadhu, namni sunis “Eeyyee Yesuus ilma Waaqayyoo ta`uu isaa nan amana” jedha.

Akka dhuga ba`insi sun raawwateen bishaan sun nama sana dhoksee akka namichi guutuu guutuutti bishaaniin aguugame adda baafadhuuti “Fedhii abboomamuu ati qabdu irratti hundaa`een aboo Kristoosiif kennameen maqaa abbaa maqaa ilmaa fi hafuura qulqulluutiinan si cuupha jedhii cuuphi. Luqqisni kun hojii ergamootaa 28:18-20, irratti argama.

Achii booda harka kee bitaa dudda isaa gama olii jala gootee isa deggaruudhaan, funyaan isaa akka bishaan seenee hin cinqineef funyaan akka qabatu gootee, bishaan keessa gadi teessisuudhaan achii booda guutummaa dhagna isaatii bishaan keessa gadi ciibstee cuupxa.

Erga cuuphaan raawwatee booda faarfannaa tokko ykn lama faarfachuu in dandeessa, amma namni cuuphame kun kristiyaana ta`eera, ykn taateetti, inni obboleessa keeti ykn isheen obboleettii keeti, ani yoo dhiira ta`e guyyuma sana kadhannaa akka inni kadhatun godha, isaaf kadhannaa inni kadhatu kun isaaf yeroo jalqabaatiifi. Nama kanaaf inni lubbuu haaraa, ta`uu isaa ilmoo Waaqayyoo ta`uu isaa akka yaa-datu godhanii gammachiisuun attam namatti tola.

Namni kun erga cuuphamee booda waldaa Kristoositti dabalama, egaa erga ati Kristiyaana taatee, obboleessi kun ykn obboleettiin kun si wajjin lama taataniittu, kana booda guddachaa deemu jechuudha. Amma egaa bishaan adda irratti facaasuu fi mataa irratti naquun caaf-fata qulqulluu irra akka hin jirre argiteetta.

Garuu atumti iyyuu cuuphaadhaan gooftaaf abboomamteettaa ? yoo miti ta`e mee itti yaadi.

Barumsa 10

Akkaataa Waaqeffannaa

Barumsi keenya buu`uurri isaa iddoo ati jirtutti Waldaa Kristoos akkamitti jalqabuun ta`a, isa jedhuu dha. Ati yoo Kristiyaanaa fi mi-seensa Waldaa Kristoos miti taate, akka ati wangeelaaf abboomamtee Waldaa Kristoositti dabalantuuf sin jajjabeessa. Yoo kristiyaanaa fi mi-seensa Waldaa Kristoos taate immoo iddoo jirtutti waldaa Kristoos akka ati jalqabun si jajjabeessa. Kana kan ati godhuu dandeessu, barumsa kana maatii, ollaa, hiriyoota keetiif yoo barsiifteedha, namoonni barumsa kana fudhatanii yoo abboomaman ati waldaa jalqabuu dandeessa.

Barumsi keenya inni kun akkaataa waaqeffannaa yeroo ta`u, Waldaan Kristoos waaqayyo akka waaqeffatamuu qabu amanti kanaafis waldaan Kristoos iddoo jirtu hundatti gooftaa waaqeffatti.

Namoonni baayyeen irra guddaan jechuudha in waaqeffatu garuu waaqeffannaan isaanii beekumsa maleeti. Phaawloos imala isaa Ateen-sitti wanti akkasii isa mudateera.(Hojii Ergamootaa 17:23). Kristoosis “Ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu” kan jedhu caafamee jira. Jedheera (Marqos 7:7). Kanaaf iyyuu akka Waaqayyo fedhutti isa waaqeffachuu qabna. Akkamitti akka waaqeffatamu baruudhaaf gara caaffata qulqullaa`oo dhaquu qabna.

Waa`ee waaqeffannaa ykn sagadaa macaafni qulqulluu waan jedhu qaba. saaxaanni yeroo gooftaa Yesuusiin qore sanatti akka sagaduuf gaafate, gooftaa Yesuus garuu akkas jedhee deebise “Yommus Yesuus immoo “Seexaana nana argaa koo duraa turi, ` Waaqayyo kee gooftichaaf jilbeenfattee sagadi isa duwwaafis hojjedhu` Kan jedhu caafameera” jedheen (Maatewos 4:11). Iddoo biraatti immoo “Waaqayyo hafuura warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagadun in ta`aaf “ ittiin jedhe (Yohaannis 4:24). Kanaaf nuyi Waaqayyoon soodaadhaan, kabajaadhaan gadi jechuudhaan waaqeffachuu qabna. Sabni Waaqayyoo yeroo kamiin iyyuu walitti qabamanii Waaqayyoon

Waaqeffatu, kan waaqeffatanis Macaafa qulqulluu dubbisuu, qu`achuu, faarfachuu, kadhachuu, Waaqayyoon galateeffachuu danda`u. haa ta`u malee Waaqayyo Waldaan Kristiyaanaa guyyaa kam, yoom akka Waaqeffatan kaa`eera. Innis Hojii Ergamootaa 20:7, irratti akka isaan torbaan irra guyyaa isa duraa Waaqeffatan in dubbata. Phaauloos Kristiyaanonni torban irraa guyyaa isa Jalqabaa akka isaan kennaa kennan dubbateera (1 Qorontos 16:1-2).

Kakuu Moofaa keessatti guyyaa waaqeffannaa, torbaan irraa guyyaa isa torbaffaa ture, Kristoos kakuu haaraa fidee dhufuudhaan isa moofaa sana karaa irraa maqseera. Kakuu haaraa kana raggaasiseera. (Ibroota 8:13, 9:15-17). Kakuu isa haaraa irratti guyyaa Waaqeffannaa haaraa kenne, torban irraa guyyaa isa jalqabaa Sanbata guddaan guyyaa Waaqeffannaadha.

Guyyaa kanatti yeroo Waaqeffannu Macaafa qulqulluu in dubbifna, in qu`annas, yeroo macaafa qulqulluu dubbifannu, Waaqayyo nutti dubbata, nu gorsa, nu eebbisa, nu barsiisa, waan godhuu qabnus nutti hima. Gooftaa Yesuus Yohaannis 5:39 irratti "... isin macaafa in qortu caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba`u" jedheera. Phaawloosis "Ati akka hojjetaa qoramee fudhatamee, waan itti yeella`uu hin qabnetti, akka nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltootti hojjetutti, Waaqayyo dura dhaabbachuudhaaf dham`I" jedhe (2 Ximotewos 2:15). Waaqayyo amma sagaleedhaan nama Waamee hin dubbatu, garuu dubbii isaa keessan in dubbata. Kanaaf kabajuudhaaf ulfina kennuudhaan waan inni jedhu dhageenyee godhuu qabna, isaafis abboomamuu qabna. Yaaqoob akkas jedha "warra dubbicha hojii irra oolchan ta`aa malee, warra dhaga`uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta`inaa" (Yaaqoob 1:22) 21 irratti immoo duubbiin kun kan lubbuu fayyisuu dha jedha. Ammas itti fufee "Namni seera birmadummaa isa hir`ina hin qabne keessa lixee ilaalu, isa biraas kan hin deebine, isa dhaga`ee hojii irra kan oolchu malee, kan hin irraanfanne garuu, gocha isaatti gammaduuf jira" jedha (Yaaqoob 1:25). Yeroo walitti qabamnee

dubbifannu qua`annu gatii barbaachisummaa isaa arguu dandeenya.

Ulaagaa waaqeffannaa keessaa inni kaan immoo kadhannaadhaan waaqeffachuu dha. Gooftaan dubbii isaa keessan nutti dubbachuu barbaada, nuti immoo kadhannaa dhaan isatti dubbanna. Dhuunfaattis ta`e walga`ii waaqeffannaa keessatti Waaqayyo akka nuti kadhannu barbaada. Erga Waldaan Kristiyaanaa hundooftee booda waa`ee ergamootaa fi bartootaa akkas jedha “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42). Kristoosis ergamoota isaa akka isaan kadhata irratti ciman gorseera (Luuqaas 18:1). Phaawloosis utuu addaan hin kutin akka kadhadhuu fi amala godhannu dubbata (1 Tasalonqee 5:17). Ammas akkas jedha “Waan hundumaatti kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti isin barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekkamu godhaa malee, waanuma tokkotti yaaddoo hin godhatinaa” jedha (Filiphisyus 4:6). Caalaatti dhuunfaattis ta`e walga`ii irratti kadhata ilaalchisee isa Yohannis jedhe yaadanna “Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne inni nuuf in dhaga`a, akka kanatti isa in amananna. Kadhata keenya akka inni nuuf dhaga`u yoo beekne, waan kadhanne akka isa biraa argannus in beekna” (1 Yohaannis 5:14-15). Wanti qabxiin as jiru akka fedhii Waaqayyooti kadhachuu akka qabnuu dha. Yoo akkas ta`e Waaqayyo kadhannaa keenya nuuf deebisa jechuudha. Waaqayyo waan nuuf ta`u in beeka.

Waaqeffannaa keenya keessaa inni tokko immoo faarfannaadhaani. Phaauloos akkas jedha. “Qooqa garaa garaatii, faarffannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis wal harkaa fuudhaa ! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa” (Efeesoon 5:19). Akkasuma Qolosaayis keessattis “Dubbiin Kristoos akka badhaadhummaa isaatti isin keessa haa jiraatu, ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas, Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatinis galata garaa keessanii Waaqayyoof faarfadhaa” (Qolosaayis 3:16), luqqistoota kana keessatti akka garaa keenyaan faar-

fachuu qabnu, akka galateeffachuus qabnu qooqa keenyaan akka ta`u cimsee himaa jira. Barreessaan macaafa Ibrootaas akkas jedha “Egaa kottaa karaa isaa utuu gargar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhi`eessinaa ! Aarsichis maqaa isaa beeksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba`uudha” (Ibroota 13:15). Kun hundumtuu Waaqayyo kan nurraa barbaadu faarfannaan keenya meeshaa muuziqaa mekaanikaaliitiin utuu hin ta`in, garaa keenya keessaa galata afaan keenyaan akka dhiheessinuuf barbaada, jchuu nu barsiisu.

Nuyi immoo torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa, yaadannoo gooftaatiif irbaata qulqulluu hirmaachuu qabna. (Hojii Ergamootaa 20:7). Phaawulos 1 Qorontoos 11, irratti irbaata gooftaa dhagana isaa isa nuuf jedhee murame, dhiiga isa nuuf jedhe dhangala`e, isa dhiifamuu cubbuu keenyaatiifis nuuf ta`e yaadachuudhaaf akka fudhachuu qabnu himeera. Yeroo kana fudhannu yaadannoo isaatiif akka ta`uuf yeroo fudhannu of qoruu akka qabnus nutti himeera.

Dhuma irratti ulaagaa waaqeffannaa keenyaa keessa waan arganne irraa Waaqayyoof in kennina (1 Qorontos 16:1-2). Waan garaa keenya keessatti yaadne, gaddaan utuu hin ta`in gammachuudhaan akka kennuu qabnu (2 Qorontos 9:6-7), kunis fedhii dhaan kan ta`u yeroo ta`u, kennaan kunis hojii mana Waaqayyootiifi.

Waldaa Kristoos haaraa jalqabde keessatti dhiirota obboleeyyan keessa, eenyu akka dubbii waaqayyo barsiisu, eenyu akka sagantaa faarfanna, geggeessu, kadhannaas geggeessu, irbaata qulqulluus hiru, qodaa kennaas naannessu ramadamuu qabu.

Barumsa 11

Irbaata Qulqulluutiin tajaajiluu

Barumsa keenya walii galaa Iddoo ati jirtutti Waldaa Kristoosiin akkaataa itti jalqabuun dandaa`amuu dha. Barumsa kana itti fufna. Kana gochuudhaaf ati kan fayyitee miseensa Waldaa Kristoos kan taate ta`uu qabda. Miti yoo taate akka wangeelaaf Abboomamtee mi-

seensa Waldaa Kristoos taatu si jajjabeessina. Kana ta`uudhaaf Amanuu, yaada garaa geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu, achii booda dhiifamuu cubbuu keetiitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuutu si irraa eeggama. Kana goonnaan gooftaan si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:47).

Barumsa kana keessatti akkamitti irbaata qulqulluu, yaadannoo gooftaa akka tajaajiluu dandeessu irratti haasofna, kunis Waldaa Kristoos jalqabdu keessatti waan ta`uun irra jiru beekuudhaafi.

Irbaanni qulqulluun Kristoos irraa dhufe, Kristoos irbaata qulqulluu isa maayyii gaafa ayyaana faasikaa yeroo ergamoota isaa wajjin fudhatu seera Musee jala turan. Garuu seerri sun du`aa ka`uu Kristoos booda shaaramee Seera Kristoosiin iddoo bu`e. seera haaraa ykn kakuu haaraa yaadachiisuudhaaf irbaata qulqulluu fudhataniiru. Galmeen caaffataa akkas jedha “Utuu nyaachaa jiranii, Yesuus buddeenicha fuudhee , eebbisee, cabsees bartoota isaatiif kennee “Fudhadhaa nyaadhaa, kun dhagna koo ti “ jedhe Xofoos fuudhee Waaqayyoof galata galchee, isaaniifis kennee, “Hundumti keessan kanattii dhugaa! Kun dhiiga koo ti, dhiigni kun kakuu dhaabate sana cimsuudhaaf , dhiifamuu cubbuu namoota baayyeetiif dhangala`a. ammaa jalqabee, hamma guyyaa gaafa ani mootummaa abbaa koo keessatti isa haaraa isinii wajjin dhugutti, deebi`ee daadhii wayinii kanattii akkan hin dhugne isinittan hima “Maatewos 26:26-29). Luqqisni maayyiin Kristoos dubbate kun kan ibsu amma du`ee awwaalamee awwaala keessaas ka`utti akka hin dhugne akka hin nyaannes hima. Achii booda yeroo irbaanni qulqulluun fudhatamu hunda Kristoos hafuuraan yeroo hundumaa warra fudhatuu wajjin akka jiraatuudha. Waa`ee irbaata qulqulluu kanaa Maarqoos 14:22-25, Fi Luuqaas 22:14-20 irratti caafameera.

Phaawulos Kristiyaanota Qorontoosiin akkas jedha “Barsiifni ani isinitti dabarse, isuma ani gooftaa biraa fudhadhe ture. Innis Yesuus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kenname sanatti buddeena fuud-

hee Waaqayyoon galateeffatee, buddeenicha cabsee , “Inni isiniif cabe kun dhagna koo ti, kanas Seenaa kootiif godhadhaa !” jedhe. Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti xooficha fudhatee “xooffoon kun kakuu isa haaraa, dhiiga kootiin dhaabatuu dha, yeroodhuma isa kees-saa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa” jedhe. Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xooffoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebi`ee dhufutti akka inni namootaaf du`e in lab-situ. Kanaafis sababii maaliitiif akka dhi`aatu utuu gargar hin baasin namni buddeenicha nyaatu, xooffoo gooftaa keessaas dhugu, dhagna gooftaa dhiiga isaas in yakka. Egaa , namni qoree of haa ilaalu ! Ergasiis buddeenicha haa nyaatu, xoofichas haa dhugu. Dhagna gooftaa ta`uu ta`uu isaa yaadatee utuu gargar hin baasin namni buddeenicha nyaatu, namni xoofichas dhugu , firdii of irratti fiduudhaan in nyaata in dhugas” jedhe. (1 Qorontos 11:23-29).

Kanaa olitti kan caafame akka gooftaan irbaata qulqulluu sabni isaa hirmaachuu qaban barbaaduu isaa akka ta`e ibsuu isaati. Budeenichi dhagna Kristoos xoofichi dhiiga Kristoos ta`ee yaadannoo isaatiif akka fudhatamu beekuun barbaachisaa dha. Garuu gooftaan akka kana goonu maaliif barbaade? Inni nuuf du`uu isaa, cubbuu namoota biyya lafaa hundumaaf wareegama kaffaluu isaa akka yaadannuufi, kana yeroo fudhannu akka Yesuus amma lubbuun jiru, guyyaa tokko akka deebi`ee dhufus yaadachuudhaaf kan ta`uu dha. Phaawlos fudhachuu keenyaan dura of qoruu akka qabnu dubbata, kana jechuun tarii yoo cubbuu hojjenneerra ta`e utuu hin fudhatin dura yaada garaa geeddarannee gooftaa wajjinis araaramnee qulqulloofnee achii booda akka fudhachuun nu irra jiru nu beeksisuu isaati.

Irbaata gooftaa kana eenyutu fudhachuu qaba? dhugumatti irbaanni gooftaa warra amanee, kristiyaanota duwwaatu fudhachuun ta`aaf, garuu yeroo irbaanni gooftaa kun hiramuu namuma hunda dura qabna, achi keessa tarii yoo kan iddoo biraatii dhufan, kristiyaana ta`an nuyi garuu hin beekne jiraachuu danda`u, kanaaf nuyi eenyuun iyyuu

dhorkuu hin dandeenyu, namni sun ofii isaa beekke murteessuu qaba. Itti aa`ansuudhaan irbaata qulqulluu kan yoom fudhanna? Yeroo meeqa meeqatti fudhanna? Irbaata qulqulluu ykn yaadannoo gooftaa tprbaan irraa guyyaa isa duraa yeroo hundumaa fudhanna Hojii Ergamootaa 20:7, irratti waaqeffannaa dhaaf walitti akka qabamanii buddeenas cabsatan hima. Iddoo biraattis “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42). Luqqisni kun sabni gooftaa buddeena cabsachuu isaanis in dubbata. Luqqisni lameen kun irbaata gooftaa kan ibsuu dha. Akkuma Dubbii Waaqayyoo qu`atan, akkuma faarfannaa dhaaf, akkuma kadhannaadhaaf, akkuma kennaadhaa waaqeffachuuf guyyaa sanbata guddaa walitti qabaman irbaata gooftaa hirmaachuudhaafis guyyaa hundaa walitti qabamu. “Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xooffoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebi`ee dhuffutti akka inni namootaaf du`e in labsitu” (1 Qorontos 11:26). Torbaan irraa guyyaa isa duraa yeroo hundumaa.

Hiriyoonna keenya dhaaba amantaa addaa addaa keessa jiran, akka yoo barbaadan, ji`atti ykn ji`a sadiitti, ykn ji`a jahatti ykn waggaaatti al tokko irbaata gooftaa fudhatan dubbatu, kuni caaffata qulqulluu keessa hin jiru, abboommii fi caaffata macaafaa hin eegan yoo ta`e, Amantaan iyyuu maaliif barbaachisa?

Iddoo jirtutti Waldaa Kristoosiin jalqabauuf jetta yoo ta`e, waaqeffannaa irratti torban irraa isa jalqabaa irbaannni gooftaas fudha tamuu akka qabu yaadadhu. Miseensa lamas ta`e darzana taatanis, obboleeyyan dhiiraa keessa, kan Macaafa qulqulluu barsiisu, kan faarfannaa, dursu, kan kadhannaa geggeessu, kan irbaata qulqulluus geggeessu muudi, irbaata qulqulluu fudhachuun dura caaffata qulqulluu keessaa iddoo tokko dubbisi, fakkeenyaaf 1 Qorontos 11:23-29, dubbisaa yookaan Maatewos 26:26-29, dubbisaatii waa`ee luqqistoota kanaa yaada tokko tokkoo irratti ibsaa. Waa`ee du`a Kristoos kan dub-

batan luqqistoota kaanis fayyadamuun in dandaa`ama. Obboleessi sun waa`ee irbaata qulqulluu kanaaf galata gooftaaf dhieessuu qaba. achii warri fudhatu, dhiphina Kristoos fannifamuu du`uu awwaalamuu fi du`aas ka`uu isaa yaadachaa fudhachuu qabu.akkasuma xoofoo sa-naafis kadhatanii galateeffatanii hundumaaf hiruu qabu, xoofoo kana kubbaayyaa xixiqqootti fudhatamuu qaba.

Irbaata gooftaa kana tajaajiluudhaaf ykn qopheessuudhaaf obboleewwan dubartootaatu hirmaata, buddeenni dhagna gooftaa iddoo bu`u kun daakuu shukkuumani utuu hin bukaa`in maxinoo isaa goochuu qabu. Achii booda xoofoo dhiiga gooftaa iddoo bu`u immaa, yoo jiraate cuunfaa wayinii yoo hin jiru ta`e ija zabiibaa affeelanii bishaan isaatiin fayyadamuudha. Cuunfaa kanas kubbaayyaa xixiqqoo ykn shiniitti bubbusanii waan ballaa saana irra kaa`anii akka uubni keessa hin seenneef carqii irra buusuun gaarii dha, yeroo sa`aan ga`utti carqii sana irraa fuudhanii hiruu dha. Warri irbaata gooftaa kana irratti hirmaatan hundi fudhannaa yaadannoo gooftaa kana akka ulfinaatti ilaaluutu irra jira, carraa kana namni hundi kan argate miti waan ta`eef.

Akkaataa maxinoon sun itti qophaa`u

½ lubbaayyaa daakuu

Fallaana shoorbaa 2 zayitii ejersaa

Amalumaaf soogidda xiqqoo itti firfirsanii,waliin makuu, achii booda fallaana 2 bishaan qabnaa`aa itti naquu, fi waliin makuu, shkkuumuu erga maxinoo kana tolchanii booda, billaadhaan walqixxeessanii murruruu geengoo fakkeessanis, digirii 450 godhanis in ta`a. akka ganama nama hin jarjarsineef sanbata duraa (torban irraa guyyaa isa duraa galgala, utuu qopheessanii gaarii dha.

Xoofoodhaaf immoo

Zabiiba ykn ija wayinii goggoge affeelanii yeroo bishaan isaa diimatu irraa buusanii qabbaneessanii qophessuudha, achii booda kubbaayyaa xixiqqootti buusuudhaan waan ballaa irra ka`aan sana irra tarreessanii yeroo sa`aan ga`u, saba Waaqayyoof hiruudha.

Barumsa 12

Akkaataa Kadhataa

Barumsa keenya Iddoo ati jirtutti akkamittiin akka waldaa Kristoos jalqabuun ta`u, itti fufna. Yoo Kristiyaana taatee,iddoo ati jirtu Waldaa Kristoos hin jiru ta`e akka ati jalqabduuf si gargaaruu barbaanna. Wanti si barbaachisu, akkaataa itti jalqaban barumsa beekumsa isaa argachuu, hinaaffaadhaan waldaa Kristoosiin iddoo jirtutti jalqabuudhaaf onnachuu, achii booda tattaaffii gochuu fi itti fufuu dha. Garuu idduma sana teessee namni biraan akka jalqabuuf eeguun matumaa waan milkaa`u miti. Iddoo sanatti, haala sana keessatti kan gooftaan itti fayyadamuuf barbaade suma duwwaa akka ta`e yaadi, hubannoos qabaadhu. Waaqayyoo wajjin hojjechuun gammachuu guddaa akkamii fi carraa guddaa ta`uu isaas hubadhu.

Amma ammaatti ijoo kanaa wajjin kan wal qabate barumsa addaa addaa qu`anneera, amma immoo kanaa wajjin kan walqabatee jiru, akkaataa kadhataa ilaalla. Kadhannaan walga`ii Kristiyaanotaa irrattii fi dhuunfaattis barbaachisummaa isaa beekuu qabda.

Duraan dursa kadhannaan maal akka ta`en siif ibsa. Kadhannaan abbaa keenya isa Waaqa irra jiruu wajjin kan ittiin dubbannuu dha, kadhannaan Abbaa keenyatti kan itti himnuu dha, itti himannuu dha. Karaa biraa kadhannaan mirga Amantoota, ykn Kristiyaanota saba Waaqayyoo duwwaadhaaf kenname kan adda ta`eedhas. Haa ta`uuti sabni Waaqayyoo eenyu faa dha? Sabni Waaqayyo jechuun warra wangeelaaf abboomamanii cuuphamanii, fayyanii Kristiyaana ta`anii Waldaa Kristoositti dabalamanii miseensa waldaa Kristoos ta`anii dha. Isaan kun karaa biraa Maatii Waaqayyo ykn Ijoollee Waaqayyoo jedhamu. Kadhannaa kana keessatti ilmaan Waaqayyo warri dhiiraa fi warri dubartootaa wal qunnamtii isaan abbaa isaanii isa Waaqa irraa wajjin qaban si argisiisa. Cubbamaan kan Kristiyaana hin ta`in garuu gara Waaqayyootti kadhannaa dhiheeffachuu hin danda`u, mirga isaas hin qabu. Namichi Yesuus Ija isaa isa jaamaa fayyiseef waan kana ak-

kasitti dubbate “Waaqayyo warra cubbamootaaf akka hin dhageenye in beekna, nama isa sodaatuuf jaalala isaas isa raawwatuuf garuu in dhaga`a” jedhe (Yohaannis 9:31). Namni kun dhugaa jiru ibse. Kanaaf Waaqayyo warra jaalala isaa godhan, warra isaaf abboomaman kadhata isaanii in dhaga`a, garuu kadhata warra cubbamootaa hin dhaga`u. Pheexroosis akkas jedha. “Iji gooftichaa gara warra qajeelotaa in ilaala, gurri isaas kadhata isaanii in dhaga`a, garuu fuulli gooftichaa warra hamaa godhanitti nyaara in guura” in jedha (1 Pheexroos 3:12). Raajii Isaayyasis baroota dheeraa dura akkas jedheera “Kunoo, harki Waaqayyoo gabaabbatee isin fayyisuu hin dadhabne, gurri isaas duudee iyya keessan dhaga`uu hin dhabne, yakki keessan isinii fi Waaqayyo keessan gidduu goree gargar isin ittise, akka isiniif hin dhageenyettis sababii cubbuu keessaniitiif Waaqayyo fuula isaa isin irraa in deebise, harka keessan dhiigaan, barruu keessanis yakkaan xreessitaniittu, afaan keessaniin soba in dubbattu, arraba keessaniinis micciiramummaa in dhageessiftu” jedheera (Isaayyas 59:1-3)

Namni tokko deebisaa kadhata isaatii argachuuf Waaqayyo irraa argachuuf ilmoo Waaqayyoo ta`uu qaba, mirga Ijoollee isaatiif kennu walqixa warra cubbamootaatiifis hin kennu Waaqayyo, kadhataanii dhageessifachuun kan ilmaan Waaqayyooti.

Waa`ee kadhataa caaffanni qulqullaa`oon waan jedhan qabu.”Amantoonnis barsiisa ergamootaatti tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan” (Hojii Ergamootaa 2:42). Phaawloosis “...Gooftaan dhi`oo dha, dhi`ootti in dhufas, waan hundumaatti, kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti isin barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekkamu godhaa malee, waanuma tokkotti yaaddoo hin qabaatinaa” (Filiphisyus 4:5-6). Yohaannisis “Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne inni nuuf in dhaga`a, akka kanatti isa in amannanna, kadhata keenya akka inni nuuf dhaga`u yoo beekne, waan kadhanne akka isa biraa argannus in beekna” jedheera (1 Yohannis 5:14-15).

Kristiyaanotaaf dhuunfaattis ta`e, walga`ii irratti waa`ee kadhaa irratti kan jajjabeessan luqqistoota baayyeetu jiru, garuu nuyi amma kan irratti xiyyeeffannu qajeelfama tokko tokko kan qaban irratti. Kristoos bartoota isaatiin akkas jedheera, “Abbaan ilma isaatiin ulfina akka argatutti, waanuma isin maqaa kootiin kadhattan ani nan raawwadha. Waanuma tokko isin maqaa kootiin yoo kadhattan ani nan raawwadha” jedheen (Yohaannis 14:13-14). Ammas akkas jedhee Abdii kenneera “Isin anatti qabamtanii yoo jiraattan, dubbiin koos isin keessa yoo jiraate, waan feetan in kadhattu, isiniif in ta`as” jedheera (Yohaannis 15:7). Akka itti kadhatanii fi kadhannaa akkamiitiif deebisaan kenna ma inni jedhu amma ifaa ta`aa jira. Gooftaan warra ergamoota isaatiif waan jedhu, “yoo akkas taatan” jedha. Warra isa keessa jiraatan, warra kristiyaana ta`an, warra miseensa Waldaa Kristoos ta`aniif dubbachaa jira. Inni kan nuuf dubbatu waan ta`eef kadhannaan maqaa isaatiin ta`uu nutti himaa jira.(1ffaa Yohaannis 2:1). Akkasumas 1 ffaa Yohaannis 5:14-15), kadhannaan keenya akka fedhii isaatti ta`uu qaba.

Gooftaan ergamoota isaatiin akka itti kadhatan akkas jedhee barsiise. “Yesuus itti fufee “Yeroodhuma kadhattanis akka warra of argisiisanii hin ta`inaa ! Isaan namootatti mul`achuudhaaf manneen sagadaa keesaa fi walga`ii karaa gurguddaa irra dhaabbatanii kadhachuu in jaallatu, ani dhuguman isinitti hima, isaan gatii isaanii fudhataniiru. Ati garuu yeroodhuma kadhattu mana keetti ol gali, balbala cufadhu, abbaa kee isa iddoo dhoksaa sana jiru kadhaddhu ! abbaan kee inni dhoksaatti argus gatii kee siif in kenna.. yeroo kadhattanis akka warra saba Waaqayyo hin ta`inii, dubbii waa`ee hin baafnee keessa hin deddeebi`inaa. Baay`ina dubbii isaaniitiif waan isaaniif dhaga`amu isaanitti fakkaata. Akka isaanii hin ta`inaa. Abbaan keessan, utuudhuma isin hin himatin iyyuu waan isiniif barbaachisu in beeka.” Jedhe (Maatewos 6:5-8).

Ergamoonni isaa namatti mulli`fachuuf ykn of mullisuuf akka hin kadhanne itti dubbate, kanas akka fakkeenyaatti itti hime, Dhaabni amantaa baayyeen barsiisa kana “kadhannaa gooftaa” jedhu, kuni

barsiisa isaati malee fakkeenyas malee kadhannaa gooftaa miti, hin jedhamus.

Walga`ii Amantootaas ta`e dhuunfaatti kadhatamuun in barbaachisa. Walga`ii irratti, namni kadhatu dhiirri, muudamuu danda`a, yookaanis miseensa obbolowwan keessa tokko kadhachuu in danda`a, geggeessaan sagantaa sana duraan dursee nama kadhatu qopheessee beeksisuus in danda`a, ta`uu qabas, inni kadhatu sun waan irratti kadhatu kennamuufii qaba.

Namni kadhatu sun eebba gooftaan maabaraaf, dhuunfaadhaaf, biyyaaf kenne irratti galateeffachuu qaba, jireenya miseensotaa irratti gargaarsaa fi eegumsa gooftaaf kadhachuu qaba. akkasumas warra dhukkubsataniif kadhatamuu qaba. dhiifama cubbuu gaafachuu qaba. kadhannaan kun hundi gara Waaqayyo abbaa dhaqa, kunis kan kadhatamu maqaa ilma isaa Yesuus Kristoosiin ta`uu qaba. namichi kadhatu sun sagaleen isaa miseensa hundaaf dhagaa`amuu qaba, dhaga`aan malee “Ameen” jechuu hin dandaa`an waan ta`eef, inni afaan isaa keessaa ba`us ifa ta`uu qaba.

Miseensonni kadhannaa kana irratti dhaabatani kadhachuu, ta`aniis, jilgeenfatani kadhachuus in danda`u. walumaa gala kadhannaan kun ulfina gooftaadhaaf kennu, guddummaa isaa waan hundumaa gochuu isaa agarsiisuudhaaf, qalbii fi sodaadhaan ta`uu qaba.

Kadhannaan, irbaata gooftaa yeroo fudhatanis kadhatamuu qaba, Yeroo xofoos yeroo buddeena cabsatanis kadhachuu, qabu, akkasuma yeroo kennaan kennamu sanas waa`ee kenna sanaatiif kadhatamuu galateeffamuu, akkasumas inni kenname kunis akka eebbifamuuf kadhatamuu qaba.

As irratti walga`ii kana keessatti ga`ee dubartootaa ilaalchisee, barumsa keenya fuulduraatti waan ilaalluuf ammaf bira darbina.

Barumsa 13

Akkaataa Faarfannaa

Amma waaqeffannaa keessatti akkaataa faarfannaa barumsa jedhu qu`achuuf jenna. Barbaachisummaa Waaqeffannaa keessatti waan godhuu qabnu waantoota baayyee ilaalleerra, amma immoo faarfannaadhaan waaqeffachuu ilaalla.

Caaffanni qulqullaa`oon sirriitti waaqeffannaa keenya keessatti faarfachuu akka qabnu nu barsiisa. Waaqeffannaa keessatti faarfachuudhaan ol aa`antummaa Waaqayyoo akka dhiessuu qabnu luqqistoota baayyee arkisuu dandeenya. Phaawulos Kristiyaanota Efeesooniin akkas jedha. “Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiinis wal harkaa fuudhaa ! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa” jedha (Efeesoon 5:19). Akkasuma Warra Qolosaayisiin akkas jedha. “Dubbiin Kristos akka badhaadhuummaa isaatti isin keessa haa jiraatu, ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin weedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayyooof faarfaadhaa” (Qolosaayis 3:16) luqqistoota kana lameen keessatti Phaawloos akka amantoonni qooqa garaa garaatiin garaa isaanii keessatti faarfatan himaa jira. Kana jechuun Gooftaan sabni isaa sagalee isaaniitiin akaapeellaadhaan akka faarfatan barbaada. Kana jechuun meeshaa mekanikaalii muuziqaan utuu keessa hin jiraatin jechuudha. Kun amma bara kana keessa barsiisa haaraa ykn keessummaa fakkaachuu danda`a, sababni isaa bara kana dhaabni Amantootaa baayyeen meeshaa muuziqaatiin faarfachuun akka waan caaffanni qulqulluun kakuu haaraa keessatti hayyamameetti fudhachuudhaan meeshaa muuziqaatti fayyadamaa waan jiraniif. Garuu caaffata kakuu haaraa keessatti amantoonni kakuu haaraa, meeshaa muuziqaatiin akka faarfatan kan caafame hin jiru, Kristiyaanonni durii sunis meeshaa muuziqaatiin faarfachuu isaanii wanti caafame hin jiru.

Hubadhu biyya lafaa keessa muuziqaa gosa lamatu jiru. Isaanis, Kan Waaqayyo uume, kan inni jaallatee uume, kan inni dhaggeeffachuu

barbaaduu dha. Inni sagalee namaatiin kan gad dhiifamu muuziqaa qooqa namaati. Inni lammataa muuziqaa harka namootaatiin tolfamanii dha, isaan kun lubbuu hin qaban, ofii isaaniitiin sagalee dhageessisuu hin dandaa`an, yoo harki namaa tuxxuqee, ykn dha`e malee, hafuura hin qaban lubbuu hin qaban, isaan kun meeshaa muuziqaa mekaanikaaliiti.

Kana lamaan keessaa Waaqayyo isa kamiin dhaggeeffachuu barbaada? Innis akkuma Phaauloos jedhe, Qooqa garaa garaatiin weedduu hafuuraatiin garaa keessan keessaa, jedha, kana jechuun hundumtuu wal ga`anii amantoonni ofii isaaniitiin faarfachuu jechuu dha. barreessaan Ibrootaas akkas jedha.”Egaa kottaa karaa isaa utuu gargar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhi`eessinaa ! Aarsichis maqaa isaa beeksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba`uu dha” jedha (Ibroota 13:15). Barreessaan kun wanta afaan keenya keessaa ba`uun Waaqayyoon akka galateeffachuu qabnu nutti himaa jira. Waaqayyo nuyi uumaan isaa sagalee fi qooqa inni nuuf kenneen akka isa waaqeffannu barbaada malee wanti nuyi uumne irraa hin barbaadu.

Namoonni tokko tokko meeshaa muuziqaa mekaanikaaliidhaan yoo faarfanne rakkoo maalii qaba? jedhanii yaadu. Phaawuloos akkas jedha “Egaa maal wayya ree? Ani hafuuraan nan kadhada, qalbii kootiinis immoo nan kadhada, hafuuraan nan faarfada, qalbii kootiinis immoo nan faarfada” jedha (1 Qorontos 14:15). Hafuuraan, afaan keenyaan, qalbii keenyaan, hubannoodhaan yeroo faarfannu inni dhugaa fi hafuuraan faarfachuu jedhama, kana keessatti kan gammachiifnu Waaqayyoodha, garuu meeshaa muuziqaa mekaanikaaliitiin yeroo burraaqnee fiifinee shubbifnu kan gammadu Waaqayyo utuu hin ta`in warra shubbisuu dha. Kaayyoon Waaqeffannaa garuu Waaqayyoon gammachiisuu, sodaadhaa fi kabajaadhaan isa duratti of xiqqeessanii faarfachuudhaan waaqeffachuudha.

Akka Seenaan ragaa ba`utti jaarraa tojjoffaa keessa Kristiyaanonni durii Kan isaan waaqeffatan faarfannaan isaanii sagalee isaanii duwwaadhaani malee meeshaa muuziqaa mekaanikaalii fayyada-

manii miti. Garuu waggoota murtaa`e booda Hooggantoonni dhaaba amantaa kaatooliikii suuta suutaan mekaanikaalii waldaa isaanii keessa galchani fayyadamuu eegalan, innis waggaa murtaa`eefa hojjetee achii booda, balaaleffamee hafee ture. Booda irra ammas tura keessa Dhaabni amantaa tokko tokko fayyadamuu jalqaban, utuma jedhuu baballachaa dhufee akka waan Kakuu haaraan hayyameetti fudhatamee, amma meeshaa mekaanikaaliitiin faarfachaa waaqeffachuun cubbuu dha kan jedhu akka barsiisa haaraa ykn barsiisa keessummaatti ilaalamaa jira. Dhugaan jiru garuu Amantoonni durii sun akkasitti Waaqayyoon hin waaqeffanne.

Jarreen kun maaliif akka meeshaa muuziqaa mekaanikaalii fayyadaman sababa baayyee dhiessu, garuu sababa isaanii keessaa tokko illee fudhatama hin qabu.

Kristiyaanummaan amantaa faarfannaadhaan beekamtuudha. Faarfannaan Gooftaa galateeffachuudhaaf kan tajaajiluudha. Waaqayyoo abboomamuu hafuuraanis cimuuudhaaf faarfannaan qooda qaba. faarfannaa keessa luqqisni dubbii Waaqayyoo keessaa ba`us waan jiruuf, barsiisas of keessaa qaba. garuu seeraan faarfachuu baannaan cubbuu ta`a.

Ati Waldaa Kristoos jalqabuudhaaf murteessiteetta taanaan, miseensota keessaa dhiira tokko kan faarfannaa kana hoogganu in filta, sagantaa qabdaaf, miseensota faarfannaa macaafa qulqulluu irratti hundaa`een haa geggeessu.

Kristiyaanonni torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa walitti qabamanii waaqeffatu, faarfannaan macaafa kan faarfannaan irratti barreeffame miseensi utuu qabaatanii gaarii dha, hundumtuu macaafa sana irraa ilaalaa dubbisaa faarfatu, faarfannaa filuudhaaf hundumtuu hirmaachuu danda`u, faarfannaan sun barsiisa faallaa macaafa qulqulluu akka hin taane ordofuun barbaachisaa dha. Faarfannaan dogoggoraa barsiisa dogoggoraa fida waan ta`eef.

Waldaan Kristoos garee faarfattootaa waan jedhamu hin qab-

du, ammas Ayyaana faarfannaa wanti jedhamus hin jiru, hundumti Amantootaa Kristiyaanotaa faarfattoota, galateeffattoota, kanaaf tarii Faarfannaan sun qooqni isaa namoota gammachiisuu dhiisuu danda`a, garuu ergaan achi keessa jiru ulfina Waaqayyoof ta`a taanaan faarfachuun barbaadamaa dha. Faarfannaan keenya, draamaa agarsiisuu, ofii keenyaa ittiin bashannanuu, olii fi gadis utaaluu utuu hin taane, naamusaan akka Waaqayyo jaallatutti ta`uu qaba.

Dubartoonni faarfannaa irratti hirmaachuu in danda`u, garuu faarfannaa sana waltajjii irratti ba`anii geggeessuuf, Caaffata keessa wanti kana himu tokko illee, hayyamni tokko illee waan hin jirreef, geggeessuu hin danda`ani.

Dargaggoonni keenya amantoonni faarfannaa akka geggeesaniif shaakalchiisuun barbaachisaa dha, kunis sagantaa qabuudhaan guyyoota biraa sa`aa qabatani kana hojjechuun barbaachisaa dha.

Barumsa 14

Akkaataa Kennaan Kennamu

Iddoo ati jirtutti akkaata Waldaan Kristoos itti jalqabamu kan jedhu barumsi keenya itti fufa, kana sammuutti qabadhuuti, bu`uura kana keessatti immoo waaqeffannaa irratti akkaataa itti kennaan kennamu isa jedhu baranna.

Iddoo jirtutti Waldaa Kristoosiin jalqabuudhaaf yaada qabda yoo ta`e torbaan irraa guyyaa isa duraa Waaqeffachuudhaaf murteessi. Ykn Kayyoo ke godhadhu. Guyyaa kana Macaafa qulqulluu qu`achuu, faarfachhu, kadhachuu, irbaata gooftaa fudhachuudhaa fi waan hojjetanii argatan irraa hojii mana Waaqayyootiif kennuudhaan Waaqeffatama. Kana keessatti kennaa ilaalchisee caaffanni qulqulluun maal akka jedhu ilaaluun barbaachisaa dha.

Macaafni qulqulluun barsiisa isaa fakkeenyaan akka namootaaf galutti ibsa, Waaqayyo namoonni Biyyi lafaa cubbuudhaan waan badaniif jaalala irraa kan ka`e, namoota cubbuu irraa oolchuuf tokki-

cha ilma isaa kenneera (Yohaannis 3:16). Kristoosis ofii isaa dabarsee of kenneera. (1 Yohaannis 4:14). Fakkeenyi kennaa kana caalu eessa jira? Haa ta`uutii gooftaadhaan maal kennina? Hammamis kennina?

Yesuus yeroo tokko gurbaa dargaggeessa qabeenya qabu tokkoon dhaqii waan qabdu gurgurii hiyyeessotaaf kenni jechuu isaa in yaadanna (Maatewos 19:20). Luuqaasis waan gooftaan jedhe nu yaadachiisa “ Akka kanatti dhamaanee hojjechuudhaan dadhaboota gargaaruun, isa gooftaa Yesuus ofii isaatii, `Fudhachuu irra kennuutu caalaa nama gammachiisa” jedhes yaadachuun nuuf in ta`a, anis immoo karaa kana hundumaan fakkeenya isiniif ta`eera” jedhe (Hojii Ergamootaa 20:35)

Phaauloosis Kristiyaanota Qorontoosiin akkas jedhe “Waa`ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoo qulqullaa`an sanaaf bu`u immoo, Isinis akkuma ani waldoota kristiyaanaa kutaa biyya Galaatiyaa abbome godhaa. Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, Sanbata guddaa, torbeedhuma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee, walitti haa qabu” jedheen (1 Qorontos 16:1-2).

Ibsa Phaawlos kana keessa dhugoota baayyeetu jiru. Tokkoffaan kennaan kun kan raawwatamu torban irraa guyyaa isa duraa sanbata guddaa ta`uu, Hojii Ergamootaa 20:7 irratti gaafa waaqeffannaadhaaf walitti qabaman, irbaata qulqulluu fudhataniiru, waaqeffannaa kana keessatti kennaadhaan waaqeffachuun isaaniis beekkamaa dha.

Lammaffaan:- namni hundinuu hirmaachuu akka qabu dubbateera. Jechuunis namni Horii argate, utuu guyyaan hin ga`in walitti qabuu, gaafa waaqeffannaa fidee dhufuu dubbateera. Namni tokko waan kennu yoo hin qabaanne dhiphachuu hin qabu, sababni isaa gooftaan waan hin qabne kennaa hin jedhu. qabaannaan kennuun irraa eeggama. Utuu qabani kennuu dhiisuun gooftaa saamuu jedhama.

Sadaffaan:- utuu guyyaan kennaa hin ga`in mana kaa`uu qabu jedha. Yeroo baayyee kan nuyi yaadnu horii maallaqa kenuu dha. Garuu sabni Waaqayyoo yoo maallaqa dhabanis, horii lubbuu qaban,

anqaaquu (killee, buphaa), kuduraa, muduraa kennuu danda`u. innis horii maallaqatti jijjiirama jechuudha. Hojii gooftaa deggaruu in danda`a. amma bara kanas iddoo fi biyya addaa addaatti kristiyaanonni maallaqa hin qabne, waan addaa addaa kanaa olitti caafame kan ennaa jiran jiru. Kennaa akkasiis gooftaa biratti fudhatama qaba.

Shanaffaa:- kennaan kun qulqulloota Waaqayyo warra dadhaboodhaaf waan isaan barbaachisu godhuufiif oola. Phaawlos kan jedhu wanti hundumtuu qophaa`ee dhufaatii isaatiin dura akka ta`u ibsa. Namoonni Waaqayyo akka kennuun isaan irraa eeggamutti yoo kennan honiin Waaqayyoo rakkoo malee hojjetama. Dhugumatti gooftaan Warri biyya lafaa warri hin amanin akka waldaa deggaran hin barbaadu, garuu fedhii isaatiin nan deggera kan jedhu yoo jiraate hin didamu.

Booda irra Phaauloos akkas jedhe “Namni harka isaa utuu hin guutin facaasu, harka isaa utuu hin guutin galfata, namni harka isaa guutee facaasu, harka isaa guutee galfata. Namni adduma addaan gaara duuba yookiis giddiidhaan utuu hin ta`in, akka garaa isaatti murtoo godhetti kennuutu isaaf ta`a. waaqayyo nama gammachuudhaan kennu in jaallata” (2 Qorontos 9:6-7).

Maaloo isa Phaawulos fakkeenyyan facaasuu fi galfachuu jedhee kaa`e hubadhu. Warroonni bara sana qajeelfama kanaa fi bu`aa isaa sirriitti beeku. Yaadni isaa yoo baayyee facaafatan baayyee galfattu, yoo xinnoo facaafatan xinnoo galfattu jedha. Kana jechuun kun Hojii qotee bulaa hojii midhaanii duwwaa utuu hin ta`in waan hundumaa keessatti kan hojjetuu dha. Gooftaanis yoo baayyiftee kennite baayyisee si eebbisa jechuuu dha. Garuu namni tokko baayyeen eebbifama jechuu duwwaadhaan baayyee kennuu qaba jechuu miti, jaalalaan yoo godhe gooftaan karaa inni eegeen utuu hin ta`in karaa inni hin eegeen eebbisuu danda`a. inni guddaan gooftaa jaallachuu, gooftaaf abboomamuu, amanamaas ta`uudha.

Namoonn baayyeen waan Waaqayyoon gowwoomsaniif hin eebbifaman. Of jaallatu, fedhii isaanii gooftaa dursanii guuttachuu bar-

baadu. Kanas gochaa garuu Waaqayyo maaliif akka isaan hin eebbifne dinqisiifatu in guungumus. Dubbiin Waaqayyoo garuu “duraan dursanii mootummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa isaa akka barbaaddatan ajaja (Maatewos 6:33). Mee atis kana yaaliitii akka hin hojjene ilaali.

Phaawlos waan garaatti yaaddan kennaa jedha, waan hojjennee araganne beekna, kanaaf isa arganne irraa walitti qabnee guyyaa barbaachisutti kennuu qabna.

Itti aa`ansee waan kenninu murteessinee erga dhufne akka waan giddii ta`ee akka waan dirqama ta`etti yaaduu hin qabnu, Jaalalaan kennuu qabna. Waaqayyo warra gammachuudhaan kennan jaallata, jedhameera waan ta`eef.

Guyyaa waaqeffannaa namni tokko qodaa ykn meeshaa itti kennaan kun guuramu fuudhee namoota dura qabuudhaaf namni dhiiraa muudamuu qaba. kennaa kanaafis kadhannaan galata galfachuunis barbaachisaa dha. Erga walitti qabamee booda nama horii qabutti kennamee, horiin kun maqaa waldaa sanaatiin baankiin banamee achitti galii ta`uus filatamaa dha. Horiin kun wangeela baballisuu, meeshaa hojii wangeelaaf, meeshaa waldaaf barbaachisu bibbituu, rakkatoota gargaaruudhaaf oola.

Kennaa kennuun tajaajila baayyee barbaachisaa nuyi Waaqayyooof dhiheessinu ta`uu isaa yaadadhu. Yaadachuu duwwaa utuu hin ta`in barsiisis.

Barumsa 15

Qua`annaa Macaafa Qulqulluu

Wangeela barsiisuu, warra amananii abboomamuuf murteessan cuuphuu kkf irratti haasofneerra. Daree barsiisa barumsa macaafa qulqulluu qua`annaa isaas ilaalchisee barumsa keenya itti fufna.

Macaafa qulqulluu keessatti gooftaan akka dubbii isaa nuuf kenne in beekna. Dubbii Waaqayyoo kana baruudhaaf, fedhii Waaqayyoos beekuudhaaf Macaafa qulqulluu dubbisuu, qua`achuu, yeroo barsii-famu, yeroo lallabamu dhaggeeffachuu qabna. Gooftaa Yesuus erga-

moota isaatiin “gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa uumama hundumaatti wangeela lallabaa” jedheera (Maarqos 16:15), Phaawloosis “Ati akka hojjetaa qoramee fudhatamee, waan itti yeella`uu hin qabnetti, akka nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltootti hojjetuutti, Waaqayyo dura of dhaabbachiisuudhaaf dhama`I” jedha (2 Ximotewos 2:15). Akkasuma “Amantiin dhaga`uu irraa dhufa, wanti dhaga`uun ta`us dubbii Kristoosi” jedha (Roomaa 10:17). Waaqayyos Samii irraa sagaleedhaan dubbate “Utuu inni kana dubbachaa jiruu, kunoo, duumessi ifa of keessaa qabu tokko isaanitti uffise. Sagaleenis duumessicha keessaa dubbatee “Kun ilma koo isa ani jaalladhu, gammachuun koos isatti in raawwatama, isa dhaga`aa” jedhe (Maatewos 17:5). jecha baayyee kannaanii fi kan biroos yoo ilaallu, caaffata qulqullaa`oo qu`achuun baayyee barbaachisaa ta`uu isaanii hubanna. Beekumsa kanaan dubbii gooftaa amannee abboomamuus dandeenya.

Barumsa macaafa qulqulluu kana yeroo barsiifnu akka sadarkaa beekumsa namootaatti yoo ta`e bareedaa dha. Warra gurguddaa, dargageessa, ijoollee kkf jennee hiruun gaariidha. Warra gadii fi warra beekumsa qaban ijoollee fi gurguddoota waliin makanii barsiisuun bu`aan isaa akka eeggamu hin ta`u.

Barumsa biyya lafaa keessatti namoonni ogummaa argachuudhaan beekamu, garuu barumsa macaafa qulqulluutiin ogummaan hafuura maaliif dhabama? Sababni isaa barumsi biyya lafaa barattoota kan barsiisan sadarkaa sadarkaadhaan, kutaa tokko, kutaa lama, sadii jechaa akka humnaa fi dandeettii isaaniitti gargar baasanii barsiisu, yeroo gara macaafa qulqulluu dhufnu garuu hunduma walitti qabanii barsiisuun, kan galuuf caalaa kan hin galleefu baayyata.

Barsiisuu fi lallabuun dandeettii ofii agarsiisuu, of mullisuuf, beekumsa dandeettii haasa`uu nama amansiisuu ta`uu hin qabu. Garuu kaayyoon barsiisuu fi lallabuu namoonni sagalee dubbii Waaqayyoo akka hubataniif yaadanii godhuudha malee. Hubannaa kanaan akka gooftaaf abboomaman gochuu dha malee. Maatiifis ta`e ijoolleedhaaf lallabuu

duuwwa utuu hin ta`in fakkeenyas agarsiisuun barbaachisaa dha.

Iddoo ati jirtutti Waldaan Kristoos jalqabuudhaaf yaada kee keessa barumsa macaafa qulqulluu sammuu kee keessatti qabadhu. Miseensi kee ykn gareen ke xinnoo illee yoo ta`an sa`atii tokkoof illee yoo ta`e sagantaa barumsa macaafa qulqulluu qabaachuu qabdu.achi irratti sagantaa warra gurguddaa, warra xixiqqaa jedhanii ramaduu dha.kan biraa barsiisota muuxannoo hin qabnes akka isaan barsiisuu yaalan gochuudha, suuta suutaan baratani barsiisuudhaaf guddachaa adeemu. Barsiisonni akka qophaa`aniif yeroo dheersanii qabsiisuun barbaachisaa dha.

Barsiisuu utuu wal irraa hin kuti gochuun sagantaa jirus kaba-janii argamuun guddina hafuuraatiif baayyee barbaachisaa dha. Barsiisuudhaaf wantoonni bu`uura ykn mata duree ta`an baayyeetu jiru. Fakkeenyaaf Seenaa Yesuus, jireenya Yesuus, Waaqeffannaa kakuu haaraa, wangeela Yesuus, waldaa kristiyaanaa Macaafa qulqulluu, jireenya kristiyaanummaa kkf, barsiisuun in dandadama.

Sagantaan barsiisa addaa jiraachuu danda`a, warra dhihoo aman-an hafuuratti akka guddataniif, waan isaan gargaaru, kan akka jireenya kristiyaanummaa barsiisuun barbaachisaa dha. Waldaan kristiyaanaa beekkamtii addaa argachuuf utuu hin ta`in, gooftaadhaaf waan gaarii hojjetee tajaajiluudhaafi. Waldaan Kristiyaanaa Gooftaa bikka buutee hojjetti.

Yeroo tokko tokko dargaggoota dhiiraatiif saqulqulluu hiruu, irrattis kadhachuu kan fakkaatan sgantaan barumsaa adda ta`e in qophaa`af kunis akkaataa itti faarfannaa geggeessan, kadhata, irbaata qulqulluu, kennaa guuruu, irrattis kadhachuu, naamusa kristiyaanummaa akka baratani tajaajilaa ta`an barsiisuun barbaachisaa dha.

Warra ijoollee xixiqqoo ta`aniifis sagantaan qophaa`uufii qaba, kunis macaafa qululluu macaafa meeqa qaba, kakuu moofaan meeqa, kakuu haaraan meeqa, kan jedhanii fi safarkaa umurii isaaniitti kan barbaachisu barsiisuudhaan Waaqayyoo wajjin walitti dhiessuun bar-

baachisaa dha.

Barumsa macaafa qulqulluu keessatti barsiisaan barumsa isaa koppii godhee raabsuu danda`a, garuu barumsa kana keessatti dhugaa jiru akka hin faallessine irra deddeebi`ee dubbisee achii booda kennuun gaarii dha.

Barumsa 16

Akkaataa Wangeelli itti lallabamu

Dhugaa kana wajjin waliigallee akkamitti akka Lallabaa wangeelaa ta`uu dandeenyu, beekuudhaaf qu`annaa kana irratti haasofna. Kunis waa`ee wangeela baballisuu waan ta`eef atis akka itti gammaddu abdiin qaba.

Barbaachisummaa wangeela lallabuutiif karaa gababaabaan ergaa guddicha dubbisani isaan jalqabuudha. Yesuus erga du`ee, awaalamee Awwaala keessas ka`ee booda utuu gara Abbaa isaatiitti ol hin ba`in ergamoota isaatiin akkas jedheen. “Yesuus immoo gara isaaniitti dhihaatee, “Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera. Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa ! waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa ! Kunoo ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” isaaniin jedhe (Maatewos 28:18-20).

Luuqaasis akkas jedhee nutti hima.”Kristoosichi dhiphachuuf, guyyaa sadaffaattis du`aa ka`uuf akka jiru. Yaada garaa geeddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yerusaaalemii jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuf jiru, caafameera. Isinis dubbii kanaaf dhuga baatuudha. Kunoo, isa abbaan koo isin abdachiise isiniif nan erga, garuu akka nama uffannaa guutuu uffatuutti waaqa irraa humna hamma argattanitti mandaricha keessa turaa” isaaniin jedhe (Luuqaas 24:46-49)., deebi`ees Luuqaas akkas jedha “ Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu`u, humna in godhattu, Yerusaaalemitti Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu

koo in taatu” isaaniin jedhe (Hojii Ergamootaa 1:8).

Kanaa olitti kan barreeffaman caaffanni kan himan, gooftaan wangeelli isaa biyya lafaa guutuu, uumama hundumaa, saba hundumaa bira akka ga`uudha. Wangeella Yerusaaaleemii ka`ee, Yihudaa hunda, Samaariyaa achi irraa immoo biyya lafaa handaara lafaa guutuutti lallabama jedhameera. Innis waan kana akka hojjetaniif, hafuura qulqulluu ergee ergamoota isaa irratti dhangalaase. Isaan sun kan jiraachaa turan bara Kakuu haaraa guutuu guutuutti hin raawwatain ture, kakuu haaraan hin raawwannes, hin caafamnes ture, kanaaf jara sanaaf muudama dinqii fi hojii aa`angoo akka hojjetaniif hafuurri qulqulluun irra buufate, amma garuu dinqii fi milikkita godhuun, yeroo barbaachisu keessa hin jirru, sababni isaa kakuu haaraan raawwatee hojii irra jira, dubbiin Waaqayyo inni Waaqayyo dubbates barreeffamee nu arka jira.

Hojii Ergamootaa 2 yeroo dubbifannu, yeroo Ergamoonni walitti qabamanii jiran sana, yeroo sana wangeellis hin lallabamne, waldaan Kristiyaanaas hin hundoofne ture, garuu gooftaan abdiid abdachiise sana hafuura qulqulluu ergee, ergamoonni isaa kun dinqii akka godhan, saba achi jiru sanaaf wangeela akka lallabaniif afaan haaraatiinis akka dubbatan, hafuurri qulqulluunis akka isaan geggeessu godheera. Hafuurri kun humni kun kan kennameef, hojiin dinqii kunis akka mullatu kan godheef, barsiisa sobaa, dinqii sobaa akka hin taane, garuu dhugumatti humna Waaqayyo biraa kenname ta`uu isaa ragaa ba`uudhaafi. Kunis kan ta`e erga Yesuus du`aa ka`ee, ayyaana pheexee qoosxeetiif gaafa sabni hundinuu iddoo hunduma irraa walitti qabamanii dha. Kunis akkeeka gooftaa ture, guyyaa sanatti wangeelli akka lallabamuufi. Guyyaa sana namoonni garaan isaanii baqaqee “maal goonu ree?” jedhanii yeroo gaafatanitti cuuphamuu namoota 3000 lallabni maayyii Pheexroos akkas jedhe “ Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoosiin cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus in fudhat-

tu... kana malees Pheexroos, kan biraa dubbii baayy`edhaan dhugaa isaanitti ba`e. adaba dhaloota jal`aa kanatti dhufu jalaa oolaa” jedhee, cimsee isaan gorse. Warri dubbii isaa fudhatan in cuuphaman, kanaaf guyyaa sanatti akki lubbuu kuma sadii isaanitti in dabalaman... isaan Waaqayyoon in galateeffatan, saba hundumaa durattis ayyaana argatan, gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale” (Hojii Ergamootaa 2:38, 41, 47). Haala kanaan Waldaan Gooftaa keenyaa in hundeeffamte. Wangeellis irra deddeebi`amee in lallabame.

Itti aa`ansees Filiphos haala dinqisiisaadhhan gara Samaariyaa deemee lallabe, lallaba isaa kana keessatti namoonni baayyeen amananii cuuphaman, achumaan Hafuurri qulqulluun namicha Itiyoophiyaa Yerusaleemii sagadee deebi`uutti jirutti erge, Filiphoos nama kanaaf lallabuu isaatiin namichi kun abboomamee, biyya isaatti galeera, egaa Namichi kun Fayyina argate kana biyya isaattis akka inni dubbatu akka inni lallabu shakkii malee amanna. Kanaafis namni kunis Waldaa Kristoosiin jalqabuun isaa shakkii hin qabu, akkasitti Waldaan Kristoos dhaabachaa turte, ammas akkasumatti iddoo hin jirre hundatti dhaabachaa jirti.

Hojii Ergamootaa 9 irratti waa`ee tajaajila Phaawloos ilaalla imala isaa gara Eeshiyaatti akkasumas Aurooppaatti imaleen, wangeela fuudhee dhaqee waan gurguddaa hojjeteera. Wangeelichi waaqa jalaa uumama hundumaatti lallabamee jira, ani Phaawloos hojjetaa isaa ta`eera, jedhee Qolosaayis 1:23 irratti dubbateera. Roomaa 10:18 irratti immoo dubbiin isaanii lafa hundumaa ga`e jedhee dubbata, kun egaa ammam akka wangeelli baballate hubachiisa. Hubadhu egaa wangeelli waggaa soddoma illee utuu hin guutiin biyya lafaa hunda walga`uu isaa argina. Dhugumatti Waldaan Kristoos Yerusaleemitti, Anxookiyaa, Qorontositti, qolosaays, Beeriyaatti, Efeesoonitti, Roomaatti, Filiphisyusitti, Tasaaloonqeetti, Roomaatti dhaabatteetti kana malees guutuu Addunyaatti kumaatamaa olitti iddoolee lakkaa`amanitti dhaabatteetti.

Kun akkamitti ta`uu danda`e? ergamoonni gooftaa baroota isaanii

gooftaadhaaf kennanii iddoo dhaqan hundumaatti wangeela lallabanii Waldaa Kristoosiinis dhaabaaa turan. Garuu baayyinni isaanii xiqqa-achuu irraa amma godhuu qaban hin goone turan, kanaaf namoota isaan gargaaran filuuf dirqaman. Kanaaf namoota murtaa`an filanii hafuura qulqulluutiin harka irra kaa`anii kadhatanii guutan. Isaan keessaa Filiphos, Isxifaanos , kanneen biroos baayyee turan. Yeroo ergamoonni Gooftaa iddoo biraa dhaqan jarri filaman kun wangeela in lallabu, warra abboomamuuf murteessanis in cuuphu gooftaanis in fayyisa Waldaa isaa irrattis isaan dabala ture. Sababa akkasiitti waldaan babalachaa, dameen waldaa Kristoosis Magaalaa sanaa fi naannoo ishee walga`aa biyya lafaa guutuu itti fufte jechuudha.

Amma bara kanas nuunis gooftaan wangeela biyya lafaatiif akka geenyuuf nu ajajeera. Yoo gooftaaf abboomamte fayyiteetta, kanaaf ati Kristiyaanaa fi miseensa Waldaa Kristoos taateetta.egaa iddoo ati jirtuttis ta`ee naannoo kee Waldaan Kristoos hin jirtu yoo ta`e ati maatii keetiif, hiriyoota keetiif ollaa keetiif Wangeela kana qooduufidhaan jalqabuu dandeessa. Garuu Ati yoo dubra ykn dubartii ykn nama umuriidhaan xinnaa yoo taate si rakkisuu danda`a, garuu waldaa guddatte sirraa fagoo illee yoo jiraattee wajjin wal qunnamtii uumtee lallabaan wangeelaa dhufee si gargaaruu danda`a. yoo dhugumaan Waldaan Kristoos akka achi jiraattu barbaadda yoo ta`e milkaa`ina argachuu dandeessa.

Wangeela barsiisuudhaaf traaktii wangeelaa, barreeffama xixiqqaa, fi kan kana fakkaatan qopheessanii namootaaf raabsuun in dandaa`ama. Barsiisa Macaafa qulqulluus sagantaa qopheessanii jalqabanii itti fufuun in danda`aama. Wangeela lallabuudhaaf itti gaa-fatama mataa keenyaa raawwachuu fiixaan baasuu qabna.

Dubbii sagalee Waaqayyoo sirriitti yoo qu`atan jijjiiramni dhu-fuun isaa beekkamaa dha. Kana jechuunis amantootaa wajjin, mana barumsaatti, galma keessatti, muka jalatti illee walitti qabamanii wal barsiisuun in dandaa`ama. Inni guddaan ati akka isaan sagadan, akka

isaan baratan, akka isaan kadhatan jajjabeessuu irratti kan hundaa`e ta`uu qaba. lallabaa Waneelaa ta`I, yeroo hundumaa barsiisuu dhaaf hiree argattutti fayyadami. Amma yeroo guddachuu qabdu keessa jirta. Magaalaa sitti dhihoo jirutti, mandara sitti dhihoo jirutti, misraachoo kana lalabuun si irra jira. Kanaafis tattaaffii godhi.

Gooftaan waan arganne irratti akka aa`ara galfannee ga`eera jennee teenyu hin barbaadu, garuu akka deemnu, akka barsiifnu, akka lallabnu, akka jijjiiramnu, akka guddannu, kaayyoo isaa irratti akka xiyyeeffannu barbaaduu isaa yaadadhu. Yoo isaaf abboomane, waan inni barbaadu yoo hojjenne, inni nu wajjin in ta`a. tattaaffii keenyas nuuf eebbisa.

Barumsa 17

Akkamittiin Akka Gurmeessinu

Yeroo waldaan KRistoos jalqabamu wanti beekuu qabnu inni guddaan akkamittiin akka gurmeessuun ta`uu dha, kanaaf gaaffii kana irratti yaaduu nu barbaachisa.

Akkuma beekamu wanti hundumtuu jaar Miyaa qaba. mana barumsaa, afooshaa, daldala, siyaasaa, mootummaa kkf hundi dhaaba ykn jaar Miyaa qabu. Jaar Miyaa kun waan walii wajjinii tokko qabu, karoorsuu, mar`iachuu, yaada tokko ta`uudhaan beekamu. Wanti jaar Miyaa hin qabne oomishni isaa ija hin godhatu booddeen isaas kufaatii dha.

Amantaa keessattis akkasuma. Gooftaa Yesuus Waldaa isaa akka ijaaru abdi kenneera (Maatewos 16:18). Abdi kennes Raawwateera. Hojii Ergamootaa keessattis isa jedhe godheera. Guyyaa sana walitti qabama Namootaa keessatti sanyii sana facaasee namoonnis amananiiru.

Kristoos Waldaa Kristoosiif mataa akka ta`e Caaffanni qulqullaa`oon nutti himu (Qolosayis 1:18, Efeesoon 1:22-23). Dhagni ykn Waldaa Kristoos Warra Amananii Abboomamniin kan walitti qabamtee dha. Waldaan Kristiyaana Miseensa Xiqqaadhaanis haa ta`u malee iddoo hundumaatti dhaabatee jirti, hammam illee Dhaaba namoota-

an uumamte ta`uu baattus Waldaa Kristoos Jaarmiyaa qabdi. Jalqaba maabaraa kkeessatti dhiironni fedhii ordofuu, fi Hojii Addaa addaa jala deemuudhaan hojjetu. Miseensota keessaa Lallabdoota, barsiisota, kan faarfannaa geggeessan, kan Kadhata geggeessan, jaarsolii, Diyaaqonii jedhamanii jaaramu, kanaanis muudamanii hojjetu.

Kana ilaalchisee Phaauloos Ximootewoosiin akkas Jedha, “Namni ilaaltuu hojii waldaa kristiyaanaa ta`uu fedhu, hojii ba`eessa hawwa, inni jedhu dubbii amanamaa dha. Ilaaltuun hojii waldaa kristiyaanaa, waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha manaa tokkittii, nama dhugaatiitti of hin ganne, nama of qabu, nama ulfinaa, nama keessumoota jaallatu, nama warra kaan barsiisuu danda`us ta`uun isa irra jira. Nama garraamii, naga-qabeessas malee, nama machaa`aa, nama lola jaallatus hin ta`in ! Nama warra manaa isaa ba`eessa godhee bulchu, ijoollee isaas ulfina hundumaan abboomuuf kan guddisu, ta`uun isa irra jira. Namni akka itti warra mana isaa bulchuu hin beekne immoo, attamitti waldaa Waaqayyooof yaaduu danda`a ree? Of jajuudhaan afuufamee, firdii isa kanaan dura Seexanatti faradametti akka hin kufnetti, nama dhi`oo amane hin ta`in. maqaan isaa badee kiyyoo Seexaanaa keessatti akka hin kufnetti, warra alaa biratti maqaa gaarii qabaachuun isaaf in ta`a. Diyaaqonoonni warri waldaa kristiyaanaa keessatti gargaartota ta`anis akkasuma namoota ulfina nama irraa qaban malee, warra arraba lama dubbatan, dhugaatiittis warra gad of dhiisan, karaa dalgaatiin bu`aa argachuu warra jaallatan hin ta`in. yaada garaa qullaa`aadhaan dhoksaa amantiitti qabamanii jiraachuun isaaniif in ta`a. isaan duraan dursanii qoramanii ilaalamuun in ta`aaf, ilaalamanii erga waa irraa dhabamee haa hojjetan. Gargaartoonni dubartoonnis warra ulfina nama irraa qaban, warra dhugaatiitti of hin ganne, waan hundumaattis amanamoo haa ta`an malee, warra maqaa namaa balleessan ta`uun irra hin jiru, Diyaaqonoonni abbaa manaa haadha manaa tokkoo haa ta`an ! Ijoollee isaanii, warra mana isaaniis ba`eessa godhanii haa bulchan. Diyaaqonoonni, warri ba`eessa hojjetan ofii isaaniitiif id-

doo gaarii, amantii isa Kristos Yesuusiin argamu kana keessattis, ija jabi-na guddaa in argatu” (” (1 Ximootewos 3:1-13).

Ammas Phaawoloos Tiitoodhaan akkas jedha “Sababii ani Qarexis biyya bishaan keessaatti si hambiseefis wanta toora hin qabaatin hafe akka toora qabsiiftuuf, mandaruma mandarattis akkuma ani si argisiisetti jaarsolii hojii waldaa geggeessuu irra akka dhaabduuf ture. Namni hojii akkasii irra dhaabbatu immoo waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha manaa tokkittii, ijoolleen isaa kan amanan malee, gad-dhiisiitti jiraachuu isaaniitiin yookiis abboomamuu diduu isaaniitiin kan hin hadheeffamin haa a`u”. ilaaltuun hojii Waldaa tokko, hojii Waaqayyoo in adeemsisa erga ta`ee, waan ittiin jedhan kan hin qabne ta`uun isa irra jira, ofii isaa malee warra kaan kan hin gammachiifne yookiis nama dafee aaru yookiis machaa`aa yookiis nama lola jaallatu, nama bu`aa karaa dalgaa argachuuf sassatu ta`uun isa irra hin jiru. Nama keessummaa simachuu jaallatu, nama waan gaarii jallatu, nama of qabu, nama qajeelaa, qullaa`aa, nama adaba qabus haa ta`u, barsiisa sirrii sanaan gorsuu, warra isaan mormanitti immoo balleessaa isaanii itti mul`isuu akka danda`utti akka barsiisichaa ofii fudhateetti dubbicha isa amanamaa sanatti jabaatee qabamuun isa irra jira. Namoonni hin abboomamne, warri dubbii midhaan hin qabne dubbatan, warri nama wallaalchisan baayy`een jiru, addumaan immoo isaan kun warra garee seera dhagna qabaa eegan keessaa ti. Isaan bu`aa nama yeellaasisu argachuuudhaaf waan barsiisuun isaaniif hin taane barsiisuudhaan, mana guutuu waan gargar diiganiif, afaan isaan qabachiisuun in ta`aaf” (Tiitoo 1:5-11)

Jaarsolii waldaa ta`anii warri muudaman kan akka ilaaltuu, lubaa,-tiksee, eegduu ta`anii kaa`aman caaffata qulqullaa`oo keessas jiru (Tiitoo 1:7, 1 Pheexroos 5:1-5, Ximootewos 4:14, Efeesoon 4:11). Dabalataanis jaarsoliin waldaa kan muudaman yoo xiqqaate nama lama ta`uu qabu. Isaanis dandeettii kaa`ame ulaagaa kaa`ame kana guutuu qabu. Miseensonni waldaa akka isaan tajaajilaniif muudachuu dan-

da`u. isaan kunis waan dubbatanii fi waan godhan hundumaa irratti Kristoosii gaditti waldaa sanaaf hojjetu. Isaanis hoolota ykn miseensa sana nyaachisuu, bilchinaan bulchuu, dubbii Waaqayyoo isa baratan eeguu gorsuudhaan tajaajiluu qabu.

Akkuma olitti ibsametti hundumti miseensa Waldaa Kristoos waan sadii irraa kan hafe kaan guuttachuu qabu. Kan hafan kan jedhame Namni tokko Amanaa haaraa yoo ta`e muudamuu hin qabu, jaarsoliin haadha manaa tokko duwwaa qabaachuu qabu, darbees Ijoolleen isaanii kan amanan ta`uu qabu, kana guuttachuudhaan Waldaa Kristiyaanaa sirriitti bulchuu danda`u. kan hin aa`aarre, kan hin qoccolle, naamusa qabeessa, dhugaatiitti kan of hin kennine, keessummaa warra simatan, namoota kan jaallatan, qajeelota qulqulloota ta`uu qabu. Yeroo jaarsoliin muudaman miseensonni akkuma gooftaaf abboomamanitti qajeelfama jaarsolii eeguu kabajuu raawwachuu qabu. Waldaan haaraan amma jaarsoliin bilchaatan argamanitti miseensotuma keessaa nama wayyaa dhaan qajeelfamti.

Hojjetaan wangeelaa (wangeelaawwiin), lallabaan wangeelaa jiraachuu danda`a, haa ta`uuti inni waldaa hin bulchu garuu ofii isaatii Jaarsolii waldaa jalatti qajeelfama isaanii fudhatee hojjeta malee. Yoo jaarsoliin hin jiran ta`e garuu miseensotaa wajjin haala gaariidhaan wajjin hojjeta. Barumsa nagaa, barumsa qulqulluu barsiisuudhaan fakkeenya ta`uu qaba. phaawloos Ximootewosiin akkas jedha “Waaqayyo duratti, Kristoos Yesuus isa warra jiranii fi warra du`anitti faraduuf jiru durattis, maqaa isa deebi`ee mul`atee, mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa. Dubbicha lallabi, “Kun yeroodha, kun yeroo miti” utuu hin jedhin qophaa`ii argami. Nama balleessaa isaa hubachiisi, ifadhu, obsa hundumaan gorsii barsiisis” (2 Ximotewos 4:1-2). Dubbii Waaqayyoo isa dhugaa sana barsiisuudhaaf lallabnootni qooda qabu.

Waldaan guddaas ta`u xiqqaa hojiin tokko tokko hojjetamuu qabu. Kan barsiisu, kan faarfannaa geggeessu, kan kadhannaa, geggeessu, kan irbaata qulqulluu geggeessu, warra barbaachisuuf immoo

kan ykunuunsu jiraachuun ramadamuun barbaachisaa dha.

Kanaaf egaa milkaa`ina irra caalu irra ga`uudhaaf, jaarmiyaa kana seeraan, akka sagalee dubbii Waaqayyootti geggeeffamuu qaba, jaarmiyaan unis jiraachuu qaba. waldaanis geggeessitoota isaanii kabajuu fi abboomamuufii qabu.

Barumsa 18

Iddoo Walitti Qabaman

Barumsa keenya kana keessatti, amantoonni iddoo itti walitti qabamanii waaqeffatan irratti haasofna. Akkuma beekamu yeroo walitti qabaman iddoon itti walitti qabaman isaan in barbaachisa. Kanaaf iyyuu filmaata baayyeetu jiru. Filmaata sana ilaaluu keenyaan dura. Waldaan Kristiyaanaa isheen durii sun eessatti waaqeffachaa turan isa jedhu ilaalla.

Waldaan Kristiyaanaa gaafa Ayyaana Pheenxee Qoosxee Magaalla Yerusaleem keessatti dhaabatte. Ergamoonni gooftaa wangeella lallabani lallaba sana dhaga`uudhaan lubbuun kuma sadii ta`an cuuphamanii Waldaa Kristoositti dabalamaniiru.(Hojii Ergamootaa 2:41) kuni egaa walitti qabamuun isaanii eessatti maal keessatti akka ta`e, hin beekkamne, hin caafamne. Iddoo biraatti immoo Hojii Ergamootaa 2:42, irratti Bariisa ergamootaatti, tokkummaa cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhachuudhaanis qabamanii jiraatan jedha. Itti aansuudhaanis “Guyyaa guyyaatti Yaada tokkoon mana qulqullummaatti deddeebi`anii , manuma mana isaaniittis buddeena cabsatanii , gammachuudhaan, garaa qulqulluummanis nyyata isaaniiwaliin ga`anii in nyaatu turan. Isaan Waaqayyoon in galateeffatan, saba hundumaa durattis ayyaana argatan, gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale” (Hojii Ergamootaa 2:46-47)

Hojii Ergamootaa 3 irratti Pheexroosii fi Yohaannis nama dhalootaa kaasee naaffa ture tokko mana qulqullummaa balbala miidhaginaa jedhamu dura ta`ee kadhatu maqaa Yesuusiin fayyisan, nama kana

fayyisuun isaanii Namoota kadhataaf mana qulqullummaa dhufaniif wangeela akka lallaban carraa kenneef. Pheexroos waan gochuu qaban erga itti himee booda wanta ta`e akkasitti galma`aae. “Warra dubbicha dhaga`an keessaa baayy`een garuu in amanan, lakkoofsi amantootaas kan dhiirotaa duwwaan iyyuu akka kuma shanii ga`e” (Hojii Ergamootaa 4:4). Kanaaf iyyuu Waldaan kristiyaanaa guddachaa baayyachaa deemte. Garuu amantoonni kun waaqeffannaadhaaf eessatti walitti qabamu? Tarii mana qulqullummaa sana keessatti walitti qabamanii waaqeffatu ta`a. kuni garuu booda irra rakkina fiduu hin dhabu, sababni isaa jarri mana qulqullummaa keessa jiran sun Seera Musee jalatti bulu, isaan kun immoo Seera Kristoss jala waan ta`eef.

Waa`ee mana itti walitti qabamanii baayy`ee itti hin dhphannu. Waa`ee wangeelaa malee. Walitti qabamuun sun iddoo kam itti iyyuu in ta`a waan ta`eef. Fakkeenyaaf Filiiphoos lafa Onaatti namicha Itiyoophiyaa sanaa wajjin konkolaataa kotte duudaa sana irratti walitti dhufanii wangeela irratti haasa`ani, inni kun egaa iddoo walga`ii isaaniiti(Hojii Ergamootaa 8:26-39). Hojii ergamootaa 9 irratti Saa`olii fi Hanaaniyaan erga Saa`ol gooftaaf abboomamee booda walii wajjin turan. Phaawloosii fi Silas mana hidhaa keessatti eegduu mana hidhaa fi maatii isaatiif dhugaa ba`anii jarris abboomaman (Hojii Ergamootaa 16).

Iddoo Wangeelli itti lalabamee baayy`een fakkeenyaaf Phaawloos Ayihudotaaf mana sagada Yihudootaa keessatti akkasitti dubbifna “Phaawulos immoo hamma ji`a saditti mana sagada warra Yihudootaatti deddeebi`ee, ija jabinaan barsiise, yeroo kanattis wajjin dudubbachaa akka isaan amansiisuufis waa`ee mootummaa Waaqayyoo hubachiisaa ture. Isaan keessaa kaan garuu mata- jabeeyyii waan turaniif, namoota sana keessatti barsiisa kara kristiyaanaa irratti waan hamaa in dubbatu turan malee, hin amanne. Akkasitti Phaawlos warra amanan of duukaa fuudhatee jara sana keessaa ba`e, guyyaa guyyaatti mana barumsaa Xiraanos keessatti warra amantootaa wajjin dubbachaa ture. Kunis akka waggaa lamaa itti fudhannaan, namoonni kutaa bi-

yaa Asiyaa keessa jiraatan hundinuu Yihudoonnii fi Griikonni dubbii gooftaa in dhaga`an” (Hojii Ergamotaa 19:8-10)

Egaa tarii Phaawlos mana ta`e keessatti barsiisa ta`a, garuu manni kun mana Waaqeffannaa isaanii hin taane, egaa Amantoonni eessatti waaqeffatu jechuu dha ree?

Kakuu haaraa keessatti waa`ee mana waaqeffannaa ijaaramee wanti Caafame jiraachuu baatu illee, hundumti isaanii amantoonni mana mataa mataa isaanii qabu turan, Phaawlosis tajaajila manaa manattii dubbatee jira (Hojii Ergamootaa 20:20). Karaa biraas Phaawlos waa`ee mana kireeffatee akkas jedhee dubbata, “Akkasitti Phawlos waggaa lama guutuu mana ofii isaatii dugda bitate keessa taa`ee, warra gara isaa dhufan hundumaa in simata ture’ Ija jabina guutuudhaan, dhowwaa malees mootummaa Waaqayyoo in lallaba, waa`ee Yesuus Kristos gooftichaas in barsiisa ture” (Hojii Ergamootaa 28:30-31). Phawolos mana Aqiilaa fi Prisqillaa waldaan akka jirtus dubbatteera. (Roomaa 16:5, 1 Qorontos 16:19, Filmona 1:2, Qolasayis 4:15, Roomaa 16:23) dubbifanna.

Garuu amantoonni Qorontos eessatti waaqeffatu? Kan Filiphisyus hoo? Phaawlos yeroo magaalaa sana seene, Liidiyaa fi maatii ishee barsiisee gara gooftaatti akka deebise argina. Booda irras namicha eegduu mana hidhaa fii maatii isaa akka dhugaa ba`aniifii isaanis amananii cuphaman argina. Waldaan Kristiyaanaas achitti in guddatti, waldoonni sunis Jaarsolii Waldaa in qabaatu, sababni isaa booda irra Phaauloos Qorontoosii fi Filiphisyusiifis Xalayaa barreesseera. Garuu jarreen kun Eessatti waaqeffatu?

Caaffata qulqullaa`oo irra waa`een mana keessatti waaqeffannaa wanti Caafame hin jiru, garuu mana keessatti waaqeffannaa ilaalchisee wanti mormus hin jiru. Kakuu moofaa keessatti Waaqayyoo akka sabni isaa dunkaana akka hojjetanii isaa wajjin wal qunnaman ajajuu isaa in beekna. Solomoonis Yeruusaalem keessatti mana Waaqayyoo ijaa-reera. Gooftaa Yesuus garuu, Dubartii Samariyaa sanan, yeroon tulluu

kana irratti Waaqayyoof sagadan in hafa, Waaqayyo hafuura warri isaaf sagadanis dhugaa fi hafuuraan sagaduuf, jedhee dubbateera (Yohaannis 4:1-30).

Kanaaf iyyuu gooftaan Mana keessatti waaqeffatan irratti xiyyeeffannoo tokko illee akka hin godhin hubanna. Kristiyaanonni iddoo itti isa Waaqeffatan akka isaan qopheeffatan in beeka. Kanaaf iyyuu mana waaqeffannaa, iddoo waaqeffannaa jedhee Kakuu haaraa keessatti seerri adda ta'e ba'uun hin barbaachifne.

Harra`a hoo? Amantoonni eessatti waaqeffatu? Mana isaanii keessatti, galma keessatti mana kiraayii fudhatan keessatti, muka jalatti, iddoo barbaadan keessatti waaqeffachuu in danda`u. yeroo baayy`achaa deeman fedhiinis guddachaa deema kanaaf iyyuu mana itti waaqeffata bitachuu ijaarrachuu danda`u.

Haa ta`uutii manni keessatti waaqeffatan kun akka inni Waldaa Kristiyaanaa hin taane, garuu mana walitti qabamuu waldaa Kristiyaanaa ta`uu isaa hubadhu. Hin irraanfatinis. Inni iddoo qulqullummaas hin jedhamu, inni gabaabduutti, iddoo Amantoonni itti waaqeffatan, macaafa qulqulluus baratani dha. Manni sun iddoon sun ulfinni addaa itti kennamuu hin qabu. Amantoonni achitti waaqeffatan garuu barbaachisoo, qulqulloota, saba Waaqayyooti, warra gati qabaayyiidha. Egaa Waldaa Kristoos jalqabuuf jetta yoo ta`e iddoo itti waaqeffatan mana itti waaqeffata qopheeffachuun in dandaa`ama.

Barumsa 19

Ga`ee dubartootaa

Amma waldaa Kristiyaanaa keessatti ga`een Dubartootaa maal fakkaata, isa jedhu baranna, qu`anna. Iddoo jirtutti Waldaa Kristoosiin akkaataa itti jalqaban irratti kanin haasa`aa jiru, tarii dubartii ykn durba tokkoo wajjin ta`uu danda`a, jechuunis ati kan kana qu`achaa jirtu dubartii ykn durba yoo taate akkam goota? Waan baayy`ee gochuu dandeessa. Isaan dura garuu waa`ee dubartootaa caaffanni qul-

qullaa`oon maal jedha isa jedhu ilaalla.

Kaayyoon keenya dubbii Waaqayyoo barsiisuu dha, hiriyoonna keenya miseensonni dhaaba amantaa addaa addaa, dubartoota isaanii, jaarsolii waldaa, hundeessituu waldaa, Lallabduu wangeelaa godhanii waltajjii irratti baasanii argina, kana malees geggeessituu, diyaaqonii fi kan kana fakkaataniin muudu. Egaa nuyi, fedhiin keessa keenyaa maali, biyyi lafaa maal barbaada? Akkamittiin gammaduu dandeenya? Namoota akkamittiin gammachiifna isa jedhu utuu hin ta`in macaafni qulquluun maal jedha isa jedhu hubannee ga`ee dubartootaa Waldaa kristiyaanaa keessatti akka inni jedhetti fudhachuu qabna.

Yaadadhu Waaqayyoo dhiiraa fi dubartii uume, isaanii isa dhiiraa dhiira ishee dubartii dubartii jedheen. Isa dhiiraa Abbaa, ishee dubartii Haadha, godhee Uume. Kana namni hin fudhadhu jedhu hin jiraatu. Egaa kun erga akkas ta`ee isheen dubartii ilmoo dhalchuu, inni dhiiraa immoo akka isheetti ciniinfatee dhaluun waann kofalchiisaa dha. Ga`ee kana kan kenneef Waaqayyoo dha, qooda qooda isaanii ba`uu malee isa Waaqayyoo kenne kana jijjiiruun hin dandaa`amu, godhuunis cubbuu dha. Inni guddaan isa Waaqayyoo nuuf kenne kanatti gammadani jiraachuu dha. Dhiirris ta`e dubartiin baayy`ee barbaachisoo dha, akka isaaniiif kennametti qooda guddaa qabu, gatii guddaas qabu. Tokkoon isaanii tokkoo isaanii malee jiraachuu hin dandaa`ani.

Caaffanni qulqulluun dhiiraan “ISA” jedhee erga moggaasee waamee “ISHEE” jechuun gowwummaa akkamiiti, macaafni qulqulluu dubartii dhaan “ISHEE” jedhee erga waamee “ISA”jedhanii waamuunis gowwummaa dha. Kana kan geeddaruu danda`u hin jiru, garuu Seexaanni isaanii wal lolchiisuudhaaf waan hin kennamne akka waan kennamee godhee wali irratti kakaaseera, kanaanis in gammada.

Dhugaa dha, utuu loogii wal caalmaan hin jiraatin mirgi isaanii eeggamee jiraachuun barbaachisaa dha. Iddoo baayyeettis kan kana godhaa jiran jiru, garuu biyyoota murtaa`an keessatti amantaa tokko tokko keessatti immoo dubartoonni miidhaa gurgaddaan kan irra

ga`u, birmaduu kan hin qabne, waan biraa dhiifnaan dubartiin abbaa manaa ishee fi ijoollee ishee wajjin illee waaqeffannaa dhaquu dhiira duratti mullachuu akka hin qabaanne kan godhan jiru, kun egaa waan baayy`ee nama gaddisiisuu dha.

Gara Caaffata qulqullaa`ootti yeroo deebinu Waaqayyo dhiiraa fi dubartii karaa jireenya hafuuraa hunduma isaaniitiif iyyuu ga`ee mataa mataa isaanii kenneeraaf, isaanis ga`een isaan lachuu barbaachisaa dha, garuu geggeessituu akka taatuuf wal isaan hin lolchiifne, seera kaa`eeraaf.

Fakkeenyaaf Yesuus yeroo Ergamoota isaatiif abboommii guddaa sana itti kenne ilmi namaa hundaaf akka wangeela lallabaniifi. (Maarqos 16:15-16, Maatewos 28:18-20). Egaa dubartoonni warri gooftaaf of kennanii isa duukkaa bu`an baayyeen jiraatanis gooftaan garuu abboommii guddaas, Hundeessuu Waldaa Kristiyaanaas, bulchaa ta`uus dhiirotu-maaf kenne (Hojii Ergamootaa 2). Akkasuma Phaawloosis, yeroo waa`ee Jaarsolii fi ilaaltuu qajeelfama kennu dhiirotaaf kenne (1 Ximotewos 3, Tiitoo 1). Itti gaafatama kana keessatti dhiirotumaa argina.

Amma kana jechuun Waaqayyo Dubartoota Waldaa Kristiyanaa keessatti in xiqqeesse ykn gadi qabe, jedhamaa? Matumaa hin jedhamu. Ga`een dubartootaa baayee barbaachisaa fi isa namoonni baayyeen yaadanii olitti kan barbaadamuu dha. Garuu waan dhiirri godhu hundumaa dubartiinis godhuu qabdi jettee murteessita yoo ta`e garuu kuni seera cabsuus in jedhama. Kana malees kun irra caalaa kan inni miidhu dubartoota, sababni isaa isa yaada namoonni kennaniin qabamanii isa Waaqayyo kenneefiwajjin wal qaxxaamuruu ta`a.

Dubartiin akkaataa itti bulchitu qabdi, bulchuu xixiqqoo dhiifnaan biyyas, addunyaas akkaataa itti bittu ittis bulchitu qabdi, kunis ilmaan deessi, ilma ishee kana seeraan, beekumsaan, ogummaa dhaan, guddif-ti, leenjifti, sadarkaa guddaa irraan akka ga`u gooti, ilmi kun guddatee sadrakaa guddaa irra ga`ee, priedaantii, minsteera, tiksee waldaa, jaar-sa Waldaa kanaa fi kan kana fakkaatan ta`a. kun egaa karaa biraatiin

bu`aa isheeti, ija ykn firii isheetii, gatii dadhabbi isheeti, kana immoo Waaqayyo in jaallata, kana akka gootuufis ga`ee kenneef. Ijoollee ishee jaalala Waaqayyootti akka jabaatan yoo goote, sagalee dubbii Waaqayyoo akka jirutti yoo barsiifte, ijoolleen kun dhalootaafis furmaata akka ta`an gooteetti jechuudha. Karaa Waaqayyo barbaaduun guddifteetti jechuudha.

Dhugaa dha, dubartiin Waldaa Kristiyaanaa keessatti lallabduu, (Wangeelaawwii), jaarsa waldaa, diyaaqonii ta`uu hin dandeessu. isheen Waldaa Keessatti Waaqeffannaa waldaa Kristiyaanaa keessatti gab jechuu calluma jechuu qabdi, dhiira irratti aboo godhachuun hin hayyamamneef (1 Ximotewos 2:11-12, 1 Qorontos 14: 34-38). Kana jechuun Faarfachuu hin dandeessu, Barumsa macaafa qulqulluu irratti hirmaachuu. Gaaffii gaafachuu hin dandeessu jechuu miti. Garuu walga`ii Waaqeffannaa irratti waltajjii irratti baatee, ykn iddoo dhiirri jirutii Kadhachuu hin dandeessu jechuudha.

Phaawlos hafuura Waaqayyootiin ta`ee akkas jedhe “ Kanaafis diinni hamaa nu irratti akka dubbatuuf karaa akka hin kennineefitti, dubartoonni abbaan manaa irraa du`an warri gara ijoollee akka heeruman, ijoollees akka godhatan, manas akka qaban nan barbaada” (1 Ximootewos 5:14). Itti dabalee Tiitoodhaanis akas kedhe “Akkasuma immoo dubartoonni dullooman amala warra akka qulqullootaatti fudhatamanii haa argisiisan ! wanta gaarii ta`e haa barsiisan malee, maqaa namaa balleessuun, dhugaatiidhaaf garboota ta`uun isaan irra hin jiru. Akkasitti abbaa manaa, ijoollees akka jaallataniif, dubartoota warra gara ijoollee in gorsu. Dubbiin Waaqayyoo maqaa gadhee akka hin godhanneetti, warra of qaban, warra gaa`ela isaaniitti amanaman, warra mana isaaniitiif ba`eessa godhanii eeggatan, warra abbaa manaa isaaniif abboomaman akka ta`an haa gorsan” jedhe (Tiitoo 2:3-5). Pheexroosis akkas jedha “Akkasumas isin dubartoota nana, warra dhiiraa keessaa kaan dubbii Waaqayyoo hin amanne yoo ta`an iyyuu, isin waan tokko utuu hin dubbatin, amala isin warri haadhota ma-

naa isaanii taatan argisiiftaniin akka mo`amanitti abboota manaa keessaniif abboomamaa. Isaan amala keessan isa qullaa`aa fi isa so-daa Waaqayyoo argisiisu in argu. Of kuuluun keessan, wanta alaan mul`atu, mataa tolfachuudhaan, warqee naqachuudhaan, uffata babba`essa uffachuudhaanis hin ta`in. garuu of kukkuuluun keessan inni hin badne keessa namummaa keessanii isa dhokataadhaan haa ta`u. kunis hafuura gaarummaa fi gabii isa Waaqayyo duratti guddaa gati-qabeessa ta`e sanaan haa mul`atu. Bara duriitti dubartoonni Waaqayyooof qulqullaa`anii isa abdatan, akkasitti abboota manaa isaaniitiif abboomamuudhaan of kuulaa turan. Saaraan akkas Abrahaamiif abboomamaa, gooftaa koo jettees isa waamaa turte, ammas isin gaariyoo gootan, doorsisa tokkos hin sodaattan yoo ta`e ijoollee ishee ta`uu keessan. Akkasuma isinis dhiirota nana, dubartoota keessaniif beektanii wajjin jiraadhaa. Walii wajjin jireenya isa tola isiniif kennamutti galuuf waan jirtaniif , kadhanni keessan gufuu argatee akka hin ittifamnetti, dubartii keessan akka gar tokko dhagna keessanii isa dadhabaatti ulfina kennaafii. Ammas hundumti keessan hafuuraan, dhageettii yaada garaatiinis tokkummaa qabaadhaa. Obboloota jaallachuudhaan, gara-laafinaan, gad of deebisuudhaanis walii wajjin jiraadhaa. Hamaa hamaadhaan, abaarsas abaarsaan hin deebisinaa! Garagalchii iyyuu eebbisaa. Isin eebba akka argitaniif waamamtan” jedhe (Tiito 3:1-9).

Phaawlos Waldaa Kristiyaanaa fi Kristoosiin akka haadha manaa fi abbaa manaatti fakkeessee akkas jedha “Haati manaa akkuma gooftaa Yesuusiif abboomamtu abbaan manaa isheetiifis haa abboomamtu. Kristoos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta`e, abbaan manaas mataa haadha manaati. Kristos fayyisaa waldaa kristiyaanaa ti, waldaan immoo dhagna isaati. Waldaan kristiyaanaa harka Kristoos jala akkuma of galchitu, haati manaas waan hundumaatti harka abbaa manaa isheetii jala of haa galchitu. Kristoos akkuma waldaa kristiyaanaa jaallate waldaadhaafis dabarsee of kenne, akkasuma abbaan manaa haadha manaa isaa haa jaallatu” jedhe (Efeesoon 5:22-25).

Iddoo jirtutti waldaa Krsistoos jalqabuudhaa wajjin wal qabatee ati yoo dubartii taate ykn durba taate, dubartootaa wajjin qu`achuu barsiisuu dandeessa, yoo dhiironni abboomaman garuu, bulchiinsa hoogganuu isaaf kennitanii waltajjii irratti inni barsiisaa dubartoonni immoo dubartoota, ijoollee barsiisuudhaan tajaajiluun isiniif hayyama-meera (Hojii Ergamootaa 18:26) dhugumaatti dhiiras dubartiis dhuunfaadhaan wangeela barsiisuu in dandeessi, tattaaffii isheetiin waldaa Kristoos jalqabuun in dandaa`ama.

Barumsa 20

Hojjetaa Wangeelaa akkaataa deggaran

Barumsa kana keessatti warra wangeela lallaban akkamitti deggaruun dandaa`ama isa jedhu irratti haasofna. Yoo waldaan Kristoos jalqabde dafees ta`u turee gaaffiin lallabdoota deggaruu ka`uun isaa hin oolamu. Kana irratti ati maal godhuu qabda?

Mee isa Phaawlos Kristiyaanota Qorontoosiif caafe haa ilaallu “Ani birmaduu mitii ree? Ani ergamaas mitii ree? Ani gooftaa keenya Yesuusiin hin arginee ree? Isin bu`aa ani gooftaadhaaf hojjedhee mitii ree? Ergamaa ta`uun koo warra kaan biratti hin fudhatamne yoo ta`e iyyuu , isin biratti fudhatamaa dha, isin kan gooftaa ta`uun keessan iyyuu ani ergamaa ta`uu koo mallattoodhaan in cimisa. Warra ana irratti dubbataniif deebii waan ana irratti dubbataniifis falmata qaba. waan nyaannu waan dhugnus argachuun nuuf hin ta`uu ree? Akka ergamoota warra kaanii akka obboloota gooftaa, akka Keefaas nuyi immoo niitii amante fuunee iddoo hundumaatti wajjin adeemuun nuuf hin ta`uu ree? Yookiis anumaa fi Barnaabaas duwwaatu soora keenyaaf addaan hojjechuun barbaachisee ree? Namni loltuu ta`ee qacarame horii ofii isaatiin lola dhaqee beekaa ree? Namni wayinii dhaabe, ija wayiniichaa hin nyaatuu ree? Namni horii tiksu, aannan horii sanaa hin dhuguu ree? Ani isa seerichi jedhuun dhubbadha malee, yaada namaa duukaa bu`es kana hin dubbadhu. Seera keessatti, “Qotiyyoo

sirbisiisaa irra jiru afaan isaa hin hidhin” kan jedhu caafamee jira. Egaa Waaqayyo qotiyicha duwwaadhaaf dhimmee ree? Karaa hundumaa waa`ee keenyaaf dubbata mitii ree? Namni qotiisa qotu waa abdachaa akka qotuuf, inni midhaan sirbisiisus ija isaattii hirmaachuudhaaf abdachaa akkas sirbisiisuf, kun nuuf jedhee caafame. Nuyi wanta jireenya hafuuraatiif barbaachisu erga isiniif facaafnee, wanta jireenya fooniitiif barbaachisu utuu isin irraa haammannee nutti guddata turee ree? Warri kaan kan akkasii isin irraa argachuun in ta`aaf erga ta`ee, nuuf immoo caalaatti nuuf hin ta`u turee ree? Nuyi garuu waan nuuf in ta`a ture kanaan hin hojjenne Wangeela Kristoositti danqaraa akka hin taaneef, waan hundumaa of irra keenye. Warri mana qulqullummaa keessaa hojjetan, mana qulqullummaatii nyaata isaanii akka argatan, warri iddoo aarsaatti qalma dhi`eessan isa aarsaadhaaf dhi`aate sana irraa akka hirmaatan hin beektanii ree? Akkasuma immoo warri wangeela labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan gooftichi abboomeeraaf. Ani garuu waan anaaf in ta`a ture kana keessaa tokkittii illee dhimma hin baane. Ammas wanta anaaf in ta`a ture kana argachuudhaaf jedhee kana caafuu koo miti, kanaa mannaa du`uu koo wayya. Waanan ittiin of jajuu danda`u kana namni bishaan itti na duraa hin naqin. Wangeela lallabuu kootiin of jajuu hin danda`u, kana himuun ana irraa in barbaadama, wangeela yoon lallabuu dhaabaadhe garuu anaaf wayyoo. Fedha kootiin utuun kana godhee gatii nan argadhan ture, fedha koo malee erga ta`ee garuu, hojiin kun Waaqayyo biraa hadaraa anatti kennamuu isaati. Egaa bu`aan koo lallabuu koo ti, wangeelaan isa argachuun anaaf in ta`a tures utuu hin gaafatin, wangeela tola namaatti himuu dha.” (1 Qorontos 9:1-18).

Phaawlos bilisaan tajaajilaa wangeela gooftaa ta`uu isaa himaa jira. Wangeela lallabuu isaatiif obbolloota irraa deggarsa argachuutu irra ture. Garuu phaawlos kan hin goone halota keessatti kun gaarii dha jedhee hin fudhanne, yeroo inni gargaarsa waldoota irraa fudhates tureera. “Ani yeron Maqadooniyaadhaa ka`ee naanna`aa sanatti jalqaba wangeela lal-

labuuf ba`e, isin kophaa malee waldaan tokko illee waanan argadhutti waanan baasuttis na gargaaruudhaaf hirmaattuu akka hin ta`in isin warri Filiphisiyyus in beektu. Tasalonqeetti iyyuu gargaarsa deddeebiftanii anaaaf ergitaniittu. Bu`aan isaa inni isiniif lakkaa`amu haa baayyatuuf malee, ani gargaarsicha argachuuf barbaadee miti. Ammas wanti hund-inuu guutummaatti na ga`eera, kan ga`u caalaas fudhadheera. Kennaan isin ergitan akka aarsaa urgaa`aa fi qalma Waaqayyoo duratti fudhatamee isa gammachiisuuti, kenna kana immoo Ephafrodixos harkaa fudhadheera” jedhe (Filphisiyyus 4:15-18).

Phaawlos namni hojjetaa ta`e beenyaan isaaf barbaachisaa dha jedha. Warri duraanis akka qabaachaa turan dubbatee, namni Wangeela lallabus isa irraa kennamuufii akka qabu, ifa baasee bsaa jira.

Yeroo biraa immoo Phaawlos akkas jedheera “Caaffanni qulqullaa`oon, “Qotiyyoo sirbisiiftuu irra jiru afaan hin hidhin” in jedha, akkasumas “Hojjetaan gatii dadhabbi isaa argachuun in ta`aaf” kan jedhu barsiifameera” jedha (1 Ximotewos 5:18). Akka kanatti hojii gooftaatiif kan yeroo isaa kenne jaarsi ulfina dachaatu ta`aaf jechaa jira. (1 Ximotewos 5:17). Gargaarsi in barbachisaaf jedha Phaawlos.

Kanaaf iyyuu caaffanni qulqullaa`oon, warra tajajiltoota gooftaa, yeroo isaanii guutuu guutuutti gooftaaf oolchan, waldaan Kristiyaanaa kaffaluu fii qabdi jechuun barsiisa. Tattaaffii inni gooftaaf godhuuf argachuun isaaf in mala.

Bara kana kan Miindaadhaan hojjeta, miindaadhaan lallaban baayy`eetu jiru, warri qacaraman kun miindaa sanaaf jedhaniiti malee gooftaaf jedhanii akka hin taane iddoo tokko tokkotti in beekkama. Jarri kun yoo miindaan sun dhaabbate lallaba sanas warra dhiisuudha, warra akkasii Kristoos akkas jedha “Tiksee dhugaa utuu hin ta`in bitamee kan eegu, hoolonnis kan isaa kan hin ta`in, yeyyiin hoolotatti dhufuu yommuu argu, hoolotadhiisee in baqata, yeeyyiinis hoolota butatee, warra hafan in bittims. Namichi sun bitamee waan eeguuf, hoolotaaf hin dhimmu” (Yohaannis 10:12-13). Karaa biraa tikseen

sun amanamaa miti. Waan itti bitame irraas amantii hin qabu. Inni kan hojjetuuf horii sanaaf jedheeti malee Yesuus in dhufa jedhee miti. Waldaa Kristiyaanaa keessas ta`e Hawaasa keessatti namoonni akkasii irraa eeguuf Waldaan Kristiyaanaa itti gaafatama fudhachuu qabdi. Ati amma lallabaa Wangeelaa deggaruuf yaadaa jirta yoo ta`e, nama tokko filuuf akkam goota? Namni kun miseensa keessaa ta`uu danda`a yookaanis iddoo biraatii dhufa ta`a. deggarsaa guutuu ykn deggarsa walakkaa goota ta`a, meeqa ykn ammam deggarta? Tarii waan kana gootuuf hin qabdu yoo ta`e, obboleettii waldaa beektu gargaarsa gaa-fattee akka deggaran gochuu dandeessa.

Lallabaa dargageessa ykn nama guddaa, kan fuudhaa haadha manaa qabu ykn kan hin fuudhin, muuxannoo waggaa meeqa qaba, eessa akka jiraachaa ture, maal akka hojjechaa ture, liqii isa irra jiru, in kaffalaa, ilaalchi isaa hoo akkami, kan jedhan fattashanii ilaaluun gaarii dha.

Murtii maayyii irra ga`uu keetin dura, yeroo inni lallabu dhaggeeffachuun gaarii dha, akkamitti lallaba, faallaa macaafa qulqulluutii? Namootaa wajjin walii galaa? Namoota gara Kristoositti fidhuudhaaf dandeettii qabaa? Geggeessaa ta`uudhaaf hoo akkami kan jedhanii fi kan kana fakkaataniin ilaaluun gaarii dha.

Isaa fi maatii isaa ammam deggaruutu barbaachisa? Kana xiinxaltee, yoo murteessite itti fufuu dandeessa.

Lallabaa kana haamilee amantootaa eeguudhaaf, waan namoonni kaan argatanii ol kaffaluun barbaachisaa miti. Garuu giddu gala ta`uu qaba.

Barumsa 21

Akkaataa Warra rakkatoota Deggaruu

Qua`nnaa keenya yeroo itti fufnu, haawasummaa waldaa kristiyaanaa ilaalla. Warra rakkatan akkamitti gargaarra? Namoonni hundinuu Cubbuu isaanii irraa fayyanii akka gargaaraman, Kristos akka isaan barbaachisu in beekna. Garuu yeroo Waldaan Kristiyaanaa

jalqabdee guddattu, miseensa keessaa kan deggarsii foonii barbaachisu jiraachuu danda`u. magaalaa sana keessa gargaarsi addaa, kan dhukkubaa kan balaa ta`ee kan barbaachisuuf jiraachuu malu. Waldaan Kristiyaanaa hojiin ishee inni duraa Wangeela lallabu ta`us, Hawaasa keessa jirti waan ta`eef warra rakkatoota, warra gargaarsi barbaachisu, ilaaltee ija ishee qabatee maaltu na galche jettee callisuu hin qabdu. Gargaaruutu irra jira.

Yesuus akkas jedhe “Yesuus ammoo “ Ilmi namaa ulfina isaatiin, ergamoonni Waaqayyoos hundinuu isaaa wajjin in dhufu, yommuus inni teessoo ulfina isaatii irra in taa`a. yommuus namoonni biyya lafaa hundinuu fuula isaa duratti walitti in qabamu, tikseen hoolota re`ootaattii akka gargar fo`u, innis nammota sana gargar in fo`a. warra hoolotaatti fakkeeffaman gara mirga isaa, warra re`ootatti fakkeeffaman gara bitaa isaa in dhaaba. Ergasii mootichi warra mirga isaa jiraniin, “Isin yaa warra abbaa kootiin eebbifamtanii, kottaa, Mootummaa isaa isa uumama biyya lafaatii jalqabee isiniif qophaa`etti galaa. Beela`een ture, nyaata anaaf kennitaniittu, dheebodheen ture dheebuu na baafataniittu, orman ture akka nama keessaniitti na simattaniittu. Qullaan koo ta`een ture, daara na baafataniittu, dhukkubsadheen ture, na gaafattaniittu, hidhameen ture gara koo dhuftaniittu` jedhe.. ergasii warri qajeelonni deebisanii, `Gooftaa Yoom beela`uu kee arginee, nyaata siif kennine? Yoom dheechochuu kee arginee, dheebuu si baafne? Yoom orma ta`uu kee arginee akka nama keenyaatti si simanne? Yookiis Yoom qullaa ta`uu kee arginee daara si baafne? Yoom dhukkubsachuu kee arginee gara kee dhufne? Jedahniin. Mootichi immoo deebisee`

Ani dhuguman isinitti hima, obboloota koo warra hundumaa irra gad deebi`an kana keessaa isa tokkoof hammi isin gootan, anaaf gootan isaaniin jedhe” . ergasii Mootichi namoota bitaa isaa jiraniin `Isin abaaramoo nana, na biraa adeemaa! Gara ibidda bara baraa isa Seexaanaa fi ergamoota Seexaanaatiif qophaa`e dhaqaa. Ani beela`een ture, isin nyaat anaaf hin kennine, dheebodheen ture isin dheebuu ana

hin baafne. Orman ture, isin akka nama keessaniitti ana hin simanne, qullaa koo ta`een ture. Isin daara ana hin baafne, dhukkubsadheen ture, hidhameen tures, isins ana hin dubbifne` in jedha. Isaanis deebisanii, “Gooftaa Yoom beela`uu kee dheebochuu kee, or,a ta`uu kee, qullaa ta`uu kee, dhukkubsachuu kee, yookiis hidhamuu kee arginee siif hojjechuu dhiifne? Jedhanii in gaafatu. Yommus mootichi deebi-see `Ani dhuguman isinitti hima, warra hundumaa irra gad deebi`an kana keessaa isa tokkoof kan hi godhin anaafis hin goone` isaaniin jedhe. Isaan gara adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu gara jireenya bara baraa in dhaqu` jedhe (Maatewos 25:31-46)

Maatewos, Maarqoos, Luuqaas, Yohaannisii fi Kakuu haaraa hunduma yoo dubbifte, Yesuus gara laafessa, warra naafa ta`an kan diriirsu kan dhukkubsatan kan fayyisu, kan beela`an kan nyaachisu, rakkoo hundumaaf iyyuu furmaata ta`uu isaa in hubatta. Yesuus yeroo namni rakkatu cinqamu boo`uu garaa laafuudhaan akka inni namaaf ho`u beekkamaa dha. Akkuma inni godhaa ture nuyis warra rakkateef akka garaa laafnu barbaada. Yoo utuu gargaaruu dandeenyu, warra orma ta`e callifne, warra rakkates gargaaruu yoo dhiifne dhugumat- ti Kristoosiin tuffanneerra, dubbii isaas ganneerra jechuudha. Egaa bu`aa hojii keenyaa kan murtaa`u, wantoota naannoo keenya jiraniif deebisaa kenninu irratti hundaa`a jechuudha.

Gaafa Waldaan Kristiyaanaa hundeeffamte, Ayhudoonni iddoo hundumaa irraa ayyaana Pheexnee qoosxeetiif Yerusaaalemitti walitti qabamanii turan, lallabamuu wangeelaatiin namoonni kuma sadii ta`an abboomamanii Waldaa Kristiyaanaatti dabalaman. Isaanis waaqeffanna, barumsas barachaa kadhannaa irratti qabamnii jiraatan. Isaan kana keessaa garuu kan fedhiin foonii wanti isaan barbaachisu hunda hin qabnetu ture. Kanaaf obboleeyyan waan kanaaf deebisaa isaan kennan akkasitti galmaa`ee jira. “Namoonni amanan hundinuu, warra garaa tokkoo fi yaada tokkoo turan. Isaan keessaa tokko illee qabeenya ofii qaba tureen kan koo ti hin jenne. Qabeenyi isaanii hundinuu kan

walii isaanii ture. Ergamoonnis humna guddaa argisiisuudhaan du`aa ka`uu gooftaa Yesuus dhugaa ba`an, ayyaana guddaa qabu turan. Homtinuu isaan keessaa waa dhabee hin rakkanne, lafa yookiis mana warri qaban hundinuu, gurgauranii horii isaa fidan, horii isaan fidanii ergamootatti kennan sunis, adduma addaaf akka isa barbaachisetti in hirama ture” (Hojii Ergamootaa 4:32-35). Kristiyaanonni waan qaban gurguranii warra raakkataniif qoodaa turan.

Yeroo biraatti warra Gargaarsi barbaachiseef kan ta`e akkasitti dubbifanna, “Bara sana lakkoobsi warra Yesuusitti amananii baayy`atee, Yihudoonni warri afaan Griikii dubbatan warra afaan Yihudootaa dubbatan irratti guunguman, kun immoo haadhotiin hiyyeessaa isaanii gargaarsa guyyaa guyyaatti in argatu kan turan, waan dagatamaniif ta`e. yommuus warri kudha lameenuu tuuta amantootaa walitti waamanii, “Nuy soora jara kanaaf kurkuruudhaaf jennee, dubbii Waaqayyoo lallabuuttii hir`isuun nuuf hin ta`u. yaa obboolootaa, namoota hojii kana itti kenninu torba, warra maqaa gaarii qaban, warra hafuurri qulqulluunii fi ogummaan keessa guute, of keessaa barbaadaa. Nuyi garuu kadhataa fi lallaba dubbii Waaqayyoof ergamuutti in qabamna” jedhanii yaadachiisan” (Hojii Ergamootaa 6:1-4). Ergamoonni kudha lama turan garuu bartoonni baayyee turan. Humni hafuura qulqulluu ergamootaaf humna addaa amma ta`e kennameefii ture. Yeroo gaaffiin foonii kun ka`ee jedhu Ergamoonni kun akka kana hojjetaniif namoota murtaa`an muudaniiru.

Phawlos 1 Qorontos 16:1-2, obboloota Qorontoosii fi Galaatiyaa irraa gargaarsa horii fuudhee qulqulloota Yeruusaalem jiranii rakkataniif akka geessu ilaalla. Haadolii hiyyeessaa waggaa 60 ol ta`aniif amanamoos kan ta`aniif Waldaan Kristiyaanaa akka gargaaruu qabdu Caafeera.(1 Ximotewos 5). Phaawlos waa`ee gargaarsa foonii kana ilaalchisee maatiidhaaf yaaduu akka qaban akkas jedha “Namni tokko akkasitti fira isaatiif, caalaadhummatti immoo warra mana isaatiif, yaaduu dhaabaate, inni amanticha ganuu isaati, nama hin amanin caalaas

hammaachuu isaati” (1 Ximotewos 5:8). Ammas iddoo biraatti akkas jedha “Yommuu isin bira turre iyyuu, “Namni hojii hojjechuu hin barbaanne, midhaanis hin nyaatin” jennee isin abboomneerra” jedha (2 Tasalonqee 3:10).

Waldaan Kristiyaanaa baayyattus xinnaattus, warra rakkinni hamaan, akki balaa, dhukkubaa irra ga`e gargaaruu qabdi. Egaa rakkoo humnaa ol ta`e, akka gubannaa manaa, akka waan ittiin hakiima dhaqanii, liqii hakiimaa kan kana fakkaatan waldaan yoo humna qabaatte gargaaruu, yookaanis obboloota waldaa biraatiif gabaasanii gargaarsa argachuun in dandaa`ama. Miseensi waldaa dhuunfaattis gargaaruun gaarii dha.

Barumsa 22

Akkaataa walii wajjin hojjetan

Ijoo barumsa keenyaa akkuma jirutti yaadachaa, as irratti akka miseensa waldaa Kristiyaanaatti akkamittiin hojii gooftaa akka wajjin hojjechuu qabnu irratti haasofna. Duraan dursa Macaafni qulqulluun Tokkumaa akka barsiisu, Kristoosiin tokko ta`uu akka qabnu hubachuu qabna. Kristos tokkumaaf kadhateera, Kristoos Waldaa Kristiyaanaa ijaareera, waldaan kristiyaanaa dhagna isaati, Kristoos dhagna isaa kana akka biyya lafaa barsiifnu in barbaada.(Yohannis 17:20-23). Tokkummaa ergamootaa fi akkasumas warra barumsa isaanii amananiif akkas jedhee kadhateera. “Isaan kana duwwaadhaaf miti, warra dubbii isaanii dhagaa`anii anatti amananiifis immoo nan kadhada malee. Isaanis tokko haa ta`aniif, yaa abbaa, akka ati ana keessa jirtu anis si keessa akkan jiru, isaanis nu keessa haa jiraataniif, biyyi lafaas ati akka na ergite haa beekuuf kadhachuu koo ti. Akkuma nuyi tokko taane, isaanis tokko haa ta`aniif, ulfina ati anaaf kennite isaanii kenneera. Ani isaan keessa atis na keessa jiraachuu keetiin isaanis raawwatanii tokko haa ta`an, biyyi lafaas ati na erguu kee, akkuma na jaallattes isaan immoo jaallachuu kee haa beeku” (Yohaannis 17:20-23).

Sabni Waaqayyoo gooftaaf abboomamuudhaan, jechuunis fayyee

miseensa Waldaa Kristoos ta`ee, maqaa Kristoos uffatee yoo Waaqef-fate, yoo wal ta`e, yoo wajjin hojjete bareedaa fi miidhagaan namatti tolu kan kanaa olii hin jiru. Phaawlos Kristiyaanota Qorontoosiin Akkas jedhe “Obboloota koo, isin hundumti keessan waan dubbattanitti akka waliigaltan, yaada tokkoon akeekkattanii, tokkummaadhaanis raawwachuudhaaf akka qophoofatan malee, isin gidduutti gargar ba`uun akka hin jiraanne, maqaa gooftaa keenyaa Yesus Kristoosiin isnan gorsa” jedhe (1 Qorontos 1:10). Daawwitis baroota dheeraa dura akkas jedhe “ Ilaa obbloonni walii wajjin jiraachuun , attam gaarii dha, attam namatti tolas” jedheera (Faarfannaa 133:1).

Tokkummaa waan bareedaa yeroo ta`u, gargar ba`insi garuu fokisaa fi kan badiisaa ti. Kristoosis akkas jedheera, “biyya kam illee yoo ta`e, tokkummaan isaa gargar baanaan, mootummaan isaa dhaabatee hin turu..” jedheera (matewos 12:25). Phaawloosis yeroo Warra Qorontos qeequ akkas jedhe “Kristoostu gargar hirame moo ree? Phaawlostu isiniif jedhee fannifame moo ree? Yookiis maqaa Phaawlositti cuphamtan moo ree?” jedhe (1 Qorontos 1:13). Gaaffii Phaawlos isaan gaafate hundaaf deebisaan “Lakkii” kan jedhu ta`uu beeku. Namoota jala deemuu irra Kristoos jala deemuun sirrii akka ta`es beeku. Phaawlos ammas warra Roomaatiif akkas jedhe, “Obboloota koo! Warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasani, amantii irraa kuffisanittii akka of eeggattan isinan gorsa, isaan irraa fagaadhaa. Warri wanta akkasii hojjetan kun garaa isaaniitiif yaadani hojjetu malee, Kristos gooftaa keenyaaf hin hojjetan, isaanis dubbii gurra namoota garraamotaa in gowwoomsu” jedhe (Roomaa 16:17-18).

Yeroo tokko tokko obbolooowan waldaa keessatti waliigaluu dhabuu danda`u.kun tarii barsiisa irratti ta`uu danda`a. garuu irra guddinsi, dhimma dhuunfaa xixxiqqoo, kan akka hinaaffaa, hammeenyaan ka`uu danda`a. yeroo tokko tokkos eenyutu tajaajila jechuu irraan ka`ee qoccolloo fi wal dheekkamu hanga ga`an ta`a. kun egaa waan nama gaddisiisu Waldaa Kristiyaanaa in miidha. Warroota hin

amanne birattis maqaa Waldaattii balleessa.

Waan akkasiitiin yoo gargar baa`an, warra hin fayyin gara fayyinaatti waamuun In ulfaata. Gooftaa Yesuus garuu, akka wal jaallannu, akka yaada tokko taanu, akka wali walii keenya kabajnu, akka waaliin mari`annuu, akka wal gargaarruu fi akka miseensota hundumaafis kadhannu barbaada.

Yeroo tokko tokko waldooliin walitti dhioo jiran, wal hin gargaaran, wal hin dinqisiifatan, waliif hin galan, walii wajjin hin hojjetan, kunis kan inni ta`uuf waliin dorgomuu “anatu Caala” “anatu caalaa” kan jedhu irratti ta`uu danda`a, lallabdoonni waan akkasii godhan baayyee balleessaa keessa jiru. Kuni dogoggora guddaa dha, wal dorgommiin wal morkiin akkasii jiraannan guddinni waldaa hin jiraatu. Gooftaan garuu tajaajiltoonnis ta`ee waldaan walitti dhihoo jirtu, akka isheen waliin hojjetu, walga`ii irrattis akka walga`an, walis akka jaallatan barbaada. Waldaan tokko waldaa kaan irratti ol aa`antummaa agarsiisuu hin qabdu, wal jaallachuu wal kabajuu, walii wajjin hojjechuu yoo ta`e malee. Tokkummaan wal jaalalaa kun barsiisa kakuu haaraa keessatti argama.

Waldhabbiin Waldoota Kristiyaanaa gidduu jira yoo ta`e, walitti dhufanii haasa`uun barbaachisaa dha, walitti bu`insi isaanii barsiisa irratti yoo ta`e, Macaafa qulqulluu fudhatanii isaan hoogganamanii walta`iinsi akka uumamu godhuu danda`u. kanas kan goonu Kadhannaadhaan taanee, fuula gooftaa duratti dhimma sana dhiheessuu qabna, kanas tokkummaa miseensotaaf, faayidaa gaariidhaaf jennee malee nama miidhuuf, hijaa dhaan ta`uu matumaa hin barbaachisu. Waan xinnoon dhumu guddisuu Oo`duu fi Dheekkamuu mormuun waan hamaas dubbachuun matumaa Kristiyaana irraa hin Eeggamu. Dallansuu kanaatiif jennee waldaa Kristiyaanaa irraa fagaachuunis baayyee fokkisaa dha. Amma dandeenyetti karaa itti wanti bade tolu, wanti hundinuu sirraa`u barbaaduutu nurraa eeggama.

Obbolloonni miseensa waldaa Kristoos wajjin hojjechuu qabu,

nuyi obboloota dhiiraa fi obbeleewwan dubartootaa walii taaneerra, kanaaf oboolootas akka waan gaarii hojjetan akka nu wajjinis hojjetan jajjabeessuu qabna. Waan guddaa hojjechuuu qabnu nu fuuldura jiraachuu isaa yaadachuu qabna, kan waamaneef hojii gooftaa hojjechuufi waan ta'eef, isa dhiifnee walii walii keenya irratti yeroo gooftaa ballessuun nu hin barbaachisu. Yoo tokko taane hojjechuudhaaf jabina hamilee arganna. Yoo dhuguma gooftaaf jennee waltaanee hojjenne innis nu wajjin ta'a, hojiin keenyas milkaa'ina argata. Yoo nuyi fedhii isaa guutuuf hojjenne malee gooftaan nu wajjin hin ta'u.

As irratti gaaffii tokko tokkon si gaafadha. Ati Kristiyaanaa? Ati miseensa Waldaa Kristoosi? Miseensa dhaaba amantaatii? Yoo taate Waldaan ati keessa jirtu sun waldaa Macaafa qulqulluu keessatti dubbiftee dha? Tarii "Ergan Kristoositti amanee, maal rakkoo qaba?" jechuu dandeessa. Qu'annaa keenya keessatti Kristoos tokkummaa dhaaf akka kadhate dubbifneerra, gargar ba'insa akka hin jiraanne barbaaduu isaas hubanneerra. Egaa Kristoosiin amanannee, isa inni jibbee gargar ba'insaa wajjin akkamitti wal taana ree? Erga miseensa waldaa isaatii hin taane akkamitti Kristoositti amanna ree? Biyya lafaa kana irratti yoo maatii isaa hin ta'in akkamitti mootummaa isaa isa waaqa irraatti galuu yaadna ree? Kristoositti dubbii isaattis amannee akkamitti waldoota addaa addaa kan maqaa biraa uffatanii wajjin akkamitti waaqeffanna ree? Warra kanaa fi kan kana fakkaatan akka itti yaaddun si kadhada. Waldaa kiyya, Amantaa kiyya, yaada kiyya akka fudhattu si gochaa hin jiruuti naaf beeki, garuu isa macaafa qulqulluu irraa dubbifte, waldaa ishee Kristoos ijaare, ishee inni tokkummaa isheefis kadhate, ishee inni warra fayyan isaanitti dabale sanaa wajjin akka walitti dabalamtun si jajjabeessaa jira.

Warra kristiyaana taatanii miseensa waldaa Kristoos taataniin akka gargar ba'insi isin gidduutti hin uumamne, of eeggadhaa adaraa jedheen isin gorsuu barbaada. Nuyi damee dhagna Kristoos waan taaneef gooftaan, tokko akka taanu, yaada wal fakkatu akka yaadnu,

akka walii gallu, akka walii wajjin hojjennu barbaada, kanaaf dubbiidhaanis, hojii dhaanis nuyi maatii isaati akka maatii tokkootti walii wajjin haa jiraannu. Innis kana barbaada.

Isa Phaawlos jedhe yaadadhu.”Egaa ani waa`ee hojii gooftaatiif hidhamee kanan jiru, waamicha isa itti waamamtan sanaaf akka ta`utti akka jiraattan isin nan gorsa. Gad of deebisuu fi garraamummaa hundumaan obsaanis walii wajjin jiraadhaa, jaalalaanis waliif danda`aa. Hidhaa nagaatiin tokkummaa hafuura qulqulluu of harkatti eeggachuudhaaf dhama`aa. Akkuma abdiin waamichaa inni isin itti waamamtan tokkicha ta`e, dhagni tokko, hafuurris tokko, gooftaan tokko, amantiin tokko, cuuphaan tokko. Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddoo hundumaa jira” (Efeesoon 4:1-6).

Waaqeffannaadhaan, hojii dhaan, walii yaaduudhaan, waliif kadhachuudhaan, biyya lafaa irraa adda taanee akka fedhii isaatii godhuu akka qabnu yaadadhu.

Barumsa 23

Akkaataa dhiifama gochuu

Iddoo ati Jirtutti Waldaa Kristoosiin akkataa itti jalqaban kan jedhu qu`annaa keenya itti fufna. Barumsa keenya qu`annaa keenya walitti fufee jiru kanaan waldaan Kristoos iddoo baayy`ee iddoon hin jirretti akka isheen baballattu nan kadhada. Atis waan kana irratti akka ati tattaafattu abdiin qaba. akkan duraan dubbadhetti yoo ati ofii keetii gooftaaf hin abboomane, warra kaan gargaaruu hin dandessu. Fayyina wangeelaan fayyuun isa duraati. Kana gochuun siif rakkisaa miti, akkuma kanaan dura dubbanne, fayyuudhaaf inni duraa Waaqayyotti amanuu dha (Ibroota 11:6). Inni itti aanu cubbuu kee irraa yaada garaa geeddarachuudha ykn deebi`uu dha (2 Pheexroos 3:9). itti aa`ansee Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uudha (Maatewos 10:32). Inni dhumaa dhiifamuu cubbuu keetiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu dha (Hojii Ergamootaa 2:38). Yeroo

kana gooftaan si fayyisa waldaa isaa irrattis si dabala (Hojii Erga-mootaa 2:47). Achii booda akka kristiyaanaa fi miseensa Waldaa Kris-toos torbaan irraa guyyaa isa duraa Sanbata guddaa, in waaqeffatta, hojii gooftaa hojjechuudhaanis in gargaarta.iddoo ati jirtu Waldaan Kristoos hin jirtu yoo ta`e, ati mataan ke akka jalqabdu abdiin qaba. Amma akkamitti akka dhiifama goonu isa jedhu qu`annaa barbaa-chisaa ta`e kana irratti waliin qu`achuu itti fufna.

Nuyi cubbamoota waan taaneef cubbuu keenya irraa dhiifama argachuun barbaachisaa ture. Kanaafis Yesuus ofi isaa kennuudhaan fannoo irratti cubbuu keenyaaf nuu du`e. kana waan nuuf godheef Waaqayyoon in galateeffanna. Cubbuu keenya darbe irraa dhiifama aragannus nuyi ilmaan namaa waan taaneef cubbamoota kanaaf dhiifamuun cubbuu nu barbaachisa. Nutis warra nu miidhan warra cubbuu nu irratti hojjetaniif dhiifama gochuutu nu irraa Eeggama. Nuyi kana gochuudhaaf yoo hin barannu tu`e, yoo kana gochuudhaafis hin qophoofne ta`e, dhiifama argachuus hin dandeenyu. Kanaafis barumsi kun hammam barbaachisaa akka ta`e hubachuu dandeessa.

Kristoos bartoota isaa yeroo barsiisu akkas jedheen “Akkuma nuyi warra nu yakkaniif dhiifne, yakka keenyas nuuf dhiisi” jedhaa (Maatewos 6:12). Barsiisuu isaa yeroo itti fufu “Namootaaf irra-daddarbaa isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif in dhiisa. Garuu isin namootaaf yoo dhiisuufi baattan, abbaan keessan immoo irra-daddarbaa keessan isiniif hin dhiisu” jedhe (Maatewos 6:14-15).

Akka gooftaan cubbuu keenya nuuf dhiisu barbaadaa, nuti immoo namootaaf dhiifama gochuu diduun Waan keessummaa ta`eedha mitii? Gooftaan karaa nuyi yaadnu kanaan hin hojjetu. Yoo dhiisuu baanne nuuf hin dhiifamu, kanaaf akka Waaqayyo nuuf dhiisuuf, nuyis namootaaf dhiisuu qabna. Kuni salphaa dha. Dhiifamni kan gar tokkoo duwwaa ta`uu hin qabu.

Phaawlos warra Qolosaayisiin akkas jedha “Isin warra fo`aman, warra Waaqayyoof qulqullaa`an, warra jaallatamanis erga taatanii,

araara garaa keessaa dhufu, gaarummaa, gad of deebisuu, gaarummaa obsaas akka uffataatti uffadhaatii keessa jiraadhaa. Waliif danda`aa, namni tokko isa kaan yoo komate waliif dhiisaa, gooftaan akkuma isiniif dhiise, isinis immoo waliif dhiisaa” (Qolosaayis 3:12-13).

Akka naaf galetti namoonni yoo nu yakkani dhiifama nu gaafatan dhiifama godhuufii qabna. Yoo dhiifama nu gaafachuudhaa baatan illee nuyi hijaa itti qabachuu hin qabnu.

Garuu yoo namoota irratti yakka goone hoo? Miine hoo? Akkamitti dhiifama arganna? Macaafni qulqulluun yoo cubbuu hojjenne, cubbuu sana Nuyii fi Waaqayyotu beeka yoo ta`e fuula isaa duratti himannee dhiifama Waaqayyoon kadhachuu akka qabnu nu barsiisa.

Yoo nama tokkotti yakkeerra ta`e dhaqnee dhiifama isa gaafannee akka nuuf dhiisu kadhachuu qabna.

Garuu yoo ifaa ifatti cubbuu hojjennee, waldaan akka salphattu goonee, dhaqnee fuula Waldaa duratti cubbuu keenya himannee dhiifama gaafachuu qabna. Hojii ergamootaa 8 irratti namicha Simoon jedhamu Xonqaayii kan ture, yeroo Pheexroos faa harka namoota irra kaa`anii humna dabarsan innis horii fideefii humna sana horiidhaan bituu barbaade, galemeen akkas jedha “Pheexroos garuu deebiseefi, “Kennaan Waaqayyo horiidhaan in bitama jettee waan yaaddeef, horiin kee sii wajjin haa badu. Yaadni garaa kee Waaqayyo duratti qajeelaa waan hin ta`iniif, ati dubbii kana keessaa hin qabdu qoodas hin qabdu. Kanaafis hammina kanattii yaada garaa kee geeddaradhu, gooftichas kadhaddhu, hamaa yaaduu kee kana dhiifama siif godha ta`a. yaadni hadhaa`aan akka si keessa guutee fi cubbun akka si hidhate nan arga” jedhe. Kana irrattis Simoon deebisee, “Hadaraa jecha isin anaan jettan keessaa, tokko illee ana irra akka hin geenyeef gooftaa anaaf kadhaddhaa” jedhe” (Hojii Ergamootaa 8:20-24). Kanaaf iyyuu Simoon yaada garaa geeddaratee deebi`ee.

Yesuus waa`ee gurbaa dargageessa qooda isaa abbaa isaa irraa fudhatee badee booda irrattis waan nyaatu dhabee gaabbee abbaa

isaatti deebi`ee nutti hima akkas jedha “Yommus gurbichi yaada isaa naanneffatee, `Hojjetoonni guyyaa abbaa kootiif hojjetanii buddeen-ni isaan irraa hafu nama meeqa? Ani garuu asitti beelaanan badduu ba`a. ka`ee gara abbaa koo dhaqetaan, “Yaa abbaa ko, Waaqayyoon, sis yakkeera. Si`achis ilma kee jedhamuun anaaf hin ta`u, hojjetoota kee keessaa akkka isa tokkoo na godhadhu” jedhaan. Ka`ees gara abbaa isaa dhaquudhaaf karaa irra bu`e, amma illees fagoodhaa utuu inni dhufuutti jiruu, abbaan isaa fuulleetti isa argee garaan isaa mooga`ee, itti fiigees ilma isaatti marmee dhungates. Ilmi isaa garuu, `Yaa abbaa ko, ani Waaqayyoon, sis yakkeera, si`achis ilma kee jedhamuun anaaf hin ta`u` jedheen. Abbaan isaa garuu ergamtuu isaatiin , Dafaatii uffata isa keessaa caalu fidaatii itti uffisaa, amartii warqees quba isaatti kaa`aa, kopees miilla isaatti kaa`aa. Tuntumicha isa coomaa sana fidaatii qalaa, in nyaanna in gammannas. Ilmi koo kun du`eedhuma ture deebi`ee jiraate, badee ture in argames` jedhe, hundumtinus itti gammadan” (Luuqaas 15:17-24). Akka seenaan kun nuuf himutti yoo cubbuus hojjennee Waaqayyo irraa fagaanne, yoo yaada garaa geeddarannee dhiifama isa kadhanne akka inni nuuf dhiisu nu barsiisa. Yaaqoob akkas jedha “Yoos dhukubattii akka fayyifamtanitti cubbuu keessan walitti himadhaa, waliifis kadhada kadhannaan nama qa-jeelaa waan baayy`ee hojjechuu in danda`aa” (Yaaqoob 5:16).

Karaa biraatiin immoo namni tokko yoo nu miidhe, ammas deebi`ee yoo nu miidhe hoo? Isa kanaafis Yesuus akkas jedha “Obboleessi kee yoo si yakke, dhaqii lafa isin lamaan kophaa jirtanitti balleessaa isaa itti himi ! Inni yoo si dhaga`e obboleessa kee deebifatteetta. Inni yoo si dhaga`uu dhaabaate garuu, dubbiin hundinuu amansiisa dhuga-baata lamaa yookiis sadiitiin dhaabataa akka ta`utti, nama kan biraa tokko yookiis lama ofii wajjin fudhadhuu dhaqi. Isaanis yoo dhaga`uu dide, waldaatti himi, waldaa iyyuu yoo dhaga`uu dide immoo, si biratti akka nama hin amaniniif, akka qaraxxuu hin amanamneetti haa lakkaa`amu. Ani dhuguman isiniin jedha, waanumti isin lafa irratti hiitan,

waaqa irrattis hidhamaa in ta`a, waanumti isin lafa irratti hiiktan immoo, waaqa irrattis hiikamaa in ta`a” (Maatewos 18:15-18).

Namni tokko gooftaa biratti fudhatama qabaachuu yoo barbaade, nama biraatiin yoo miidhame dhiifama gochuu qaba. waldaan kristiyaanaa waan kana barsiisuu qabdi.

Barumsa 24

Barumsi qulqulluun akkamiin jiraata

Iddoo ati jirtutti waldaa Kristoos akkaataa itti jalqaban isa jedhu barumsa keenya ykn qu`annaa keenya itti fufaa, odeeffannoo si fayyadu hunda siif kennuun kaayyoo keenya ta`uu isaa akka hubattun barbaada.

Qaama odeeffannoo keenyaa keessaa inni tokko akkaataa barumsa qulqulluu ykn wangeela qulqulluu akka barsiifamu goona isa jedhu ta`a, kana beekuun immoo isa barbaachisaa fi murteessaa dha.

Barsiisa qulqulluu yeroo jennu maal jechuu keenya? Maaliifis barbaachisaa ta`e? kan irraatti dubbachaa jirru, barsiisa fayyinaaf ta`u, barsiisuu, lallaba wangeela isa fayyisu lallabuu barumsa jedhuu dha.

Waaqayyo akka inni dubbatu in beekna (Ibroota 1:1-2). Kristoos sagalicha jedhameera (Yohanis 1:1-2), hafuurri qulqulluun ergamoota akka dubbii Waaqayyoo caafaniif geggeesseera (2 Ximotewos 3:16-17, 2 Phexros 1:21) karaa biraatiin Waaqayyo fedhii isaa akka beeknu barbaadeera. Fedhii isaa kanas Waaqayyo Macaafa qululluu keessa nuuf kaa`e, keessumatti iyyuu isa bara kana hojjetu macaafa kakuu haaraa keessa nuuf kaa`ee nuuf kenne.

Erga Waldaan Kristiyaanaa hundeeffamtee kan dubbifannu akkas jedha “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti , tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti jiraatan.” Jedha (Hojii Ergamootaa 2:42). Barsiifni ergamootaa maali? Isa Kristoos irraa fuudhanii dha. Kanaaf bartoonni isaa barsiisa kanatti qabamaniiru. Kanaaf iyyuu barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti kadhata godhachuuttis jiraatan.

Phaawlos waa`ee barsiisa sirrii hin taanee yeroo dubbatu, cubbuun biyya lafaa barsiisa dhugaa wajjin faallaa dha jedha (1 Ximotewos 1:10). Yeroo biraas Barri itti barsiisa sirri jibban in dhufa jedha. (2 Xiimotewos 4:1-3). Waa`ee ulaagaa ilaaltuu waldaa yeroo dubbatus akkas jedha “Ilaaltuun, hojii waldaa tokko, hojii Waaqayyoo in adeemsis erga ta`ee waan ittiin jedhan kan hin qabne ta`uun isa irra jira, ofii isaa malee warra kaan kan hin gammachiifne yookiis nama dafee aaru yookiis machaa`aa yookiis nama lola jaallatu, nama bu`aa karaa dalgaa argachuuf sassatu ta`uun isa irra hin jiru. Nama keessummaa simachuu jaallatu, nama waan gaarii jaallatu, nama of qabu, nama qajeelaa, qullaa`aa, nama adaba qabus, warra isaan mormanitti immoo balleessaa isaanii itti mul`isuu akka dandautti, akka barsiisicha ofii fudhatetti dubbicha isa amanamaa sanatti jabaatee qabamuun isa irra jira” jedha (Tiitoo 1:7-9).

Yaadadhu ulaagaan Ilaaltuu waldaa, Bariisa sirrii eeguu, isas beekuu ta`uu isaa yaadadhu. Barsiisa sirrii jechuun dubbii Waaqayyoo yeroo lallabamu dhaga`uu dha, dhaga`uu irraa amantii tu dhufa. (Roomaa 10:17). Phaawlos Tiitoo 2:7-8 irratti akkas jedha “ Waan hundumaa keessatti hojii gaarii hojjechuudhaaf fakkeenya ta`i. Barsiisa kee keessatti dubbii akka waliin hin makne salphaatti akka hin fudhannes argisiisi. Warri garasii nutti garagalan, waan gadhee ittiin nu irratti dubbatan akka hin arganne, dubbii sirrii sanaanis waan ittiin jedhan akka hin qabaanne godhi” jedha (Tiitoo 2:7-8).

Luqqistoonni dubbifne hxiyyeeffannaadhaan hundi kan agarsiisan “Barsiisa sirrii” “Barsiisa Amanamaa” fi “Jechoota Sirrii” kan jehanii dha. Kun kan kennameef duraan dursa dubbiii gooftaa isa kenname kana akka eegnuu fi akka waliin hin makne yaadachiisuufi. Phaawloos itti aansee akkas jedha “Obboloota ko ! warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasani, amantii irraa kuffisanittii akka of eeggattan isinan gorsa, isaan irraa fagaadhaa. Warri wanta akkasii hojjetan kun garaa isaaniitiif yaadaniiii hojjetu malee,

Kristoos gooftaa keenyaaf hin hojjetan, Isaanis dubbii gurra namaatti tolee gaarii fakkaatuun garaa namoota garraamotaa in gowwoomsu” jedha (Roomaa 16:17-18).

Phaawlos yeroo Ximotewosin jajjabeessu akkas jedha “Ati immoo yaa ilma ko ! Ayyaana isa Kristoos Yesus nuuf kennutti jabaadhu ! Dhuga baatota baayy`ee duratti waan ana irraa dhageesse, namoota amanamoo warra kaan barsiisuufis ta`anitti hadaraa kenni” jedha (2 Ximotewos 2:1-2). Itti fufees akkas jedha “Waaqayyo duratti, Kristos Yesuus isa warra jiranii fi warra du`anitti faraduuf jiru durattis, maqaa isa deebi`ee mul`atee mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa. Dubbicha lallabi, “Kun yeroodha, kun Yeroo miti” utuu hin jedhin qophaa`ii argami. Nama balleessaa isaa hubachiisi, ifadhu. Obsa hundumaan gorsi barsiisi. Barri itti namoonni barsiisa sirrii fudhachuu jibban dhufuuf jira, bara sanas akka hawwa isaaniitiin barsiisota warra gurra isaanitti tolu isaan barsiisan walitti in sassaabatu. Isaan dubbii dhugaa dhaga`uu irraa garagalani, gara mammaaksa amantiitti in goru” jedha (2 Ximotewos 4:1-4). Pheexroosis akkas jedha, “Inni dubbatu, isa Waaqayyo jedhe haa dubbatu, inni waa hojjetus, humna Waaqayyo isaaf kenneen haa hojjetu, Waaqayyo waan hundumaan karaa Yesuus Kristoos ulfina haa argatu. Isaaf ulfinii fi aangoon baraa hamma baraatti haa ta`u ! Ameen” (1 Phexroos 4:11).

Egaa Akeekkachiisa waa`ee dubbii sirrii, dubbii dhugaa kanaa fudhattee iddoo jirtutti waldaa kristiyaanaa jalqabuu yoo ta`e, warra Waaqayyoof abboomanii, amananii , yaada garaa geeddaratanii, Kristoos ilma waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`anii, dhiifamuu cubbuu isaaniitiif immoo cuuphamanii wajjin tokkummaan kee haa ta`u (Maarqoos 16:15-16, Roomaa 10:10, Hojii Ergamootaa 2:38). Atis kana hubadhuu akkasitti barsiisi. Macaafa hojii Ergamootaa yoo dubbifte hundumtuu haala kanaan gara Kristoositti deebianii abboomamanii fayyanii Waldaa Kristoositti dabalaman.(Hojii Ergamootaa 2:47). Yo-haannis 3:3-5, irratti bishaanii fi hafuura irraa dhalachuun lammata

dhalachuu jedhameera. Roomaa 6:3,5 irratti jireenya haaraatiin deddeebi`uudha. 1 Qorontos 12:13, dhagna Kristoositti dabalammu dha.

Waldaan Kristoos Akeeka wangeelli fayyisuuf dhufe, karoora Waaqayyo ittiin namoota fayyisuu barsiifti, waldaan Kristiyaanaas tokkittii isheenis Waldaa Kristoos jedhamuu barsiifti.kan Kristoos hundeesse, kan inni mataa ishee ta`e, kan inni dhiiga isaatiin bitate, kan maqaa isaa uffatte, kan inni guyyaa tokko deebi`ee dhufee fudhachuuf jiru, waldaa Kristoos biyya lafaa hundumaa wajjin wal barsiifti. (Maarqos 16:15-16, 1 Qorontos 3:11, Roomaa 16:16,, Hojii Ergamootaa 20:28, Efeesoon 5:23, Efeesoon 4:4-6), ibsooni kun hundi caaffata qulqullaa`oo irra jiru.

Waldaan Kristoos hundinuu torban irraa guyyaa isa jalqabaa waaqeffatti, dubbii waaqayyoo qu`achuudhaan, faarfachuudhaan, kadhachuudhaan, irbaata qulqulluu fudhachuudhaan, waan argatan irraa hojii gooftaatiif kennuudhaan waaqeffatu.(Hojii Ergamootaa 20:7, Efeesoon 5:19, 2 Xiotewos 2:15, 1 Qorontos 11:23-29, 1 Qorontos 16:1-2).

Waldaan Kristiyaanaa qulqullummaatti akka jiraattu in barsiifti in gorsiti. “Waaqayyo ayyaana isaa isa nama hundumaaf fayyina kennu mul`iseera. Ayyaanni Waaqayyoo kunis, nuyi Waaqayyo malee jiraachuu, kajeellaa biyya lafaa isa hamaas gannee, bara kana keessa of qabuutti, qajeelinatti, namoota Waaqayyoo taanee akka jiraannuuf gorsee, gara gaariitti nu deebisa. Achumaanis abdi keenya isa eebbifamaa fi ulfina isa deebi`ee mul`atu sanaan in eegganna,. Inni mul`achuuf jiru sunis Yesuus Kristos inni Waaqayyo keenya isa guldicha, fayyisaa keenyas. Inni seera irra daddarbuu hundumaa jalaa nu furuudhaaf, saba fo`amaa warra hojii gaariitiif hinaafan ofii isaatiif qulleessuudhaaf, ofii isaa nuuf kenne, Yeroo gorsa kennitu, yeroo ballessaa namatti mul`iftus yaada muramaadhaan kana hubadhu, namni tokko illee si hin tuffatin” (Tiitoo 2:11-15)

Waldaan kristiyaanaa yeroo macaafni qulqulluun dubbatu in dubbatti, yeroo macaafni qulqulluun Calluma jedhu calluma jetti, itti

dabaluun, irraa hirr`isuun, kan biraa iddoo buusuun abaarsa waan ta`eef waldaan Kristoos kana hin gootu. (Galatiyaa 1:6-9, Mullata Yohannis 22:18-19).

Dubbii Waaqayyoo sirriidhaan eeganii tursuudhaaf karaan ba-reedaan miseensi hundi dubbii isaa dubbisuu qu`achuudhaani. (2 Ximootewos 2:15). Karaa kanaan Waaqayyo waan isaan irraa barbaadu beekuu duwwaa utuu hin ta`in, barsiisa sobaa irraasof eeguu danda`u jechuudha. Kanaanis dhugicha in baru, dhugichis birmaduu isaan baasa. (Yohaannis 12:32).

Barumsa 25

Akkaataa Jireenya Kristiyaanummaa jiraatan

Barumsi keenya waliigalaa ijoon isaa iddoo ati jirtutti akkaataa waldaa Kristos itti jalaqabani dha. Kun akkauma jirutti ta`ee, waldaan Kristoos maal akka taatee fi maal akka hin taanes beekuun barbaachisaa dha. Waldaan Kristoos walitti qabama warroota fayyaniiti. Isaanis warra amananii, yaada garaa geeddaratanii, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`anii, dhiifamuu cubbuu isaaniitiif bishaan keessatti aw-waalamuudhaan warra cuuphaman jechuudha. Waldaan kristiyaanaa waldaan Kristoos kun kan hundeeffamte Kristoosiini, inni mataa Waldaati, inni fayyisaa waldaati, waldaan kun maqaa isaa uffatteetti, amantoonni immoo Kristiyaanota jedhamanii waamamu. Kanaaf iyyuu Waldaan Kristiyaanaa mana keessatti waaqeffatan utuu hin ta`in warra mana sana keessatti walitti qabamee waaqeffatuu dha.

Barumsa keenya ammaa kana keessatti immoo akkaataa jireenya kristiyaanummaa itti jiraatan ilaalla. Erga miseensa waldaa Kristoos taanee, iddoo jirrutti waldaa Kristoos yoo jiraate nuyi immoo akkamitti jireenya kristiyaanummaa geggeessina? Jireenya kristiyaanumma hin qabnu yoo ta`e, kristiyaana ta`uun iyyuu hin barbaachisu.

Namni tokko kristiyaana ta`uu dhaaf amantii Kristoos irra qabu dhugaa ba`uu qaba. kanas Kristos ilma Waaqayyooti jedhee afaan

isaatiin dhugaa ba`uu qaba. hojii ergamootaa 8 irratti namtichi Itiyooophiyaa sun cuuphamuu isaatiin dura Kristos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa nan amana jedhe. Roomaa 10:10, irratti Phaawlos dhuga ba`insi kun fayyinaaf akka inni qooda qabu dubbateera. Namni tokko baroota isaa keessatti Kristoosiin dhugaa ba`uu duwwaa utuu hin ta`in, jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti jireenyi isaa Kristoosiin mulli`suu, Kristoosiin dhugaa ba`uu qaba.

Namni tokko wangeelaaf abboomamna fayyeera. Maatii isaatis jechuunis waldaa Kristiyaanaatti dabalameera. innis nama lammata dhalate jedhama (Yohaannis 3:3,5). Phaawlos yeroo dubbatu akkas jedha “Kanaafis namni kan Kristos yoo ta`e, uumama haaraa dha, inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera” jedha (2 Qorontos 5:17).

Haa ta`uutii, kan Kristos ta`uu fi isa keessa ta`uun akkami? Phaawlos akkas jedha “Egaa Kristosii wajjin du`aa erga kaafamtanii, wanta waaqa keessaa, iddoo Kristos gara mirga Waaqayyoo taa`ee jirutti barbaadaa. Yaada garaa keessanii wanta waaqa irra jirutti hidhaa malee, wanta lafa irra jirutti hin hidhinaa. Isin duutaniittu, jireenyi keessan Kristosii wajjin Waaqayyoo keessa dhokateera. Kristos inni jireenya nuuf ta`e yommuu mul`atu isinis immoo isaa wajjin ulfinaan mul`achuuf jirtu. Egaa yaada keessan wanta lafa irra jirutti isa hidhu, halalummaa fi xuraa`ummaa, kajeellaa fi hawwa hamaa, sassata isa waaqayyoolii tolfaman waaqessuutti lakkaa`amus, of keessaa ajjeesaa. Sabaabii wanta kana hundumaatiif dheekkamsi Waaqayyoo warra isaaf hin abboomamne irratti in dhufa. Namoota waan akkasii hojjetan gidduu yommuu jiraattan isinis immoo yeroo sana akkasumatti deddeebi`aa turtan. Amma garuu isin dheekkamsa, aarii, hammina, maqaa walii balleessuus hundumaa of irraa fageessaa. Dubbiin nama yeellaasisu afaan keessan keessaa hin ba`in. soba walitti hin dubbatinaa. Namummaa moofaa hojii isaa wajjin hundumaa wajjin of irraa baaftaniittu. Namummaa haaraas uffattaniittu, inni hubannaa isa akka fakkaattii isaatti isa uume bira ga`uudhaaf yeroo hundumaa haareffamuutti jira.

Egaa si`achi Griikii fi Yihudii, nama dhagna qabatee fi nama dhagna hin qabatin, wallaalaa, isa jireenya isaa hin qajeelfatin, garba, birma-duu jechuun hin jiru, Kristos garuu hundumaaf jira, inni nama hundumaaf waan hundumaati. Isin warra fo`aman, warra Waaqayyoo qulqullaa`aan, warra jaallatamanis erga taatanii, araara garaa keessaa dhufu, gaarummaa, gad of deebisuu, gaarummaa obsas akka uffataatti uffadhaatii keessa jiraadhaa. Waliif dandaa`aa, namni tokko isa kaan yoo komate waliif dhiisaa, gooftaan akkuma isiniif dhiise, isinis immoo waliif dhiisaa. Isaan kana hundumaa irrattis jaalala isa wanta hundumaa raawwatamaa godhee walitti hidhu qabaadhaa. Nagaan Kristos, inni isin dhagna tokko ta`uudhaaf itti waamamtan, garaa keessan keessatti haa mo`u, warra galata galchanis ta`aa. Dubbiin Kristos akka badhaadhummaa isaatti isin keessa haa jiraatu, ogummaa hundumaa wal barsiisaa, wal gorsaas, Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayyoo faarfaadhaa. Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjetan hundinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`u, isumaanis Waaqayyoo abbaadhaaf galata dhi`eessaa.” (Qolosaayis 3:1-17).

Phaawlos yeroo Kristiyaanota bara isaatii hafuuraan guddisu akkas jedha “Isumatus namootaaf kennaa kenne, kennaan isaas kaan ergamoota, kaan waan Waaqayyoo isaanitti mul`ise warra himan, kaan warra wangeela lallaban, kaan eegdota, kaanis barsiisota akka ta`aniif ture. Inni warra Waaqayyoo qulqullaa`an, hojii isa itti ergaman sanaaf qopheessuudhaaf, waldaa isa dhagna Kristos sanas cimsuudhaaf kana godhe. Kunis hamma hundumti keenya tokkummaa amanti, ilma Waaqayyoo beekuu namoota ga`an taanee, guddannees safara guutummaa Kristoos bira hamma geenyutti ta`a. egaa nuyi si`achi ijoollee dha`an asii fi achi rukutu, warra qilleensa barsiisa namoota axaaroatiin, haxxummaa isaanii isa gowwoomsaadhaan raawwatamunis fudhataman hin taanu. Kanaa mannaa jaalalaan dubbii dhugaa dubbachaa, kottaa karaa hundumaan gara isa mataa nuuf ta`ee, gara

Kristositti in guddannaa. Isa jalatti bu`aan dhagnaa hundinuu wal fudhatanii, buusaa adduma addaan argataniin walitti qabsiifamaniiru, yeroo bu`aan dhagnaa addaan tooraan hojjetuttis, dhagnichi in guddata, jaalalaanis of in cimsa. Egaa si`achi akka warra saba Waaqayyoo hin ta`iniitti yaada waa`ee hin baafne duukaa buutani akka hin jiraanne maqaa gooftaatiin cimsee isinan gorsa. Isaan sammuun isaanii duukkaneeffameera, sababii Waaqayyon beekuu hin barbaanneef, sababii mata-jabina isaaniitiifis jireenya isa Waaqayyo kennu keessaa gad baafamaniiru. Isaan of kennaniiru, wanta nama xureessu hundumaa in hojjetu, in ga`as hin jedhan. Isin garuu Kristosin akkasitti hin barre. Silaa waa`ee isaa dhaga`uun keessan, akka dhugaa isa Yesus keess jiruttis maqaa Isaatiin barsiifamuun keessan hin oolle. Yaada namummaa moofaa isa dur itti jiraachaa turtan, isa kajeellaa nama gowwoomsuun manca`e of keessaa baasaa. Hafuura yaada garaa keessanii keessattis haareffamaa. Namummaa haaraa isa qajeelummaa fi qulqullummaa dhugaatti, fakkaattii Waaqayyootiin uumame uffadhaa. Kanaafis namni adduma addaan soba of keessaa baasee, dhugaa namatti haa dubbatu. Nuyi bu`aa dhagna walii ti. Yoo aartan iyyuu aariin keessan gara cubbuutti isin hin geessin. Utuma aariitti jirtaniis aduun isin duraa hin lixin. Seexaanaaf karaa hin kenninaa. Inni hatu deebi`ee hin hatin, warra dhaban gargaaruu akka danda`utti hojii waa`ee baasu harka isaatiin itti dadhabee haa hojjetu malee. Dubbii gargaaru, yeroo barbaachisutti kan cimsu, warra dhaga`uufis ayyaana kan kennu malee, dubbiin hamaan afaan keessan keessaa hin ba`in. hafuura Waaqayyoo isa qulqulluu, isa guyyaa fayyinaatiif ittiin mallatteeffatamtan hin gaddisiisinaa. Hadhaa`uumaan dheekkamsi, aariin, waci, maqaa wal ballessuun, hamminni hundinuu isin irraa haa fagaatu. Walitti kan toltan, garaas kan waliif laaftan ta`aa, akkuma Waaqayyo karaa Kristos cubbuu keessan isiniif dhiise, isinis akkasuma waliif dhiisaa” (Efeesoon 4:11-32).

Kan kanaa olitti dubbifatte kristiyaanni akkamittiin akka jireenya

Waaqayyoo jiraatu, akkamittiin akka Waaqayyoon tajaajillu, akkamittiin akka walii dhiifnu, akkamittiinis akka namoota gargaarru nu barsiisu.

Kristoosiif abboomamuu keenyaan, maqaa Kristosiin qabanneerra uffanneerras (Hojii Ergamootaa 11:26, 1 Pheexroos 4:16). Kana gochuudhaan ulfina kennineerraaf. Kanaafis Kristoos gooftaa keenya, fayyisaa keenya jennee lallabna. Inni nu keessa akka jiru nuyis isa keessa akka jirru himna. Kanaaf iyyuu gooftaa fudhachuu duwwaa utuu hin ta`in guyyaa guyyaa irraa jireenya keenyaan isa dhugaa baana. Baayyinaan xinnoo taanus, baayy`ee taanus, jaarsa taanus, dargaggoota taanus, eenyuun akka taanee fi eenyuun akka bakka buunee jirru yaaduu qabna.

Yeroo tokko haala mijachuu dide ilaallee abdiin kutannee “utuun ta`uu baadhee” yeroon jennu jiraachuu danda`a, garuu gooftaa Yesuus abdiin inni nuuf kenne abdiin “abdiin kuttannaa” miti. Garuu waan gadhee fi cubbuu irraa yaada garaa akka geeddarannu nutti hime malee. Foonii fi lubbuu hafuura keenyaaf gooftaan in hojjeta. Inni yeroo hundumaa akka nu wajjin jiru abdiin kenneera. Yeroo abbaa keenya kadhannaadhaan waammannu inni nu dhaga`aa nu gargaaras, obboleewwanis nu gargaaru, nu jajjabeessu. Kanaaf iyyuu Kristiaanummaan Amantii eebbifamaa dha.

Barumsa 26

Akkaataa Rakkina Danda`an

Barumsa amma ammaatti qu`anne kana kan nu wajjiniin turtan, akkamitti akka fayyuun dandaa`amuu fi akkamitti akka waldaa Kristoosiin iddoo jirtutti jalaqabuun dandaa`amu sirriitti akka hubattan abdiin qaba. meeqqan keessan akka amanamummaadhaan na qunnamtan beekuu baadhus baayyeen keessan kana ilaalchisee na qunnamuu dandeessu jedhee yeroon yaadu, gammachuu fi dinqisiifannaatu natti dhagaa`ama. Kana waan ta`eef qu`annaa barumsa kanaatiin waldaan Kristoos bayy`een biyya lafaa irratti akka jalqabdu abdiin guddaan qaba.

Amma barumsa tokkotu nu hafa. Innis rakkoo jiru akkamitti furra isa jedhuu dha, rakkoo yeroo jennuu gaaffilee jiraniif deebisaa jechuu dha. Tarii gaaffilee dhufuu dandaa`an xiinxalaa deebisaa isaanii yaaluun deebisuun barbaachisaa dha.

Waggoota dheeraa dura Pheexroos akkas jedhee ture “Kristosiif garuu akka gooftaatti garaa keessan keessatti ulfina addaan ba`e ken-naaf. Waa`ee abdiin isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaaduuf, deebii ga`u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa`oo ta`aa” jedha (1 Pheexroos 3:15).

Caaffata qulqullaa`ootti hiikkaa mataa keenyaa kennuu dandeen-yaa? Pheexroos akkas jedha “Caalaadhumaatti immoo raajiin caaffata qulqullaa`aa akka namni tokko yaada ofii isaatiin kennutti hiikamuun akka hin taane beekuun isin irra jira. Raajii dubbachuun takkaa jaalala namaatiin hin taane, garuu namoonni hafuura qulqulluutiin geggeeffamanii, wanta Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru” jedha. (2 Pheexroos 1:20-21).

Macaafni qulqulluun fayyinni amantii duwwaadhaan in ta`a jedhaa? Nuyi kan fayyine Amantii dhaan, ta`us garuu amantii duwwaadhaan miti. Namni tokko dhugaadhaan yoo amane waan gooftaan godhi jedhu in godha, amanee garuu abboomamuu yoo baate fayyina hin argatu. Kristos akkas jedha “Kan amane kan cuuphames in fayya, kan hin amanne garuu itti faradama” jedha (Maarqos 16:16). Kristos Fedhii abbaa isaatii akka raawwannu himeera, (Maatewos 7:21). Yaaqobis akkas jedheera “Warra dubbicha hojii irra oolchu ta`aa malee, warra dhaga`uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta`inaa” jedha (Yaaqob 1:22). Itti aansees “Amantiinis akkasuma, hojii gaariidhaan hin agarsii-famu yoo ta`e, inni ofii isaatii du`aa dha” jedha (Yaaqoob 2:17).

Cuuphaan akkamitti nama fayyisa? Innis akkuma amantii kophaa isaa nama hin fayyisu. Garuu cuuphaan kan dhufu erga amananii, yaada garaa geeddaratanii, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`anii booda, dhiifamuu cubbuutiif cuuphaadhaan fayyina raawwa-

chuudha.(Ibroota 11:6, Luuqaas 13:3, Maatewos 10:32, Roomaa 6:3-4).

Gara mootummaa Waaqayyoo dhaquudhaaf karaa baayy`ee qabnaa? Yesuusi akkas jedhe “Karichi, dhugaan, jireenyis, ana anaan yoo ta`e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu” jedhe (Yohannis 14:6). Iddoo biraattis “Dhuguma dhuguman isinitti hima, namni gola hoolotaatti balbalaan ol galuu dhiisee, karaa biraatiin ixu inni hattuu dha, saamtuudhas” jedhe (Yohaannis 10:1). Erga gooftaan kana hunda dubbatee, karaan biraa jira jettee yaaduu dandeessaa? Utuu karaan biraa jiraatee karichis ana, anaan yoo ta`e malee.. maaliif jedha ree?

Utuu miseensa waldaa kristiyaanaa kamii iyyuu hin ta`in mootummaa Waaqayyootti galuun hin dandaa`amuu? Namoonni tokko tokko miseensa waldaa dhaaba amantaa, kan namoonni hundeesanii ta`anii fayyineerra, mootummaa Waaqayyoottis in galla jedhanii yaadu, dubbatus, garuu fayyina biyya lafaa kana irrattis ta`e jireenya bara baraatti fayyuuf namni tokko waldaa Kristiyaanaa namootatti utuu hin ta`in Waldaa Kristoositti dabalammu qabu. Waldaan Kristoosis in fayyifti miti, garuu warri fayyan miseensa waldaa kanaati, fayyisaan Waldaa Kristoos Kristoos mataa isaati (Efeesoon 5:23). Kanaaf namni tokko fayyuudhaaf miseensa Waldaa Kristoos ta`uu qaba. markabni Nohi tolche namoota hin fayyinfne, garuu Nohii fi maatiin isaa fayyuudhaaf Markaba sana keessatti galuutu irra ture. Dhuma irratti Phaawlos akka Kristos Waldaa Isaa abbaa isaatti kennu dubbateera. “Kristos immoo gooftummaa hundumaa, aboo hundumaa, humna hundumaas, golgoleessee, mootumma Icha deebisee Waaqayyo abbaatti erga kennee booddee dhumni in ta`a” (1 Qorontos 15:24) egaa erga waldaan kristiyaanaa amantoota ta`anii, waldaa kana immoo abbaa isaatti kenna ta`ee, warri waldaa hin taane, waldaa keessas hin jirre akkam ta`u ree? Egaa kun siif gala jedheen yaada.

Seerri Musee amma Kristiyaanota irratti in hojjetaa? Erga hojjetee Kristoos maaliif Seera haaraa irra caalu nuuf kenne ree? Seerri sun amma raawwatutti ture (Maatewos 5:18), barreessaan macaafa

Ibrootaa kakuu isa duraa karaa irraa baasee, isa lammataa kan Kristoos kan dhiiga isaatiin ta`e dhaabe jedha.(Ibroota 10:9-10). Kakuu haaraan seera malee nu hin hambifne, ajjeesuu, hatuu, yakka godhuu kakuun haaraas in balaaleffata kanaaf seera malee nu hin hambifne.

Meeshaa muuziqaa mekaanikaaliitiin Waaqeffachuun maal rakkoo qaba? meeshaa muuziqaa mekaanikaaliitiin, manatti, lafa bashannanaatti ittiin taphachuun rakkoo hin qabu ta`a. garuu lafa Waaqeffannaatti fiduun inni waan biraati. Gooftaan sagalee keenya duwwaadhaan akkka galateeffannu nutti himeera (Efeesoon 5:19, Qo-losaayis 3:16). Meeshaa muuziqaa mekaanikaalii dubbateera utuu ta`e inni gaarii ture, garuu achi irratti hin ibsine. Kanaaf iyyuu adeemsi keenya gooftaa gammachiisuu moo, ofii keenyaa gammaduufi isa jedhu adda baafnee beekuu qabna. Wanti nama dinqisiisu, ilmi namaa jireenya isaa keessatti waan isa barbaachisu guuttachuu ykn mirkaneeffachuudhaaf deemsa karaa dheera deemuu isaati, kanaaf akka nuuf ta`utti dubbii Waaqayyoo hiikkachuuf tattaafachuun rakkoo uuma. Kristiyaanonni irbaata qulqulluu yoom yoom fudhatu? Torban irraa guyyaa isa jalqabaa ta`uu isaa caaffata qulqulluu irraa ragaa qabna (Hojii Ergamootaa 20:7) kanaaf iyyuu sanbata guddaa yeroo hundumaa yeroo Waaqeffannaadhaaf walitti qabaman irbaata qulqulluus fudhachuudhaan waaqeffatu.

Waldaan Kristiyaanaa ilaaltuu ykn jaarsolii waldaa fi Diyaaqonoota malee hojjechuu dandeessii? Eeyyee in dandeessi, amma miseensonni ilaaltuu waldaa ta`uuf ga`aa ta`anitti amma isaan bilchaatanitti warruma miseensa jiru keessaa nama wayyaa dhaan geggeffamti, (1 Ximotewos 3, Tiitool). Utuu Jaars a waldaa qabaatanii gaarii dha, garuu utuu muudama sanaaf hin ga`in muuduun faayidaa isaa irra miidhaa isaatu caala. Kanaaf amma namni sanaaf ga`a ta`u argamutti miseensotuma waldaatiin waldaan hojjechuu qabdi. Jaarsolii ykn ilaaltuu utuu jedhanii hin muudin.

Namni tokko akkamitti waldaa Kristos jalqabuu danda`a? Nam-

ni tokko ofii isaatii isa duraa ta`uu qaba, ati erga fayyitee, isa baratte sana barsiisuu, qabda, warri baratanis yoo abboomaman cuuphamuudhaan waldaatti dabalamu atis isaanii wajjin waldaa Kristoos ta`uudhaan, waaqeffannaa jalqabuudha. Ati Waldaa isanaaf isa duraa taateetta jechuudha. Utuu ati jirtuu namni biraan dhufee haa jalqabu jettee eegda yoo ta`e yoom illee hin jalqabamu. Garuu yoo gooftaa in jaallatta ta`e, waldaa Kristoosiin achitti arguu barbaadda yoo ta`e ka`iitii tattaaffii godhi, wanti si dhibu hin jiru, gooftaanis si wajjin jira si gargaara. Gaaffilee baayy`ee kaasuun in dandaa`ama garuu wanti ani si gorsu Barsiisa sobaa irraa of eeggadhu, waldaas eegi, gaaffii jiru hundumaaf deebisaan macaafa qulqulluu keessa jira waan ta`eef, macaafa qulqulluu qu`adhu, barsiisi, dubbisi akka dubbisanis, akka qu`atanis jajjabeessi.

Atis ta`ee miseensonni waldaa hundi caaffata qulqulluu akka barachuuf keessa hubachuuf tattaafattanan yaada isinii kennuu jaalladha. Yoo Waaqayyoon beektee fedhii isaas hubattee jette salphaatti nama gowwoonfamu hin taatu. Kanaaf immoo walqunnamtiin ati macaafa qulqulluu wajjin qabdu murteessaadha.

Waldaa Kristos jalaqabuudhaaf tattaaffii akka gootuuf siifan kadhadha. Abdii hin kutatin, hin dhiisin, garuu isaa wajjin turi, isa irrattis hojjechuu kee itti fufi. Gooftaadhaaf amanamaa ta`I, innis isa ati yaaduu olitti si eebbisaati.